

Ergaa sadaffaa
Sanyii namaa ardii tana irra jirtu hundaaf

Kan barreeffame Bitootessa 19 bara 2001 bara fayyinaa
Ergaan kun murtii raawwii xumuraa yoo ta'u murtii ergaa tokkoffaa fi
lammaffaa gara raawwiitti jijjiiru dha.

Yaadannoo:

- Ergaa kana ofeeggannoo dhaan dubbisaa.
- Yoo kennitan fuulota hundaa kennaa. Hin hir'isinaa, hin dabalinaa, hin fooyyessinaa. Kan kan godhan adabbii malew hin dabraman waan ta'eef!
- Ani tolaan akkan siniif kenne isinis tolaan kennaa fedhanii jaalatanii yoo sinii kennan kennaa. Eebba isaa nuu wayya yoo jettan hin fudhatinaa.
- Faaksii godhaa, imeeylii godhaa, weebsaayitoota keessaniinis gadhiisaa, poostaadhaanis ergaa.
- Gaazexaa dhaan maxxansaa tamsaasaa reediyoo, televiziyiniin gadhiisaa
- Warra akka ajajaa fi gorsaa hin goone ajaja kana keessatti waan mudatuun dubbisaa.
- Tola raawwachuuf namuu hin dhoorkamu.
- Gochi tolaas kan eegalu xinnumaani wan ta'eef!

Dubbisa hubannaa gaarii siniif yaa ta'u!

Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Hafuura Qulqulluu Sadeen Waaqa tokkicha Ameen!

1.A Seensa

Gooftaan uumama hundaa maqaan isaa haa ulfaatu haa galatoomu, Waaqni hunda danda'aan urjiilee kan warreen ija keenyaan kan arginu, ardii fi biiftuu irraa ulfaatina ballinaa fi fageenya tiriiliyoona hedduutiin caalan kan uume, samii irra akka cirracha hin lakkaawamnee kan bittineesse, Gooftaa biiftuu digirii seelshiyessii hoo'aa miliyoona hedduutiin bobaatu iddoo tokkotti dhaabee ardiifi ishee keessas ilma namaa isa hunda caalchisee uumeef fi uumamoota birootiifis akka tajaajiltu kan godheef, isaan fiigicha ifa caalaa daran ariitii qabuun balali'an fi taumaanis dhokatan urjiilee biiftuu irraa dhachaa biliyoona hedduun caalan jireenyatti fide; Abbaan Ilmi Hafuurri Qulqulluun Waaqayyo Sadeen Tokkichi haa ulfaatu haa galatoomuuti, Gooftaa kana hamma kamiin afaan kamiin gamnummaa uumamaa kamiinis ibsituun? Fakkeenya fakkeessituun? Gooftaan keenya waan hundaan guutuu fi ilaalcha fi tilmaama yaada keenyaa irraa daran kan fagaatedha. Homaadhaan hin fakkeessinuun yoo jaalannuun, yoo ajajamnuun yoo waaqeffannuun yoo san arjooma isaatiin, eebba isaatiin, abbummaa isaatiin, naatoo isaatiin, jaalala isaatiin firdii qajeelaa isaatiin isa beekna. Yoo tuffannuun, yoo gannuun, bakka isaatti waaqa biraa yoo dhaabbannu ulee dallansa isaa kan nurra kaa'u fakkeenya homaa kan hin qabne Waaqa kan maaliin ibsituun?

Nama mannaa bineeyyiin ilaalcha bineensummaa kennameefiin sirna jiruuf jireenyaa osoo addaan hin kutin namaaf tajaajilanii darbu. Umrii isaanii isa gabaabatiinis ta'ee dheeraatiin Waaqa Uumaa isaanii galateeffatu nu hoo? Sanyiin Addaam kabajamaan hoo? Akka uumaa hunda caalummaa isaatii? Akka hubannu sammuu kan nuu kenne Waaqayyoon Galatni haa gahuuf.

Nama kabaja isaatiif ittiin galateffamuuf daran hunda kan caalchisee uume Waaqayyo Abbaan, Waaqayyo Ilmi, Waaqayyo Hafuurri Qulqulluun Sadeen Tokkichi Gooftaan hoomaa; baraa hamma baraa haa ulfaatu haa galatoomu. Tokkummaa isaatiin sadummaa isaatiin kan ulfaate Gooftaan kan galatoomu haa ta'u ilaalchaa fi yaada uumama kamiinuu kabajni isaa, guddinni isaa, gad fageenyi isaa, maddi ifummaa isaa kan hin yaadamne Gooftaan, kan waan hunda jiraataa taasisu, hunda kan dabarsu, namuu kan itti hin dhiyaanne ifa irra, maddaa fi labooba abiddaa namuu ilaaluuni hin dandeenye irra teessoo isaa kan diriirse, uumamtoonni guddatanis kan xinnaatanis kan mullatanis kan hin mullanne dhoksaanis hunduu Qulqulluu! Qulqulluu! Qulqulluu! Jecha halkanii guyyaa galata isaaniitiin kan lalisaniin akka fixeensa Eermoonni'eemii; osoo hin addaan kutin galatni yeroo hunda kan lola'uuf Gooftaan haa ulfaatu haa galatoomu Ameen.

Faaruu Daawit 97(98);

Faaruu Daawit 148

Anis Garbichi Waaqa Sadeen Tokkichaa! Afaan koo daran xuroomteen, nafa too daran xinnoo taateen nan galateeffadhaan. Jecha isaa, firdii isaa, gorsa isaa, lola isaa, eebba isaa, dhiifama isaa sanyii ilma namaa hundaaf ana hunda irraa gadi aanuun himuuf fedha isaa kan ta'e Waaqayyo Gooftaan maccaa haa ulfaatu haa galatoomu Ameen!

Faar. 18(19): 17 -24

Ergaan har'aa ajajni haaraa ergaan haaraa kan itti maddu osoo hin ta'in ergaalee dursanii ibsaman 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} tiin akka ibsame, Waaqa hunda caalaan akka murteeffamee

fi akka ajajame anis osoo hin dabalamin osoo hin hir'ifamin akkan siniif ibse ergaaleen lamaan kun kan qeeqan(lolan), firdii isaa kan ibsan dha. Firdiin Waaqayyo Gooftaa hoomaa jireenya keenya isa dhufu irratti maal akka fakkaatu gocha keenya isa kam irratti akka hundaa'e walitti qabee kan ibsuu fi firdii isaas kan dhageechisu Qalbii jijjiirrannaa (Nissahaa) dhaafis carraa kan kennu dha. Haala adabbiis kan ibsuu fi wixinee isaas ifaan agarsiisaa kan jiru itti fufummaa isaas kan agarsiisu dha. Maarree ergaan kun maaf barreeffame? Gaafiin jedhu jiraachuu ni danda'a. Dhuguma gaafatamuus qaba. Ergaa tokkoffaa fi lammaffaa irratti firdiin qajeelaan fi murtoon Gooftaa safare raawwii isaa gad fageenya isaas akkasumas bu'aa dhufus kan ibsu ta'uu isaatiin ergaan kun ammoo kan bittinnaa'e sassaabuuf, firii gaarii sassaabames walqixxeesanii walitti qabuufi. Ergaa kanaan raawwii ergaalee lamaanuu gad fageenyaan ibsuu fi ummatoota addunyaa guutuu jiraniif, akkuma gurmaa'ina isaaniitiin raawwii isaa gad-fageenyaan akka beekaniif adabbii isaatiinis ta'ee dhiifama isaatiin kan daawwataman hundi qajeelfamaa fi cuunfaa waanta isaan gochuu qabanii teessisuuf kan yaadamedha. Gooftaa kootiinis kana akkan godhu kan ajajame waan ta'eefis dha.

Ergaa kanaan mootummoota, dhaabbilee, dhaabotaa amantii, gareewwwan, namoota dhuunfaa, waldaalee, kutaalee ardii, biyyoota hundaaf ergaalee lameeniinuu yoo madaalaman Gooftaa hunda caalaa duratti maal akka deebisan akka beekan kan godhu ibsaafi qajeelfama ballinaanii ergaalee lameenuu kennuun addunyaan garam imaluu akka qabu Gooftaa hunda caalaa dhaan kan ajajame beeksisuuf sanyii namaa hundaaf ammaan achi eessaa hooggansa isa Hafuurawaas ta'ee isa foonii akka argatu kan mirkaneessu ta'a. hunduu haa qalbeeffatu sirni addunyaa isa duraa hunduu ni shaarama.

Barri balleessaa walii wal gorsuu dabreera. Amma ija keessaniin akka argitan gurra keessaniin akka dhageessan addunyaan jalqabbii ciniinsuu keessa jirti. Kanaafuu tajaajiltootaa fi gabroota Waaqayyoo irraa hooggansa hafuurawaas ta'ee foonawaa akka ajajaa fi fedha Waaqa Hunda caalaatti kennuun dirqama. Itti gaafatamummaa dirqamas kootiis ta'ee kan obboleeyyan kootii ti. Cinqiin cimaa yoo dhufu hoolotii tasgabbeessuu, jabeessuu, gara iddoo isa gaarii oofuu qabna waan ta'eef!

Hoomaa kanaaf iddoo bobbaatii, dahannoo, agarsiisuu garasis qajeelchuun dirqama tikseelee ti. Re'eeleen, jeedaloonna hoolotii waliin makamuun irra hin jirre murtiidhaan akkamitti akka eegaman bakka itti ta'anis beekuun isaanii dirqii ta'a. Gorsa tuffatanii ajaja isaa diiganii fincilaan guddatanii, hammeenyaan dulloomanii warra gaariif gufuu fi badiinsa ta'anii yeroo hunda akka itti hin fufne abbaan alangaa Waaqani hunda caalaa haala jecha isaatiin akka itti faradu beekuu qabu. Tikseewwanhoolotii kan itti gaafatamummaa kana baatan hoomaa isaaniirraa jeedala fageessuu fi murtoo qajeelaa Gooftaatiin iddoo isaanii qabsiisuu irra jira. Amala tokkoon sadi'ummaan isaa guutuu kan ta'e Waaqni hunda caalaan itti gaafatamummaa tiksummaa inni nuuf kenne bahachuuf maqaa isaatiin kan waamamne kan amanamne hundaaf dirqama kan qabnu dha isn warri fedha isaatiin bitamtan hunduu.

Jechi Waaqayyoo bara hunda ni labsa addunyaas bara baraan ni cimsa. Dhalootonni isaa bara baraan jiran hundas jecha isaan ni farada, dhiifama ni godha, ni adaba, ni gorsa, karaa gara dhugaa itti deemamuu ni agarsiisa. Jaalalli namaaf qabu safara hin qabu obsi isaa bara kana hundaa jaalala inne sanyii namaa hundaaf qabu agarsiisa. Namni balleessaa isarraa deebisuuf gara dhaalummaa mootummaa isaatti nissahaa(qalbii jijjiirranaan) akka deebi'an gochuuf ganshoo cubbuu sanyiin namaa hunduu beeku kan namuu kafaluu hin dandeenye kafaluun jaalala isaatiin gara mootummaa isaa akka godaannu taasiseera.

Obsa bara 5500f ture, eeginsaa dhiifamaa fi jaalalaa bara 2000 ture, akkasumas gorsaafi lola abbummaa eenyutu godha? Sila Gooftaa kana maaliin deebisuunii dandeenya laata? Nabiyyota, Ergamoota, tikseewwan, manakusoota, Phaaphaasii irraa

hanga Diyaaqoniitti bara baraan tajaajilaaf amanamanii bahuun sanyii namaaf hunda daandii fayyinaa yoo mul'isan gara mootummaa jaalala isaa ummata yoo waaman yoo gorsan, yoo barsiisan, eenyutu hubate? Nuti namoonni kan ija babaasnedha. Hojii badiinsaa Diyaabiloosiifis iti barnootaaa if ittisa taaneerra. Tikseewwan Gooftaa dhugaadhaaf dhufan maal gooneen maalis kafalleen. Eeyye hunduu kan beekudha. Ni hiineen, ariineen, ajjeefneen kuni hojii keenya dukkanaa kan argamu, qabatamu, yaadatamu dha.

yaa namaa dhagahi uumama ardii irrati harca'ee jiru hunda irra kan caaltu hubachuun, yaadee buluun, ooluun kan jiraattu, sammuun badaafi gaarii adda baasu, bu'aa fi miidhaa beeku kan siif kenname, uumamni ardii lubbuu qabu hundi siif jalatti akka bitamu Gooftaan hunda caalaan kan siif godhe, fakkiin si uumee, kabajaan olaanchisee, dhiiga isaan fayyisee, ayyaana jaalalaa eenyuufuu hin goone kan si uwwise, yaa ilma namaa dhagani; oftuummaadhaan guutamtee maaliif badda? Akkanumaan maaliif haramta? Maalifis balleessaa kee Diyaabiloositti boonta? Maalifis gara dukkanaa gasaaggasta? Isaan meeqatu si gorsuuf gara dhugaa si deebisuuf ka'an? Atooo maal kafalteef? Akkamittis gageessiteen? Tajaajilaa Waaqaan amaname kamiif gaarii deebifte? Ragaa tokkoyyuu hin qabdu. Hundayyuu ariiteerta, hunda ajjeefteerta, hundaa balleessiteerta.

Aangoo, kabaja, qabeenyaa fi maallaqa baduuf jettee harka balleessaa kee dheeressiteerta. Sila warri addunyaa irratti mootoman, qarooman, abbaa qabeenyummaan, hooggantummaan, abbaa duulummaan maqaan isaanii olka'ee sa'aatii fi yeroo sanitti waggoota muraasa kennameeniin taayitaa, qabeenya, humna bara baraa kan cimsatan itti fakkaachaa sanyiin namaa hundi garbichaa fi tajaajilaa isaanii akka ta'e lakkaawuun oftuummaaniin fi tuffiidhaan kan imalan boodas osoo hin bekin kan itti dukkanaa'ee isaan meeqa.

Seera keessa deebii boqonnaa 32 guutuu

Warri har'aa kan kaleessaa irraa hin baranne hamoota dursanii caalanii beekumsa, waraana, qabeenya, baay'ina maallaqa isaanii fi waraana isaanitiin amanamanii nama bituuf kan isaan hin goonee maaltu jira. Balleesoonni baranaa Diyaabiloosiin qajeelfamuun haala fedhaa fi ajaja isaatiin oofamuun kan isaan qixxaatu kan hin jirre ta'aniiru. Gamnoomaanis Waaqayyoo kan gowwoomsan godhanii yaadu waan ta'eef. Har'a hoogganaan, abbaan qabeenyaa, daldalaan, abbaan indastirii, ajajaan waraanaa, hoogganaan nageenyaa biyya kamuu jiru guyyaa akka namaa uffatee kan socho'u iddoo kabaja miliyoonotaa qabatee kan ajaju yoo ta'u halkan ammoo gara hirriiba isaa deemuufi Waaqayyoo isaa galateeffachuu mannaa gara qaalluu, warra ayyaanaa, urjii lakkaawaa, dibbee dhooftuu, caatii qama'aa, sheekii, dabtaraa, harkisaa seexanoota badii qilleensaa, ardii, bishaanii habuuruun isaan bira deemaa oola. Bula. Gad jedhaa sagadaa kadhachaa galgaleessa. Kan ajajaniinis osoo hin shakkin raawwata.

Raawwwachiisa. Maddoota odeeffannoo isaa, utuboota qaroomina isaa, godhee waan lakkaawuuniif; hojii hamaa godhi jedhaniin kamuu ni hojjeta.

Hojjettoonni dukkanaa kunniin yoo isaanii bitaman yeroo gabaabaaf kan daandii Waaqayyoo namni akka hin hordofne gochuun gara badiinsa isaatti yoo oofamu; Gaabbiiidhaan qalbii jijjiirranneef osoo hin gahin, Waaqayyoo waliin osoo hin araaramin dhaabata isaatiin gara salphinaatti du'us gara Gahaannamiitti kan galchaniinidha. Isaan firdiif akka eegaman namni hunduu hirmaataa adabbii isaanii dhaalaa dukkanaa bara baraa akka ta'u taasisuun. Yaa ajajaa abbaa irree baranaa har'a natti tole jettu dhagahi! Har'a hooggantoonni hedduun hundumaayyuu jechuun ni danda'amaa bitamtoota Diyaabilosii ti. Abbootiin qabeenyaa, abbootiin amantaa waa'ee dhugaa beekanii, hawwitootni qabeenya, taayitaa fi kabajaa isa salphaa irraa hanga iddoo olaanaarra jiruu fi kan qabatan irrattis baay'isanii dabalachuuf ifaajanii hundi bitamtoota bulchaadhuma dukkanaa kanaati.

Waaqayyoodhaan akka himametti jecha isaa irratti hundaa'ee hafuura Waaqayyo olaanaatiin ana garbicha isaa isa kufaadhaan kan bahe ergaalee tokkoffaa fi lammaffaa irratti akka ibsametti namuu kan qalbeeffate kan hubateen hin jiru. Isin namoonni badiinsaa bara keenyaa dhaggeeffachuu, deebi'uu, gaabbuu sirumaa sinitti hin goone. Sirumaayyuu yeroon yoo arjoomamuuf gara badiinsa hamaatti cehaniiru. Ergaan duraa sadaasa 7/1998 barreeffamee firdii isaanii akka beekan kennameef ergaa lammaffaatiin akkanumatti caamsaa 27/2000 murtichaa fi ergaa duraa cimsuun akeekkachiifni murtoo xumuraa kenname. Badiinsa gahuu danda'us agarsiise namuu hin dhageenye keessattuu hooggantoonni kan biyya biyyaa Ameerikaa Baabiloon faa, Awuroppaa, Eeshiyaa, Laatin Ameerikaa, Baha Giddugaleessaa hunduu ni dhagahan ni tuffatan ni qoosan. Ayii quufa namaa hojii isaatiin addunyaan yoo oftuuu.

Hooggantoonni amantii Vaatikaaniin, naannoo bahaa kan jiran waaqeffattoonni chaayinaa, Hindii, pirootestaantonni, musliimonni amantiilen biroos hunduu al kallattiidhaanis ta'ee kallattiidhaan dhagahan hin dhaggeeffanne akka galuuf afaan waliigaltee addunyaa kan ta'e Ingiliffaan ergaan lammaffaa dhiyaateef. Ergichaan akka ibfametti rakkoon ikoonoomii, rakkoon maallaqaa, riseeshiniin hamaan, hanqinna baajataa, walitti bu'iinsi, waraanni, kirkirri lafaa, danbaliin, abiddi unduu tarkaanfiin inni hamaan qophaa'uu sinitti agarsiisaa jiraatanis hin dhageenye maarree kunniin yoom dhagahu? Finciltoonni eenyu sodaatanii lola waaqayyoo to'achuuf karoora pilaanii baasu. Walgahii walgahii irraan gurmeessu garuu hoomtuu wanti fayyadeen hin jiru. Mallattooleen tarkaanfiileen uumamaa jiran mallattooleen kan hin hafnee fi kan mirkanaa'an ta'uu Waaqayyo olaanaa irraa bahuu isaanii kan mirkaneessu yoo tahu finciltoonni hundi akka haraman ifa ta'eera. Anis homaa jireenye tuffatamaa jiraadhus qeeqamus Waaqa olaanaa dhaan ajajamee hojii tajaajiltummaa koo bahachuuf kanan hojjedhu; akka warra kaanii addunyaa irraa kanan fedhu hin jiru. Waa'ee maqaa kootiyyuu ibsuu hin barbaanne. Sababni isaas ani ergaa dabarsaa ajajamaa malee kan biraa homaa akkan hin barbaanne namni hunduu akka hubatuu fi gara ergaa Gooftaa isaatti akka xiyyeeffatu waanan barbaadeefis dha.

Kitaaba seenaa isa duraa 16 : 21 - 23

Waaqa Uumaa kiyyarraas kanan baradhe oftuumummaa fageessanii gad of qabuun waan gaarii waan ta'eef malee kennaa yaadamuuyyuu hin danda'amne Gooftaan ana garbicha isaa isa xiqqichaaf kenneera. Boonsi dukkana irraa waan ta'eef oftuumummaan hin dubbadhu ibsuun dirqama yoo natti hin ta'in. Yaa sanyii namaa dhagahi hooggantoonni kee bulchitoonni kee waaqonni fakkii kan ati sadarkaa olaanaarra gootee yaadduun kan kirkirtuuf kabjamoo ebaluun, beekaan, ogeessi, hayyoonni, ogeessi waraanaa, ikoonomiistiin abbaan qabeenyaa, biliyeenarichi, industiriyaalistichi, ogeeyyonni fayyaa, mahaandisichi, beekaan haala qilleensaa, ajajaan waraanaa, qorataan, saayintistiin siyaasaa, sila maal lakkaawama kan hayyuu, kan qaalluu kan ekispartii waraanaa kkf kunneen hunduu maal buusan? Maalis jijjiiran? Bittootni biyya maratti ummata isaanii bituun, dhiphisiisuun, gara badiinsaa oofuu irra kan jiran gandaa hanga biyyaa, kutaa ardii kan walitti qabaman ajaja Waaqayyoof gurra yoo kennan yoom mul'ate? Balleessaan isaanii lafa haguugee samii waliin gaheera. Qubee baraa kan lakkaahan martuu beektota ta'an. Hatanii, saamanii, ajjeesanii, sobanii, gowwoomsanii, guyyaa kamuu bobba'anii qarshii sassaabani ummata cinqanii jiraachun abjuu isaanii fi gammachuu isaanii eega ta'ee baroonni dabre lakkaawamanis. Gorsaan, barsiisaan, lolaan adabbii salphaan dabruun osoo danda'amee ture Gooftaan waggaa 7500 guutuu osoo hin nuffin obsaan dabreera. Kan dhaggeeffatutu dhabame malee!

Ergamtoota Waaqayyoo lameen yeroo kennaniin, gorsaniin, bal'ina badiinsaas beeksisaniin murtoo fi xumura ibsaniin eenyutu fayyadame. Gama harama fi balaa hamaa dhufuuf jiru nama hundaaf ibsuutiin biyya kootti barsiistonni manakusotaa

hedduun ajaja Gooftaa irraa kennameef fudhachuun waliin gahuuf ifaajaniiru hanga kafaltii lubbuus kafalaniiru. Garuu eenyutu hubate? Namuu in qoose malee Ergaa xumuraa ana gabricha isaatiin dabarfame eenyu rifachiise? Keessattuu hooggantoonni biyya biyyaa oftuummaadhaan maaltu natti jiraadhaan bokokan yoom rifatan?

Ergaaleen sadaasa 7/1998 fi caamsaa 27/2000 ibsaman ummataanis hooggantootaanis kan aadaa, amantii, sirna bulchiinsaa garagaraa keessa jiru hundi akkamitti ilaalan akkamittis keessummessan kan jedhu haa ilaallu namoonni gosa afur uumamaniiru. Kanneen afran keessaa kan bahu hin turre hin jiraatus kana ibsa ballinaa keessatti kan argitaniin ta'a.

Raajicha Eermiyaas boqonnaa 7: 27-28

Ilma Addaam maarree kaa gara danbalii adabbii cimaa namuu keessaa si baasu hin jirreetti deemaa jirta. Ariifadhu miliqi, jedhamte sitti himame, gorfamte , oftuummaan kee kan baay'atedha waan ta'eef deebiftee tuffii qeeqa ergichatti fayyadamuu mannaa waa'ee eenyummaa dabarsaa ergichaa beekuuf dadhabde. Ayii ilma namaa sababni kee sababa dhalaa, sababni kee sababa uumaa guyyootaa fi ji'oota itti fayyadamuu sirra jiru akkanumaan dabarsite.

Namoonni muraasni garuu itti fayyadaman gara Waaqayyoo isaanii deemanii isa jala dhokatan dallaa isaanii jabeeffatan ati hoo?Maal irra qubatte? Nana gadda yeroon kee dhumate ! Balballi baname cufame ! Har'a kan addunyaa irratti mul'atu gosti kufaatii diinagdee, baayyinni balaa uumamaawalitti bu'iinsi ummataa imalli gara qilee mootummoota gurguddootaa xumura bara 2000 dhuma ji'a hagayyaa tti kufaatii diinagdee Waaqa fakkii keessan isa ijoo Ameerikaa(Baqbiloona)dhaan kan eegale yoo ta'u babal'achuun baqinna diinagdee, rakkoo maallaqaa, rakkoo hawaasummaa ta'aa jira. Ammaan achi malli gara dukkanaa inni waliigalanii hin furre wanti karooramtee fi abjoomamee raawwatamu itti hin mul'anne jalqabee jira. Hundaa ni waliin gaha itti fufa ciminaanis ni hammaata.

Ergaa lakkoofsa 2 irratti(kan Ingilifaatiin) akka ibsametti yeroon hafuura(hargansuu) hin kennamu. Rakkoo ikoonoomii, rakkoo maallaqaa, rakkoo indastirii, hoji dhabeeyyiin walumaagalatti rakkoon gama hundaanuu jiru haala hamaadhaan ni dabala. Falas dhabdani Waaqa olaanaa duratti hanga kuftanii fi hanga jilbiiffattanitti. Jechi saa bahe hin deebi'u akka jecha isaa godha malee baayyina maallaqaa, warqee, taankii, jeettii, niwkileerii, indastirii mootummoonni gudguddoon sassaabaniinin, miidhagina gamoo, guddina fi fageenya jeettii fi baaburaa doonii boba'aa(zayitii) guyya guyyaan bahuun sanyii midhaanii xaa'oodhaan jeneetiik injineeriingiidhaan uumanii ittiin boonan hiyyeessa kennaadhaan sossobanii ittiin bitan karoorri isaanii bittaa dukkanaa isaanii adeemsi seera badiinsaa sagaagalummaa fi ajjeechaa isaanii ittiin fe'an kun kan itti fufu itti fakkaatee itti amananiis ture.

Raajii Isaayyaas boqonnaa 24 guutuu

Diyaabiloosiinis siruma amanamanii ture. Har'a gara qileetti imala eegalanii harka bitaa isaanii kanaa hin baane hin bahanis firdiin isaanii baheera. Raawwii.isaa eegaleera. Jalqabbiin ciniinsuu har'a mullatu Ergamtoonni qulqulloonna waraana kanaaf balleessuudhaaf ajajaman tarkaanfii leenjii isa tarkaanfii isa dhumaatiif mullisaa ta'e ta'e agarsiisaa jiru. Yoom jalqaban raawwii ergamaa dhufu arguuf jirta. Maallaqni hundee cubbuuti. Maallqani ammoo meehsaa itti fayyadama Diyaabiloosii ti ergaa lammaffaa irratti akka ibsametti. Maarree kunoo bara keenyatti abbootiin qabeenyaa hooggantoonni biyoonni badhaadhofnee jirra jedhan wanti ijoon itti amanaman qarshii fi

warqee isaanii kan lakkoofsaan ibsuuf nama dhibu kana. Jalqabbiin tarkaanfii ulee isaatiinmaallaqa isaan hidda dhiigaa keenya jedhaniin eegaleera harka isaaniitii akka gagaatti ni baqa baqaas jira. Waa'ee bu'aa qofa malee waa'ee kasaaruu dhagahanii kan.hin beekne baankonni iinshuraansinni gurguddoonAmeerikaa, Awuoppaa, Eeshiyaa, Laatin Ameerikaa, Afrikaa jiran rukutamaa jiru. Rakkoon diinagdee addunyaa maal fakkaata kanaanis hanga miidhamaa isaa akkami? Walumatti rakkoo maallaqaatiin akka dhageenyutti baankonni ji'oota muraasa keessatti doolaara Tiriiliyoona sadi'ii ol Awuoppaa fi Ameerikaa keesaa kan jiran qofti dhabaniiru. Lakkoofsi koo kun kisaaraa iinshuraansotaa osoo hin dabalatini. Baankonni moorgeejii baakota idilee waliin haala walitti dhiyaatuun kasaaraniiru. Araboonni tiriiliyoona lamaaf walakkaa dhabaniiru. Adeemsi kun ganaa hin dhaabamne hin dhaabamu. Rakkoon ikoonoomii hammaa fi ballinaa isaa babal'ifachuun mootummoonni addunyaa nuti cimoo dha jedhan hundi hanga cabamitti itti fufa.

Raajii Isaayyaas 45: 9 -- 10

Har'a balaa kana balleessuuf karoora maaltu karoorame maaltugodhamesi yoo jenne kuusaa maallaqa feederaalaa kaaznaa mootummaa jiru isa ummata irraa sassaabame irraa hirrisuun qoqqooduuti jiru.

Ameerikaa(Baabiloon) bara BuushBiliyoona 700,

>>>> bara Obaamaa >> 879,

Ingiliiz(Baabiloon xinnoon) Bil. 90

Siingaapoor Bil. 13.3

Jarman Bil. 470

Chaayinaa Bil. 570

Faransaay Bil. 18

Kooriyaa Kibbaa Bil. 30

Awustiraaliyaa Bil. 14

Kaanaada hammi isaa kan hin beekamne

Ispeen hammi isaa kan hin beekamne

Kanneen biroos akkanuma Biliyoona 2 hanga 10

Baankii giddugalaa isaaniitii baasuun qoqqoodaniiru(**bail out** godhaniiru). Haala kanaan, karooraan hawwiidhaan kan dhaabatan itti fakkaatee ifaaju. Warra homaa gatii hin qabne ergaa 1 fi 2 irratti ibsame abjuun isaanii karoorri isaanii wanti jijjiiru hin jiru.

Baankonni moorgeejii gabaaleen itti waliin shaqaxamuu kisaaraa guddaadhaan rukutamaa kan jiran yoo ta'u kaaznaa mootummaatii waamichii nu dhaqqabaa fi gargaarsigodhamaafii jira. Ta'ees garuu akka okkotee bakka kudhan uramee afaan isaatiin bishaan yoo itti naqan jalaan dhangalaasuu deebi'anii deddeebi'anii dhangalaasuu fi kufuu irra jiru. Industiriileen shaqaxaa fi elektirooniksii gurguddoon isaanii kasaaruudhaan hojjettoota isaanii ari'uutti jiru. Balaa taankii fi rasaasaan hin furree fi jalqabbiisaa malee yoom gara isa hammaatetti gahe. Yaa gammoota keenya jaldeettiin boodaa ishee duraatti kofalti jedhama. Isa isa waliin jedhu.

Homaa gatii hin qaban tarkaanfii akkanuma isaan godhu eegalan malee ganaa yoom gara ariitii hamaa seenan yoo ariifatu yoosan yoo si daaku ni argitaan. Hafuurri kee yoo cufamu oduun ati afuufu hunduu ni dhaabata. Nooh doonii ni qopheesse akka ajajame sanyii fi dhiifamaaf kan yaadaman walitti qabe gubachuu jalaa gara fayyuutti harka Waaqayootiin dahatan.

Isaayyaas 8: 9 -- 10

Seera Uumamaa boq. 7: 13 -- 16

Gooftaan alaa doonii cufe. Tarkaanfiin badiinsaas eegale. Jalqabamees hin hafne kan haru haree xumurame. Harra hoo sin sagaagaltoonni Gamoon itti boontan kan Baabiloon(Ameerikaa), kan Awroppaa, kan Eeshiyaa, kan baha giddu galeessaa baqaquu eegaleera. Maddi kuufama qabeenya keessanii kan hin tuqamu jettanii itti amanamtan gu'uu jalqabeera.

Bara Nooh roobni yoo roobu suuta suuta guunnibishaanii lafa uwwisuu yoo jalqabu sanyiin Aaddaam hunduu daansiitti jira, ni kolfa, ni baaca, borumtaaf karoora baasa, akkuma shubbisetti akkuma boonetti akkuma doonii Noohiifi kan keessa jiraniin tuffii fi isaan homaa mitiidhaan akkuma qoosetti har'a nuyii fi fakkaattota koo irratti akkuma gootan bishaan miila fi qeensa isaa jala jiru hanga jilbasaa mudhiisaa gahutti ammas hin deebine ni baaca. Qoma isaa bira yoo gahu garuu rifachuu, ilkaan walitti riguu, minqirfachuu eegala maal gatii qaba bishaanichi hojii isaa hin dhaabne. Mormasaa bira gahe dhumarrattis hafuura isaa cufe. Kana carraan finciltoota bara keenyaa. Taateen kaleessaa jecha waaqayyootiin ibsame kun isin warra har'aatiif dachaa 70n dabala. Sin kan namoota bara Noohii du'aan caaltaniif yeroo sinitti himamu yoom rifattan ree.

Namoonni tokko tokko Awuroppaa fi biyyoota biroottis of ajjeesuu eegalaniiru ganaa bal'innaan itti fufa. Yeroo hunda qabeenya guurrachuu, yeroo hunda bu'aa, yeroo hunda daansii, guyyaas halkanis fiigichi boqonnaa malee aangoof, maallaqaaf godhamu mallattoo guddummaa bakkuma hundatti mul'atu ture. Amma garuu bu'aaniifi yeroo hunda awwaala hiyyeessaa irratti guddachuunii fi badhaadhuun hin jiru waan ta'eef ! Abbaan qabeenyaa fi abbaan taayitaa tasuma kisaaraan, duuni, dhukkubni balaan yoowalitti aanee itti dhufu sammuun isaa waan hin dandeenyeef du'a filata. Amma baddoonnii darbanii darbanii mullatan addunyaa tanaa gaggeeffamuun isaanii akka du'a kabajaatti ni lakkaawama. Ganaa duuti ni barbaadama. Of in dhoksa kun carraa keessan isa dhufu dha.

Ergaan tokkoffaan 7/3/1998 ballinaan akka ibsametti raawwii akka ta'u shakkuun sinirea hin jiru.

Seera uumamaa boq. 7 guutuu

Ergaa lammaffaa irratti Oromiffaan akka ibsametti

Ergaa lammaffaa irratti Ingiliffaan akka ibsametti

Irra deebi'ee yeroo dhumaaf akka mirkaneeffametti yeroon dhumachuun akka ibsametti dhageechanii yoom gaabbitan. Yaada namoota hedduu keessatti deddeebi'aa fi gufachiisaa kan jiru maali? Hubachuunis maalif bade? Yoo jenne fagaannee osoo hin deemini deebiin isaa dhiyoo dha.

1ffaa Murtoo yaadaa fi laphee kan dhugaa barbaadu dhabuu

2ffaa Amantii keenya fakkaachuu malee ta'uu waan qabaanneef

3ffaa Waaqeffannaan keenya Gooftaan akka dubbatetti Dhugaafi Hafuuraan waaqeffachuuf murteessuu dhabuufi fedhuu dhabuu keenyaan.

4ffaa Jecha isaa kan dursitanii qulqullummaa barbaadaa kan biroo hunduu siniif dabalama jedhu fedha Diyaabiloosiitiin qajeelfamuun garagalchinees dursinee kan foonii eegasii ammoowaa'e amantii akka waan dabalataatti yaaduu keenya.

5ffaa Adeemsa keenya jallataa kana karaa keenya badaa kana sirreessuuf Gooftaan garbootaa fi tajaajiltoota isaa ergaa yoonuun lolu nu gorsu dhagahuu dhabuu keenya qofaa miti ergamtoota ari'uu, hidhuu, ajjeesuu keenya.

6ffaa Yaada nuuf kennameen fedha Uumaa keenyaa raawwachuu mannaa beekumsi yoo baay'atu fedhiin meeshaalee keenya yoo guutamu, fedhiin foonii keenya inni dhuma hin qabne irra gatee haafawuudhaan, maallaqa kuusuudhaan, namaaf kennuu dhabuudhaan, gara jabeenyaa fi hawwii foonii argameen boonuu dhaan seera Waaqayyooti qoosuu akka beekumsaatti lakkaawuudhaan of tuulummaa samii bira gahe uffannee, Uumaa keenyas tuffanne ganne Waaqa mataa keenyaa dhaabne beekumsa fi qarshii rasaasa oftuulummaa bakka buufne !

Ergaa lakk. 1 irratti akka ibsame maallaqni Gooftaa ta'e, aangoon beekumsi kan itti boonan ta'an hawwiin nama hundaa bartanii maallaqa hamaaranii, konkolaataa shamataatee, mana ijaaree, obboleessa isaa isa hiyyeesaa irratti boonee, yoo ta'eefis hiyyeessicha irratti teessoo anngoo fi kabajaa isaa diriirsee carraa hiyyeessaa irratti murteesse jiraachuun kan isa quubsuu fi fedhii foonii isaa ta'e. Daandiin Diyaabiloos kan namni hunduu itti gulufu kunoo akkuman jedhetti baay'ee keessaa muraasni isaa hubachuu dhabuun sammuu namoota baay'ee hidhee qabe qabxiilee armaan olitti eeramaniikan ibsamudha.

Seera Leewotaa 18: 1 -- 5

Namni yaadota kanaan camadame fedhaa fi yaada Diyaabiloos kan raawwatu fedha Waaqa isaatiin kan walitti bu'u ta'ee hafa. Namni yeroo gorsaniin yeroololaniin yoo hin dhageenye yeroo badu yoo dhagahe maal gatii qaba? Adeemsa murtii keessatti namni yoo falmii keessa seenu carraaleen gaabbii isaa hundi kan jiran murtooduradha. Murtoo booda humnoonni murtoo raawwachiisuuf deeman akka maqaa isaaniitti kan hin gaabbine dhaggeeffatoota gaaffii iyyannoo gaaffii dhiifamaatii miti. Raawwachiisuu qofa dha hojiin isaanii. Ergamni isaaniis kanuma. Gaabbuunis deebi'uunis, qalbii jijjiirachuu(nissahaadhan deebi'uu)nis kennama murtiitiin dura. Sanyiin namaa harra irra deddeebi'amee yoo gorfamu hin dhagahu jedhe murtiin yoo raawwatamu osoo iyyee maalbu'aa qaba.

Ergaaleen kan gahaniin hundi gariin isaanii namni kun garamiyyi kan biqiles? Eenyu? Maal isa galche? Aangoo maalii qaba? Eenyutu muudeen? Huumnaa fi aangoo isaa isa kamiini? Dhukkubsataa sammuuti abjoomaa dha k.k.f... na beekuu baatanis na hamachaa oolu. Bulu. Waa'ee eenyummaa kootii rakkachuu mannaa yaada ergaa kanaa hubatanii osoo itti fayyadamanii hangam bu'aa biufataniyyu. Warri gatii hin qabne yaada isaanii gatii hin qabneen wal mormu. Haata'uutii ani ergaalee lamaaniinuu ibsuuf yaaleen jira irra deebi'ees kanan jedhu kanuma. Hiyyeessa beekumsas hin qabu ofis hin muudne Waaqa na uumetu na shoome malee kan na muude Waaqayyo Gooftaa hoomaati aangoo koo gara fuula duraa tti Waaqani yoo siniif ibsu beektu humni koo abidda Waaqayyo Gooftaa maccaa ti. Ayyaanni isaa haguuggii fi gaaddidduu kooti. Namoonni baay'een mootummaarraa hanga muudamaa gadaanaattu yookin ajajaarra hanga ajajamaatti na balleessuuf kan hin jaalanne hin jiru. Harras guyyaa fi halkan anarratti bobbaatii, karoora, mala, haleellaa, balleessuu raawwachuuf raawwachiisuuf oliif gad jedhu. Garuu akkan ergaa lakk. 2 irratti ibsetti humna Waaqayyo Olaanaa isa isaan caalu kan isaan hordofu balleessuun kanan eegamu waanan ta'eef hoomtuu ta'uu hin danda'u. Hamaa hin yaadne hin yaadu Waaqni koo na hin barsiifne.

Raajii Hisqi'eel 12: 1 -- 2

Ajajaarraa hanga ajajamaatti anaa fi hiriyoota koo irratti hojii badii yoo raawwatan yoo yaadan, baasii olaanaadhaan yoo sakatta'an ogummaa foonii isaaniitiin waa baay'ee yoo

godhan rasaasa qabatanitti yoo boonan hoontu wantin jedheen hin jiru, nan obseen malee. Gorsa lola kennuu malee san bira hin dabarre Waaqayyo osoon gaafadhee abiddaan akka nyaataman itti himeen jira. Har'as nan mirkaneessaaf osoon gaafadhee raawwatamaadha. Ballina gabaasa waa'ee kootii minjaala isaaniirra dhiyaatuu nan beeka. Of tuulummaan garuu maal godha. Nan gaddaaf. Ergaan gaheenii maal akka jedhan maal akka murteessan mara dhuunfaa kootiin kan beekamu dha. Tuffiidhaan akka itti qoosan nan hubadha.

Haata'uutii osoo hin fagaatin hunduu waan raawwatamuuf tarkaanfii isaanii hunda deebi'anii deddeebi'anii osoo ilaalanii isaaniif kan tole ta'aayyu. Ta'us fiigicha foonii mataa isaaniitiin waan abjoomaniif kufaatii isaaniirraa hin deebi'an nuuf tola jedhanii kan wixinan hundi gara dukkana hamaatti isaan buusaa argama. Ammas hafuura isaanii kan osoo qabanii sakandii hin guutneef boonu. Ija nama hafuurawaa tuffatanii ija fooniitiin isa saktta'auuf ifaaju. Hanga mana kootii seenanii akka sakatta'an eeyyameefiin jira yoo itti fayyadaman. Qaro-dhabeessi nama ija qabu yoo sakatta'u yaadaa mee !

Addunyaan ciniinsuu maalkeesaa akka jiru garamis akka imalu ergaan Waaqaa isaan dura jiru yoo safaruun yoomadaaluun firdiidhaaf yoo qopheessuun funcaa ifaa hin mullanneen yoo hidhuun hin beekan hin hubataniin yaada sammuu, beekumsa foonii isaanii abdii sobaa Diyaabiloos kenneen yoo of tuulan kan milkaahan itti fakkaachaa yoo dhumatan kan ija qabu ni ilaala. Isaan garuu akka isa jaamaa gara qileetti kufu. Maaliif hin hubatan waan ta'eef of tuulummaan guutamanii hin argan waan ta'eef.

Gara seensaa yaa dhufuutii

Hubannoo waa'ee ergaa kanaa qabdan karaa qabsiisuuf, ergaa lakk. 1 fi 2aan kan ajajame raawwatamaa kan jiruufi kan raawwatamu akka siniif galuu fi akka hubattan kan barreeffame yoo ta'u sadarkaa lammaffaan ammoo raawwii isaa qofa osoo hin ta'in qajeelfama isaa ballinaan kan ibsu ta'a.

Raajii Hisqi'eel boqonnaa 8 guutuu

Sadarkaa sadaffaatti kutaan biyyaa, kutaan ardii, ummanni, hawaasni, dhaabni amantii addunyaa tokkoon tokkoon isaa ba'aan(adabbiin) isa mudatu hangam akka boba'u akkamitti adabbiin isaa akka dhaabatu, adabbii kanaanis maal gochuudhaan fayyuun akka danda'amu mata duree nata duree dhaan tarreessa ibsa.

Ergaan kun sanyii namaa hundaaf akka ajajaa fi fedha Waaqayyootiin kan qophaa'e qajeelfama raawwii ballinaanii kan ergaalee lameen irratti hundaa'e waan ta'eef tajaajiltoonni Waaqayyoo dhugaa, ijoolleen amanamoon isaa, fuula addunyaa kamiyyuu irra jiraadhaa, daandii jireenyaa kamirrattuu bobba'aa ergaa lakk. 1 hanga 2 fi qajeelfama ballinaan agarsiisa kana harka keessan akka galchitan jabeesseen sin gorsa. Akkan hibatthutti warri guyyaa gaariif eegamtan Gooftaa waliin walqunnamitiin keessan kan jabaate ajaja harka keessan jiru ni beektu. Mallatoo, abdii fi itti gaafatamummaa Waaqayyoon siniif kenne hubachuun laphee keessan irratti galmeesaaatii eegaa. WaaqayyoOlaanaan jecha isaa raawwachuuf waamichi isaa sin gaheera waan ta'eef.

Adeemsa keessan hindaa itti madaalaa. Naannoo keesaanis, haala addunyaas itti ilaalaa agartuu Waaqa irraa siniif kennamedha waan ta'eef.

Argaa dhabeessi argaa dhabeessa dha. Argaa dhabeettii yoon siniin jedhu argaa dhabeettii hafuurawaati. Argaa dhabeessi hafuurawaa agartuu(manaatsirii) hafuura Gooftaa godhachuu hin danda'u. Sababnis akka namooma isaatti kan bitame hafuura dukkanaatiif waan ta'eef hafuura ifaa lammata godhachuu hin danda'u balleesaaa dha waan ta'eef.

Argaa dhabeessi gurraacha'es addaahes manaatsirii yoo godhate argaa dhabeessummaa isaa hin dhoksuuf kana waan ta'eefis sin argaa dhabeeyyiin mootummoonni bara keenyaa kan nu gurgudoo dha jettan, muudamtoonni isaanii,garboonni fi hojjettoonni mootummootuma kanneenii muudamtoota keessan waliin dubbisaa, akkuma bartan darbadhaa tuffadhaa itti qoosaa rakkoo hin qabu kaffaltii kafaltan ibsa ballinaa isaa waliin waan ilaaltaniif ittiin safaramtu ittiin dhiitantu.

Imalli keessan gowwaa caffee keessa hanga jilba isaa lixee kubbaa nan taphadha jeduu fakkaata. Kanaafuu obsa yoo qabaattan dubbisaa adeemsaa fi ariitii badiinsa keesaanii ittiin ilaalaa.

Ummatoota koof, obboleewwan koof, haadholii koof, abbootii koof, hoolota Waaqayyoo fuula ardii kamuu irra jirtaniif kabaja, ayyaana, jajjabeenya fi gammachuu sin eeggatu ani jechootaan ibsuuf na dhiba waan ta'eef waa maraafuu jabaadhaa imala abiddaa calleessuu keessa seentaniirtu. Abiddichi sin hin miidhu Siidraaq, Miisaaq fi Abdiinaagoom Ergamaa Waaqayyoo amanamaa Qulqulluu Gabri'eeliin akkuma eegaman waan eegamaniif isaan homaa akka taane isaan abiddaaf kan gatan akka nyaate birbirsoota Libaanos ardii irratti biqilan isa xinnaas guddaas walitti qabee yoo nyaatu kan taajjabdan nitaatu dhaloota dhufuufis ragaa taatanii ni dhaabattu balaansin dhiphisu hin jiru.

Ergaa gara Ibrootaa boq. 12 guutuu

Guutummaan sanyiinamaahundi qalbiin dhaggeefadhaa hubadhaa

Ergaan 1ffaa fi 2ffaa anarraa sin gahe akkasumas ibsi qajeelfamaa ibsaa murtii kan raawwii gochaa 3ffaan kun hundi Gooftaa keenya arjaadhaan ajajamee kanan godhe ta'uusaa beekumsa ogummaa fi fedha kootiin kan dhufe akka hin taane beekamuu irra jiraata. Ani tajaajilaa Waaqa Olaanaa (Gabricha Waaqa sadeen tokkichaa/Sillaasee) raawwataa ajaja isaa malee ofii kootiin kanan burqisiisu wa tokkoyyuu hin jiru.

Barri falmii dabreera adeemsi koo sirrii dha, sararri koo, amamtaan koo fooyya'aa dha kan jedhu irraa ka'uun daandii dhugaa rraa kan bahes dhigaarrattis kan hundaa'e waraanni amantiinhundi waggoota kumaatama lakkoofsiseera. Har'as kunoo kan jiruu fi kan mul'atuu dha. Garuu gahe !

Nami hunduu Waaqa duratti kan ittiin amaneen dhaabatee mormee jira, yaadaa fi amanti isaa amansiisuuf akaakilee isaa irraa eegalee ittiin imalee jira. Maarree haalumti kun kan itti fufu sinitti fakkaatee hundi keessanuu iddoo itti hundeeffamtanirratti dhaabattanii manaatsirii mataa keessaniitiin ilaalaa

jirataniirtu. Hunduu waan itti amaneen dhaddacha Waaqayootti moromee jira. Murtoon dabarfameera. Iyyannoon dhagahameera. Iyyannoonbiraa hin jiru.

Ergaalee ana gabricha Waaqayyootiin barreeffaman hunda akka ijaafi sammuu ittiin dhalattanii, ittiin guddattanii har'as ittiin jiraattaniin yoo ilaaltan ta'e dansaa dha.

Wanti qalbeeffachuu qabdan garuu barri sun dhumate. Ajajnif fi murtiin koo bahe qajeelfamni raawwii isaas kunoo bahe. Barri wal falmii darbe, cufame. Eenyuun falmitu adeemsa murti mana murtii kamiitiin falmiin godhama. Yeroo hamma fudhate ni fudhata booda abbaa alangaatiin murtoon ni kennama. Kanuma !

Kanin sinitti himaa jiru murtoo Waaqayyo Olaanaati. 1 - 2 sinitti himee jira. Raawwiin murtii fi qajeelfamni har'aas ibsa isaa guutuu waliin siniif dhiyaateera. Dhumate !

Raajii Isaayyaas 43 : 8 -- 13

Yaadachiisa

Ibsoonni qajeelfamoonni murteewwan raawwii fi gochaa mata duree mata duree keessattu ibsaman hundi mataduree san haalaan akka ibsan kan yaadameefi mirkaneesse dha.

Mataduree hunda jala kan ilaaltan tokkoyyu osoo hin hafin kan raawwatamuu fi tilmaama madaalaa keessanis kan yoo ta'u san irratti hundaa'ee adeemsa adabbii sun mudatuu fi raawwii isaas kan mirkaneessu dha.

1.Waa'ee ergaalee hundaa fudhatama namootaa fi maalummaa isaanii

Sanyiin namaa fuula addunyaa guutuu uwwisee jiraatu hundi lakkoofsi isaa baay'atee ardii haguuguu eega eegalee jalqabee seera jireenyaa akkuma akka naannoo isaatti mijaawu hundeessee danbii aadaa amantii kan haala jireenyaa garagaraatiin bitamaa erga jiraachuu jalqabee ture.

Baroonni 7000s dabran. Waaqayyo ardii tana irraa Aaddaam fi Heewaan uumee waa gaariif yaaduunis ajaja cabsuun ganshoo(idaa) isa duraa baqaachuu fi du'a gahu erga baataniin booda fuula ardii irratti bittinnaahanii xaanii ifaajanii akka jiraatan murteeffamuu isaatiin adeemsumti kun itti fufuun as geenyee jirra. Kan nu uume nu uumee nu hin dhiisu erga namni dogongoree fi balleeseen eegalee karaa itti deebi'ee fayyi Gooftaan ni qopheesse. Akka jecha isaa raawwate namni garuu namni garuu ajaja hundaa diiguun seera badii mataa isaa dhaabuun isa dansaa dhiisee gorsa bofaa (gora Diyaabiloosii) kan jalqabaa eegalee karaarraa isa baasee dhagahuun hanga ammaa akka badetti uumaa isaas akka gaddisiisetti jiraata.

Uumaan keenya ini ajaja ba'aan isaa salphate lafa kaahuun idaa keenya kafale fageenya obsa isaatiin nu baate ifa dhiifnee gara dukkanaa yoo imallu gaddaan nu obse namni Gooftaan olaanchisee yoo uumuun fakkeenya isaatiin godheeti. Uumama ardiis yoo bichisiisuuf kabaja namaaf kenne ifa godha.

Namoonni muraasi jaalala uumaa isaaniitiif bitamanii dhiigaa filafee gabbaranii jaalala isaa uffatanii addunyaan tuffatteenii salphatanii isa caalu hafuuraan ilaalanii gara Waaqa Uumaa isaaniitiin hammatamuutti darbaniiru.

Wangeela Yohaannis boqonnaa 1: 9 -- 28

Warri hedduun ammoo isa dansaa dhiisanii gara dukkanaa imalanii tasa gara si'oolii bu'aniiru. Barri badii har'aa kan daran hammaatee mullatu addabaabaayii badii bara dabree waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu daran kan hammaatedha ilmi namaa namoomni isaa kufee bineensa irra xinnaateera hawwii foonii garagaraatiin butamee diina Waaqayyoo. Diyaabiloos uume ta'ee jira. Isa Uumaan isaa jibbu mootomsuuf daran dadhabee jira. Sagaagalaa dha, sobaa dha, ajjeesaa dha, maallaqni gooftaa isaati. Uumaa isaa kan gane dha. Waaqeffannaa halagaa garagaraa kan jaalatu fi kan hordofu dha. Waaqa fakkii kan waaqeffatu dha. Hammeenyo Waaqaan jibbaman hunda akka mishaatti ofii isaatiin akka bilisummaa, akka mirgaa lakkaawuun jalqabamee hangs dhumutti qaama jiruu isaa kan godheenidha. Egaa kana hundaan obsi Waaqaa dhumatee 7/3/1998 irraa eegalee murtoon xumuraa ibsamaa fi murtiin dhuma yeroo dhumaaf irra deebiin murtoo Waaqayyootiin guyyaa 27/9/2000 tti come ummata maraaf ibsamus namootamuraasaan alatti kan dhagahe him jiru. Mootummaan, dhaabni amantii, dhaabanni, buufatni oduu ummataaf ifaan ibse tokkoyyuu hinjiru.

Haa ta'uutii warri ergaan biragahe ergicha akkamiin fudhatan ilaalchisaanii ergaa kanaratti maal fakkaaa?

A. Fudhatama namoota gartuu tokkoffaa jiranii

Namoonni garee kana jiran namoota gaarii dha. Laphee gaarii qabu ajajamoo fi qajeeloodhasi. Sarara amantii garagaraatiin has imalan maleedhugaa Waaqayyoo kanbjaalatanidha. Qajeelon kunniin gorsaa fi Lola Waaqayyoo qajeelummaan fudhatanii mataa isaanii dogongora irraa deebisuuf ariifatanii tarkaanfii kanfudhatani dha. Ergaanis akkumagaheen isaan of gorsuun yaada sammuu isaanii gara dhugaatti deebisuun ofii isaanii qalbii jijjiirrannaaf kan qopheessaniifi ariitiidhaaniskandeebi'an yoo ta'u hanqinnoota qaban ergaabkanaan gargaaramanii ilaaluun gara guyyaa Waaqa Uumaa isaanii jala kan seenanidha.

B. Namoota gartuu lammaffaa keessa jiran

Namoonni gartuu kana keessa qubatan namoota naannoo isaanii jiraniinis ta'ee namoota isaanitti dhiyaataniif amala qabatamaa ta'e kan him qaban dha. Miila lama qabatanii all tokkoon muka lama koruuf kan kan yaadaniifi kan murteessanidha.

Dhimma kan irrattiyyuukan amantiin irra him kaa'amnedha. Amantii amanuuf too murteesaanis fakkaachuudhaan imalufkan murteesanidhasi. Sammuu kutatee ejjennoo tokkoon cimee faayidaa isaas miidhaa isaas fudhachuu danda'uu fi murteessu hin qaban. Kaayyoon isaanii San qofa waan ta'eefbarsiisuu dhaanis kan deeb'anii miti miidhamanis ejjennoo isaanii isa gitintire keessaahin bahan kaayyoon isaanii San qofa. Namoota akka Gooftaan mullata Yohaannis irratti akka dubbatetti hoo'inas qorrinaskan hin qabne bu'aa'aa waanta'aniif isaan tufuuf akeekkachiiseniiti. Addunyaa guututti lakkoofsaan baayyatani kan argamanii fi dhimma kamiifuu kan hin taanedha. Ergaalee isaan namaan lolan ,fayyisan,

murteessan, gorsan kan ergaa 1 fi 2 irratti ibsan dhagahanii yeroodhaaf mallattoo rifachuu kan mullisan, xinno turanii umriikennameef gamnooma isaaniitiin kan argatan godhaniilakkaawuun fuula jireenya isaanii isa hammaateef mirkaneessa ittan jiraa kan Kennan ta'uu isaaniitiin deebi'ani akka bineensaa gara dhoqqeecubbuu kan deebi'an ta'uu isaaniitiin, raawwii murtii kanaatiin abiddaan kan calleeffamanidha. Baayyinaan jireenya qananii baayyinni beekumsaa kan hudheen fiigichi isaanii kan qaban irratti dabalachuuf kan ifaajanii fi kanuma hundaaf was hunda dabarsanii kan kennanidha. Taayitaadhaanis daldalaanis iddoo itti gaafatamummaa hawaasummaa kamirrayyuu osoo taa'anii gowwoomsanii jiraachuuf kan xaaran kan isaan muude yeroo badaa keessattigatanii kan badan Gooftaan isaanii garaq isaanii kan ta'esidha. Kanaafuu haalli rakkisaan kan isaan mudatu ta'uu isaa siniif mirkaneessuun barbaada.

C.Namoota gartuu sadaffaa keessa jiran

Warri gartuu kana keessa qubatan yeroo baay'eekanballeessan, kan hojjetan, was kamiyyuu itti amananii nuuf tola jedhanii kan raawwatanidha. Badii yoo raawwatan sirrii akka godhan akka amantaa isaaniitti sirrii akka ta'e kan lakkaawan mormii fi gorsa nama baay'ee kan dhuunfaatis ta'ee kan waleetiif bakka kan hin kennine kiyya sirriidha jedhanii kan amananii fi kanaanis hangs miidhuutti kan deemanidha. Namoonni kunneen har'a addunyaa irratti amantii keessatti amantii sanaaf mormitoota cimoo ta'anii kan dhaabatan mormitoota biroo karaa kamiinuu balleessu kan barbaadan yootahan fiixee taayitaa irra yoo gahanis taayitaa San tursiisuuf qofa Oslo hin ta'in sababa taayitaa irra turuun qaba jedhanii amananiitiif cimaniin kan dhaabatanidha. Haalli humna isaaniitiin ol ta'ee kan dirqama isaan balleessu yoo uumamu qofa ejjennoo isaanii kan sakatta'anii fi miidhamaan booda dhugaa kan fudhatanidha. Namoonni kunniin fuula addunyaa irratti safara lakkoofsaatiin akka mullifamanitti hin baayyatan amantiidhaan yoo deemne Ergamicha Phaawloos yoo yaadnu Farisaawii ta'uusaatiif seera isaatiif cimee kan dhaabate Kiristaanota ari'uudhaan hirriiba kan dhabe ergamtoota daran kan cinqeture. Gooftaan yoo jijjiiruuniyyuu ergamtootabiratti isa fudhachuuf yeroo dheeraaf kan itti rakkatan ture. Ta'us itti amaneeti kan jijjiirame waan ta'eefergamaa gootaa hojii wangeela Kirostoosiitiin eenyuuyyuu caala hojjetee wareegamummaadhaan dabredha. Kam dhiyoo isa foonitiin kan dabran yoo kaafne ammoo Adoolf Hitler faa, Roomaal faa, Istaaliin faa, biyya keenyattis Balaay Zallaqaa faa, Mangistuu Nawaay faa, Jeneraal Taarikuu faa namoota baay'ee hedduu kaasuun ni danda'ama. Naannoo kana keessatti hamaafis ta'ee gaariif, fooniinis ta'ee hafuuraan namoonni dhufan dhuunfaadhaan daran kan na dinqanidha. Naannoo kanneeniitii gara fuulduraatti ergama hafuurawaatiinis ta'ee hojii fooniitiin namoota hedduu nan arga jedhee abdii nan godha. Yaaliin sarara akka qabatan dhugaa akka harka galfatan xaaruu yoo ta'u Gooftaan bakka bakkaa isaan baasa jedhee nan yaada. Muusee faa, Abraham faa, Yaaqoob faa, ergamroota hunda osoo fudhannee, naannoo kana keessa kan qubatani dha. Muuseen kabaja irra gara itti amanetti gara dhoqqee fi gara saboota isaa Isaraa'elotaa yoo deebi'u homaa itti hin fakkaanne jireenya dhiiseen(jireenya Misir) hin yaadne Uumaa isaa

beeke sanumaan cimee ni imaleni dabre. Abrahaam abbaa isaa Waaqa fakkii innis maatiin isaas itti amanani dhiisee sagalee Waaqa isaa dhagaheen amanee hunda dhiisee gara gammoojjii amantiidhaan bahe, cimina amanti namuu hin arganne Sillaasotaan kennameef. Itti eebbifame, nu hundaafuu itti gahe, jireenya bars baraa itti dhaale. Yaaqoob qabsaawaa amanti cimaa ture, Ergamaa ifaa Waaqayyoo waliinyoo na hin eebbifne si hin dhiisu jedhee mormee jira. Ifaajee isaatiin kan dinqame Waaqayyoonis eebba uwwiseeniira. Ergamtoota osoo fudhannee Gooftaan iddoo tuffatamoo garagaraa irraa isaan walitti qabus jecha isaatiif amanamanii, Wangeeliidhaan nuuf ta'anii dhalootaaf gahanii wareegamummaa guddaadhaan injifannoo argataniiru. Biyya keenyatti Mooticha Teedroos, Laalibalaa faa, Zaraayaaqoob, Mooticha Yohaannis osooyaadnee dura bu'oota fi gootota amantiitis biyyaatis ta'anii waan itti amananiin gatii kafalanii dabraniiru. Kanaafuu baayyinaan namoonni jiran isa balleessaadhaafis hanga dhumaatti kan deeman isa gaariifis gatii cimaa kan kafalanidha. Addunyaa keenya har'aatti kan amananiitti kan hiriiranidha. Diyaabiloos namoota kanneen keessaa booji'amaa sammuu kan barbaadudhaargachuuf ciminaan kan itti ifaajudha. Balleessaa isaa dhugaa fakkaatu isa hanga xumuraatti isaan qabachiiseen waan turaniif cimsee barbaadaan, eegaan.

Namoota gartuu afraffaa kana keessa jiran

Ulaagaa kan keessatti kan argaman ammoo daran hamoo dha. Kunniin wanta gaarii daran kan hin jaallanne, hammeenya isaaniitiin kan gita hin qabne siruma oftuuлтota kan ta'anidha. Wanta kamuu kan safaran ulaagaa ofii isaaniitiif madda gammachuu ni ta'aa hin ta'uejedhuun waan ta'eef fedhii isaanii isa jallaa waliin kan walitti bu'u marti osoo badee amanti isaaniiti. Osoo du'aa rakkoon irra gahaa jiruyyuu oftuumummaa isaaniirraa, hammeenya isaaniirraa, hamaa raawwachuu irraa kan hin deebinee fi yaadannoo dalagaa badii dabarsaniin kan gammadan waa'ee kanaa qofa dhagahuu kan jaalatanidha. Fakkeenya kanaatiif Gooftaan waa'ee badii keenyaa fannoo irratti yoo fannifamu yakkamtoota lubbu balleessitoota hojii hamaa isaaniitiin fannifanan keessaa inni bitaatti fannifamee fi inni mirgaa jiru ture. Inni mirgaa lubbuu 70 waan fixeef kan itti faradame yoo ta'u inni mirgaas akkanuma lubbuu baayyee balleesseera. Lamaanuu waa'ee Gooftaa mal mormuu eegalan inni gara mirgaa jiru waa'ee Wulqullummaa Gooftaa ragaa bahuun yakkamummaa ofii isaa amanuun, gaabbuun barbaachisummaa adabbii isaatiif falmatee Gooftaan garuu qulqulluu ta'uu isaa ragaa bahee mootummaa isaatiin akka isa yaadu gaafate dhiifamas argate; Gannata namuu dursee Gooftaa waliin seene. Yakkamichi gara bitaa jiru garuu Gooftaa qeequun mootii yoo ta'e of yaa baraaruu jedhee qoosaa oftuumumaadhaan akkuma cimetti dabre gara dukkanaa lixe. Ulaagaa kana keessa kan jiran karaa kamiiniyyuu itti himan kan hin deebine ta'uu isaaniitiin adabbii murtoodhaan argatan fudhachuu kan qabanidha. Bara kanatti isaan kunneen daran baay'atanii arginaan.

**Ergaaleen jecha Waaqayyo Gooftaa hoomaa irratti
hundaa'ee
fedha isaatiin ajajamanii dhiyaatan eenyu madaalu?
Eenyu irrattis
raawwatamoo ta'u?**

Ilminamaa guyyaa itti uumame irraa eegalee ajajni kabajee itti jiraachuu qabu kennameefii jira. Kana yoo cabse ammoo adabbiin akka hordofuun ifaan Gooftaan nu uume labsee jira. Mirgaa fi dirqama daangaa itti deebi'anii fi karaa itti deeman mul'isee jira. Ilmi namaaree ajaja kana kabajee hin jiraanne abbaan keenya Addaan haati keenya Heewaan gorsa bofaatiin wixina Diyaabiloosiitiin ajaja diiganii daangaa kennameef keessaa bahan ajaja Waaqayyo Gooftaan hoomaa inni laf kaahe cabsuu isaaniitiin ni gaddes dallane teessoo firdii isaa irra taa'e murtii adabbii isaa kennuun dura balleessitootaan sababa isaanii balleessuu balleessuu dhabuu isaanii gaafate. Jecha ganuuf amanuu isaanii ni kennan Addaam fi Heewaan bofichatti sababeessan har'a ilmi namaa yoo balleessu akkuma sababa hedduu tarreessu hin balleessine jedhanii falmachuun itti gaafatamummaa badii mataaofiirraa maqsuun eegalame. Ajajni(seerri) yoo cabsamu adabbiin ni jira. Adabbiin dura abbaa murtummaasaatiif ajajicha kan baase Gooftaa dhaddacha isaarra taa'a. Falmiin ni adeemsifama adabbiin ni dabarfama. Addaam gadduu isaatiin laphee isaarraa iyyachuu isaatiin dhagahamus adabbiin du'aa dabarfamee jira Addaamiif sanyiin namaa baay'achaa ardii uwwisaa deemuusaatiin dura Gooftaan seera akka eegu laphee isaarratti barreesseef yaadi sammuu badaafi gaarii adda baasuu dandeessisuun dursayyuu yoo nu uumu nuf kenneera; seera lapheetiin sanyiin namaa batoota dheeroof jiraate. Seera lapheetiin namni murtiin dabarfameefiira. Bara Nooh yaaduun gahaa dha. Sadoom fi Gamooraa yaaduun gahaa caalaa dha. Waqtiwwan lamaanittuu Gooftaan seera laphee laphee isaaniirra kaaheen firdii kenneera. Abbaa alangummaan adeemsifameera. Adabbiinis dabarsifamee raawwii ta'eera.

Gooftaan namni baayyatee ardii haguuguu eega calqabeen booda dirqama seerribarreeffame jiraachuunsaa akka barbaachisu arge. Fedha isaas ta'ee abbaa keenya Muuseedhaan seerri Ooritii ni labsamte kanaanis ilmi namaa mirgaa fi dirqama isaa akka beeku godhame.

Seera Uumamaa boq 2 : 16 - 17

Seera uumamaa boq 3 guutuu

Seera uumamaa boq 6, 7 guutuu

Yeroo sanaa eegalee namni yoo balleessu, yoo adabamu, dhiifama yoo gaafatu, qalbii yoo jijjiiratu, balleessaaf aarsaa yoo dhiheessu dhiifama iyyannoodhaan yoo argatu yero yerootti murtiin Waaqayyoodhaan yookennamu barrier keenyas yoo bararu abbootiin keenyas itti jiraatanii yoo balleessan, yoo baratan, gara bars

fayyinaatti qaqqabame. Gooftaan akka jecha isaatti akka mirgaa iyyannoo Aaddaamiif kennettiifi saniinis abdii qabateen bars 5500 booda Gooftaan yeroo tokkoofis yeroo dhumaafis ganshoo cubbuu namaa kafaluuf dhufe. Jecha isaa kabaje, serra raawwate ajajasaa kan namni raawwachuu dadhabe raawwate. Ilma namaa hundaaf cubbuu fannoo isaa irratti haqe. Jireenya bara baraa nuuf cimse kabaja ijoollummaa nu uwwise. Kun hunduu ta'ee ammas seeraa fi ajaja isaa isa ba'aaf salphate teechise.

Akka eegnuuf ajaje. Yoo balleessinu qalbii akka jijjiirrannu yoo didne dhaddachatti dhiyaannee akka adabamnu mirkaneesse. Namni fincilaa dha nuhunduu foon keenyaan injifatamoo dha. Kan arginu hundi. Nutis mataan keenyas yeroo hunda akkuma burraaqnetti kan imallu nutti fakkaata. Kanaanis ajaja ni gatna. Qalbii jijjiirannee adabbii cabsama ajajaatiin nutti dabarfamu iyyannoo(qalbii jijjiirannaa yookin Nissahaa)dhaan dhiifama argachuu osoo dandeenyee oftuummaa keenyaan itti dhiibuun miidhamna.

Gooftaan yeroo hunda jaalala isaa ibsuun yeroo kennuun loluun adabbii abbummaa salphaa kennuun gara daandiiisa sirrii akka deebinu yeroo hunda ni godahas ta'uutii hunduu daangaa waan qabuuf dirqama adabbii cimaan ni dhufa, ilmi namaa nu hundi serra Gooftaan cabsinee serra foonii mataa keenyaaseera Diyaabiloos isa diina Waaqayyoo ta'ee raggaasuun seera jaalalaa isaa tuffannee hin sagaagalin kan jedhe akka mirgaatti seera keenyaan fedha sagaagaluu teechifnee, hin ajjeesin kan jedhe ni ajjeefna, hin sobin ni sobna, obboleessa kee akka keetiitti jaaladhu kan jedhu dhiifnee lakki hin jiru obboleessi, hiriyaan maallaqa Jenna. Karaa hundaanuu ajaja diigne seera dukkanaatiin qajeelfamuu eegalle. Sababa kanaanis Gooftaan obsaa ture karaa tajaajiltoota isaa garagraatiin akeekkachiisa kenne, ni gorse. Ergaan 1 ergaan 2 jecha isaa irratti hundaa'ee ana gabricha isaa xinnaatiin nama hundaaf akka gahu godhe. Murtiin isaa ergaa lakk. 1 irratti akka beeksise ajaja fayyinaa isaa base waggaa sadi obsee isaan iyyannoo gaafatan(dhiifama gaafatan) dhiifama isaatiin maxxanse. Kanneen tuffatan, kanneen iyyannoo hin gaafanne, firdii isaa hin fudhanne gara murtoo raawwiitti cehuun firdii isaa cimsuuf cehe. Adeemsa murtii galmee tokkoon tokkoo keenyaairra sadarkaa sadarkaadhaan gaggeeffame xumure gara raawwiitti dabre. Murteeffame xumurame. Murtiin maal akka fakkaatu nu hunduu ni beekna.

Raajii Isaayyaas boq. 53 guutuu

Manni murtiin olaanaan murteeffame. Iyyannoon mana murtiin waliigalaa deeme. Murteeffame, sanaan booda garam deemama gara raawwiitti qofa ta'a.

Waan ta'eefis raawwiinii fi qajeelfamni murtiin har'aa kun dhaddacha Waaqayyo Olaanaatii bahe.Iyyannoon hin jiru heroin hin jiru, murtiin gara raawwiitti deeme harka raawwachiiftotaa galmee jira waan ta'eef.

Ergaaleen fi raawwin adeemsa murtoo fi bu'aan isaa obboleewwan, sanyii ilma namaa guutuu, samii fi ardii kan diriirse Gooftaan keenya yoo si ajaju, sigorsu, siin lolu, maaliif hin dhageenye? Muuseewwan foonii inni uume kanneen akka fedha isaatti muuduun, kaasuun, ni sodaatta. Isaan yoo siin jedhan ni rifatta, yoo si ajajan

ni ajajamta, raawwadhu kan jedhamte ni raawwatta, ajaja Gooftaan garuu ni tuffatta, ni baacca, itti qoosta.

Tajaajiltoonni hedduun Waaqayyorraa ergamanii dhufan, ergaa isaa baatanii, ergaa Waaqayyo Gooftaa maccaa isaan gorsa isaa, lolaa fi firdii isaa, eebbaa fi dhiifama isaa si biraan gahuuf ajajame ibsuu isaaniitiin reebamaniiru, hidhamaniiru, ajjeefamaniiru. Kun hunduu kan raawwatame Diyaabiloosiin qajeelfamuun seera dukkanaa cimsuuf waan ta'eef gocha isaanii kanaanis bulchitootni eegumsa taayitaa isaaniitiif jecha raawwachaa kan jiraatanidha. Akka isaan fedhanitti ta'uu qaba kan jedhanidha.

Fincila isaanii kana dhaabuuf walitti fufiinsaan ergaaleen yaadachiisaa, lolaa, akeekkachiisaa Gooftaa irraa karaa tajaajiltoota isaatiin dhagala'aa jiraatan haata'uutii addunyaan ni tuffate seeraa fi dambii mataa isaa keessa lixe, Waaqaan badasii jedhe obsa baroota kumaatamaas Waaqayyoo waan fixeef karaa ana gabricha isaatiin bara 7/3/1998 tti murtii ardii fi sanyii namaa ishee keessa jiran ilaallate hunda dabarse, deebi'aa jedhe waggaa 3 dhukkubaanii eege ta'us sanyii namaa kanas dhagahuu dideef murtiin xumuraa bara 27/9/2000 anuma karaa gabricha isaatiin ibsame, hooggantootaafis, dhaabbilee amantaatiifis, namoota dhuunfaatiifis, maxxansitoota oduu addunyaa guutuutiif kenname.

Seera bahuu boqonnaa 32 guutuu **Raajii Isaayyaas boq 3 : 8 -- 15**

Ummata dinqisiisaa dha hoogganaan dhaabi tokkoyyuu, dhaabni amantii tokkoyyu homaa hin jene akka itti gaafatamummaa isaatti isa bulchu isa hoogganu, isa maqaa amantiitiin walitti qabeef hin ibsine gaazexessaan odeeffannoo ummataafin geessa jedhu tokkoyyuu afaan hin bananne.

Adeemsi murtii 7/3/1998tti eegale itti fufee bara 27/9/2000tti isaan dhiifama gaafatan isaan tuffatan hundaaf adeemsi iyyannoo adeemsi murtii Waaqayyoodhaan ilaalame murtiin isa dhumaa ni cime.

Harra ammoo raawwii fi adeemsa murtii ibsuuf, beeksisuuf ajajni kun fedha Waaqayyootiin ana gabricha isaa isa xinnaatiin kunoo sanyii ilma namatiif bahe egaa dhumatekaa !

Raawwiin maal ta'a kan jedhu nu hunduu yaaduu ni dandeenya adabbii daran cimaa kan qabatudha.

Raajii Isaayyas 30 : 8 -- 14

Muudamtonni keenya ni murteessu akka murtiin isaanii ni hidhu, ni adabu, ni ajjeesu, isaanis kaleessa murteessaa turanii harra dabaree isaaniutiin itti murteeffama. Akka hidhanitti ni hidhamu, akka ajjeesanitti ni ajjeefamu, kuni sirna addunyaa sirna seeraati.

Sirni addunyaa hundi seera dhaabatee jiruun muusee fi ergamaa yeroo yeroon dhufaniin itti murteeffama innis yoo kufu abbaa dabaree isa duraatiin itti murteeffama.

Waaqni ni murteessa male itti hin murteessu, inni uumaan keenya nu uume, no hojjete , nu tolche, fedha isaatiin hafuura nutti facaase, sammuu nuufkenne, nu hoo

barbaade kan nu jiraachisu hoo barbaade kan nu hurkisiisudha.
Nuyiifiirraanisdanbalii cubbu uume, addunyaa nu keessatti bukoofnu kunis yeroo inni barbaadeen gahe osoo jedhee kan hurkoofnudha.

Quufni namaa garuu daangaa kan dabredha. Obboleessa isaa irratti yoo gooftaan ta'u, yoo ajjeesu, yoo qurxu, yoo hidhu, yoo balleessu, yoo saamu, Gooftaa abidda harkaan hin qabamneen namaqabu ni tuffatta, salphisee ilaala. Sirumaas ergaa isaattis ajajattis tuffii agarsiisa.

Kana hooggantoonnii fi muudamtoonni biyya keenyaa sammuu dhabuudhaan tuffiidhaan yoo raawwatan argaa jirra. Homaa gatii hin qaban.

Raawwiin murtii Waaqayyoo yoo jalqabu hin mullatu, yoo xumurus harkaan hin qabatamu. Hoogganaanis hoogganamaanis murtii Waaqayyootiin qabatame hunduu raawwii murtii kennameef darbuu hin danda'u. Sabni waa hin hubanne ni garagalchama jedha jechi Waaqayyoo; hanga har'aa yoo lolaniin hin dhagahan, yoo badanis hin dhagahan. Bu'aan isaa kan Waaqayyoo Olaanaadhaan murteeffame dhugaa ta'uu qofa dha.

3.Walumaagalatti dhangalaatii dallansaa addunyaa mudatu

Raajii Isaayyaas 24: 1 -- 13

Ergaalee lameeniinuu akka ibsametti addunyaabara 2/12/2000 irraa eegalee gara baabura calleessaatti seentee jirti. Gindoon calleessaa meeshaa isa duraa kan kosii gurguddaa akka calleessu qaawwa gurguddaa qabaatu lammaffaan tokkoffaa irra kan dhiphate 3ffaan isaa 2ffaa irra kan dhiphategingilchaan abiddaa eegalee jira. Daran ulfaatee itti fufa. Dallansi Waaqa ganaa jalqabbii agarsiise male yoo dhangalahu daran hammaata. Dheekkamni yaada keenyaan hin tilmaamne, hin yaadne ni dhangala'a. Dursa akkan sinitti himetti biyyi, waldaan, dhaabni, namni dhuunfaan tokkoyyuu jalaa in ba'u hunduu addabaabaayii dheekkamsaa qophaaheef irra ni imala. Du'a yoo ta'ee du'a, kadhatee, sukkanaa'ee darbuu yoo ta'ee darbuu, miidhaadhaan dhaabachuu yoo ta'e miidhaadhaan walumaagalattihunduu taarifa baheef ni dhandhamata.

Waaqayyoodhaan kan filaman dhiifama isaatiin kan maxxanfaman nihafu. Dhiifamaaf yaadamaniiiru waan ta'eef ardii ni dhaalu. Inni dhartuun, sobaan, sagaagalaan, ajjeesaan, of-tuulaan, beekumsa isaatiin kan boone, warqee meetii isaatiin kan boone, taankii, jeettii, niikulerii, baayyina loltuu isaatiin kan boone tuulaa simiintoo sassaabeen kan oftuu, tuulaa sibiilaa fi qorqoorroowwaniin kan boko ke hunduu garadikee ta'uutti ni jijjiiramu. Warshaan, industiriin, itti ifaajaa kan jiraate hunduu isaan eebbifamaniif ni hafa. Inni bars eebbifamaa waan hin argineef sanyii isaa waliin ni harama.

Bu'aan isaa olitti akka ibsame nita'a. Dabalataan tokkoon tokkoon carraan biyya biyyaa mata duree keessatti ballinaan waan ibsamuuf achitti kan ibsamu of eeggannoodhaan dubbisaa.

4.Dhaabbilee amantaa /adamsa murtii keessatti fi/ carraa isaanii

4. A Kaatolikii

Teessoo ishee Room(Xaaliyaanii) keessa kan godhatte amantiitun hordoftoota isheerraa baayyina kan qabdudha. Amanaa biliyoona tokkotti siqu akka qabdu ni himatti. Amantoonni amantii kana keessa jiran baay'inaan kan argaman Awroppaa, Laatin Ameerikaatti dha. Biyyoota biroottis lakkoofsa ijummaadhaan isaan hiriisu jiraachuu baatanishammihin tuffatamne jiru. Kaatolikiin pooppiidhaan kan hoogganamtu yoo ta'u biyya biyyaan phaaphaasonni, kaardinaalonni, Diyaaqonoonni k.k.f akkuma baayyina ummataatti muudaman ni qaba. Kaatolikiin eenyudha? Kaatolikiin amantii Gooftaan barsiise keessagara 431 akka lakk. Awroppaatti adda baay'ee bahuudhaan, barumsa Niisxiroosiin fudhatamuun hojii ganuu, gocha gargar bahuu cimsuun amantii akka dhaabbataatti dhaabbattedha. Hanga ammaas amantii hojii dukkanaa ishee akka waan gaariitti yaadannoo gootuufidha.

Addunyaa keessakan jiran baha Eeshiyaa keessatti baayyinaan kan argaman maqaadhaan Ortodooksii, Hojiidhaan Kaatolikii kan ta'an daran ballatanii argamu. Kallattiinis all kallattiinis isheedhaan kan butaman jiru. Jajjaboonis jiru. Barreeffama kanaan yaada falmii uumuuf osoo hin tahin murtiifi raawwii isaa ibsuuf ergaa bahe waan ta'eef yaadni kana bira darbu hin ibsamu. Kaatolikiin Gooftaan Hoomaatiin akkamitti ilaalamte? Murtiin hoo akkamitti ilaalama kan jedhu ni ilaalla. Bara 1500 caalaa amantii Tawaahidoo Ortodooksii takkitti irratti gaggeeffameeras; gaggeessiteerti. Mana Waaqayyoo amantiidhaan cimtee addunyaa wangeliidhaan jiisaaturtle diiguu kan eegalte Kaatolikii dha. Hanga 431 akka lakk awuroppaatti qorama cimaa keessa cimaa, gatii kafalaa, ergamtoota, duuka buutota ishee gabbaraa kan gasaaggaste amantiin Tawaahidoo diinni ishee kan hin injifatamneef malli innifilate gantoota uumuu ture.

Phaaphaasiwwan gara beekumsaa fi falaasamaa siqan hojii Hafuura Qulqulluu Waaqayyoo, hiikaa beekumsa foonii isaaniitiin kan bakkaa buusan leenjisuun badiinsa dheeraadhaaf kakaastee milkaaheefii aramaan dhaabde baayyatee ardii uwwise. Ariyoos, Niisxiroos, Argeensis, Mankiyoos, Abriyoos, Afteeksi, Arsiis fi shakkitoota, liyoon, malakaawota(warra mootidhaaf bulan) k.k.f kaasuun ragaa gahaadha. Kunneen filatamtoota Diyaabiloos kan Kiristaanummaa irratti duulan yoo ta'an hunduu kan hiriiran Bataskaana Tawaahidoo ishee amala tokko, qaama tokkoon jettee amantu irratti ture. Har'ad Kaatolikoonni bara keenyaakan barnoota isaanii irratti hundaa'anii dhaabatan, badiinsaaf kan dhaabatan hoolotii daran baayyatan kan nyaatan, jeedalummaa isaanii gogaa hoolaatiin haguuganii balleessaa kan jiranidha.

Yeroo ammaatti rakkoon keessoo hedduu isaan hudhus Ijptitti, Hindiitti, Biyyoota Eeshiyaa hedduutti jeedala jalaa bahanii Tawaahidoo Ortodooksii Gooftaan

cimseen cimanii kan dhaabatan jiru. Has ta'uutii balleessitoota kan akka Kaatoolikii rimaa ta'aniin yeroo mara qorumsaan akka qabaman ni beekama. Hanga bara 431 ALA tti Room keessatti teessoo ergamticha Pheexroositti dabare dabareedhaan taa'uun Phaaphaasonni amantii Tawaahidootiin cimanii kan jiraatan yoo ta'u bara 431 barumsa Liyooniitiin jijjiiramte. Saniin dura garuu Phwaphaasota Tawaahidoo dhugaa cimse qajeelchan osoon kaasee, Qulqulluu Fiiliiksi, Qulqulluu Abuulidsi, Qulqulluu Ayookindiyoos, Qulqulluu Naaxaaliis gootonni amantii Tawaahidoo kanneen fakkaatan Room keessatti cimanii dabraniiru. Teessoo jigsitoonni, bqrattoonnu Diyaabiloos adda durummaa Liyooniitiin hanga diiganiinitti amantii Tawaahidoo takkittii irratti adda addummaa hin qabduuyyu.

Duulli baballatee Diyaabiloos ijaaramee waggoota 1500 caalaa balleessaa, ari'achaa, jiraatee baduu diddee, kutamuu kan didde Tawaahidoo Ortodooksii Itoophiyaa keessatti cimte qofa dha.

Dhiigni ergamtoota hedduudhaa kan dhangala'e keessatti? Dhiigni nabiyyoota baay'ee kan faca'e biyya eenyuuttidha? Gootonni Wangeelaa hedduun kan galaafataman keessatti dha? Room(Xaaliyaan), Baha fagoo, Awroppaa, Afrikaans Kaabaa seenaa keessan hojii keessan sakatta'aa! Dhiigni qulqulluun harka keessan jira waan ta'eef.

Itoohiyaan ergamtoota, nabiyyoota, gootota wangeelii ni simatte male hin balleessine. Osoo hin argin kan amanan qulqulloota dha. Fagoodhaa dhageechee amante hamma har'aas dhaabatte. Harra waa'ee sin muuseewwan badii baay'ee barreessuun ni danda'ama. Gootota Tawaahidoo Itoophiyaa siniin waraanan muraasan kaasa. Abbaa Giyoorgiis ZaGaasiccaa, walitti qabaa waldaa hayyootaa Alaqaa Aayyaaleew, Nibuure'id Eermiyaas faa, Aabbaa TaklaMaariyaam faa, Abuna Taklahaymaanot(ergamaa) faa, isinuma keessaa kan bahan Aabbaa Pheexeliyoon, Aabbaa Liqaanoos sinuma jalaa godaananii Itoophiyaa kan jiraatan kaasuun ni danda'ama.

Raajii Isaayyaas 47: 1 -- 15

Raajii Eermiyaas 17: 5 -- 8

Gootonni wangeelaa Itoophiyaa daran hedduudha. Kanaaf kitaaba Haymaanoota Abaw dubbisuun ni fayyada. Diina fuuldura dhaabatu adda baasuun hin rakkisu, adda baasuun kan nama rakkisu jeedala gogaa hoolaa uffatedha diina baay'ee cimaadhasi.

M/O/Tawaa. Itoophiyaaballeessuu Kaatolikoota jeedala gogaa hoolaa uffatan ta'uun hiriiran kan dursu hin jiru. Isaan biroo diinota fuuldura dhaabatanidha. Kaatoolikiin Tsaggaa, Qibaata jechuun Itoophiyaa keessatti adda addummaa uumuuf baayyee kan ifaajjedha. Har'as badii ishee irraa kan hin deebinedha.

Raajii Isaayyaas 5: 18 -- 28

Kaatolikiin har'a maal gooti? Kaatolikiin diinota hedduu kan biqilchitedha. Ergaa lakkoofsa 1 fi ergaa lakkoofsa 2 irratti akka mullifametti biyya ishee, teessoo ishee Room Irraa ka'ee hanga addunyaatti hojii cubbuu bittiinnaa'e raggaasiftee kan bobbaastudha.

Beekumsaan boonuun, hojii badii ishee akka hojii gaariitti yaadachuun, maallaqa sassaabuun, Sadoomota of keessatti guddisuun, manasheettis wal fuusisuun lubbu balleessitoota eebbisuun yakkamtoota addunyaatti lakkoofsa 1 ta'an Baabiloon(Ameerikaa), Awroppaa balleessaa isaaniitiin kan jajjabeessitudha. Kaatolikiin hunda caalaa gufuu dhugaa hamaadha. Jeedala fayyaalessota gara dhugaa dhufan butuun qabdu dha.

Gooftaan duratti bara 1500 caalaa daandii balleessaa irra cimtee kan dhaabatte har'as sanumaan kan jirtu, kanumaan itti fufuuf kan murteessutesi. Murtiin ishee ara 431 irraa kaasee yeroo waggoota 1500 hin hanqanneef ilaalamaa baheera. Gooftaan hojii ishee osoo madaaluadeemsa ishee osoo safaru obsaan waancaan guutee dhangala'utti obseen, namoonni dhugaas yoo dhufaniif ari'aa, hidhaa, ajjeesaa jiraatte. Hunudumaa maqaa wangeeliitiin haguuggii maqaa Qulqulluu Waaqayyootiin yoo raawwaattu Gooftaan ilaale. Gamma dhiiga Qulqulluu harkaan isheetti guute safare, afaan ishee mi'eessitee nama meeqa akka balleessite arge. Osoo hin saalfatin gatii Gooftaan kafale irratti qoostejeedaloota gogaa uffatan kan uffataamantii godhatan, beekumsaan boonan, beekumsaan nu gaarii dha jedhan, gooftaan isaanii beekumsa ta'ee hedduu duulchite Kanas arge kabaja Dubroo Maariyaam hir'iftee Foon isa Ariyaamitti ulfaate Dubroo waliin tokkoon ta'e salphisuuf ifaajje, maqaadhaan kan waamtuun haadha teenya Dubroo gochaan gante. Kaatolikiin ni madaalamte, sakatta'amte, safaramte, murtiin ishee bahe, ergaa lakk. 1n bara 7/3/1998 iyyannoonis ilaalame. Bara 27/9/2000tti ragga'e wanti dhiifamaaf ta'u adeemsa murtii isa bara dheeraa keessatti yoo sakatta'amu dhabame akka murtiittis raawiin murtii isa dhumaa kun bahe.

Yaa Kaatoolikii dhagahi Kaatoolikoonnis dhagahaa akka dhaabataatti, akka dursaa durfamaatti, akka dhuunfaatti, akka tajaajilaa tajaajilamaatti, olka'iinsas ta'eef gad bu'ina kamiinuu, dhoksaanis ifaanis kan jirtan hunduu abidda hammaateen ni calleeffamtu, tokkoon tokkoon manni keessan, dahoon keessan, itti amanamummaan keesan ni harama. Miidhaan keessan hanga har'aa argamee kan hin beekne du'a kan hawwisiisu ta'a. Mallattoon keessan ni bada barbaadamees hin argamu adabbiin isin irra gahu nama arguuf daran sukkaneessa.

Har'a kan agartan rakkoon maallaqaa, diinagdee, industirii, hojii dhabummaa, micciiramuun diinagdee, hunduu jalqaba malee yoom gara adabbii isa ijootti seename! Egaa imalligara dakee, gara dukkanaa, gara qilee A jedhamee eegalameera. Hanga dhumaatti itti fufa. Ergaa lakk 1tti ergaa lakk 2tti akka agarsiifametti hargansuudhaaf yeroon hin kennamu. Badiinsi keessan gosti isaa adda dha, adabbiin keessanis namuu kan hin yaadne ni ta'asi ni ta'a jedhamee kan hin yaadamne ta'asi.

Harganuuf, fayyuuf, baraaramuuf kan danda'amu akka dhaabbataatti Kaatolikummaadhaan ammaan achi nan dhaabbadha jedhanii abjoomuudhaanii miti. Waan hunda keessan Waaqayyoodhaaf bichisiisuu, harka keessan shakkii tokko malee amantii Tawaahidootiif kennuuqofaani. Akka hoogganaattis, akka dhuunfaattis hunduu rakkoon yoo itti cimu karaan fayyinaa qaawwa tokko qofa.

Amantii Taw/It/O jeedaloota amma jiran irraa Qulqulluu taatultoophiyaatti mootomtu jalatti kufuun qofa.

Raajii Hisqi'eel 34: 17 -- 19

Hojimaatni hafuurawaas fooniis addunyaa hundaaf kan burqu Itoophiyaa irraa qofa ta'a.

Har'aa Itoophiyaa keessa kan jiran hooggantoonni hafuuraashooggantoonni fooniis hunduu murtooWaaqayyootiin kan ilaalaman yoo ta'u madaalamanii, safaramanii daran kan salphatan waan ta'aniif murtoo Waaqayyoon murteesseef ni fudhatu. Isin keessaayis essawuu has jiraatu Phaaphaasiis ta'uu dursaan phaaohaasii, qeesiis ta'u diyaaqonii hunduu ni sakatta'ama. Amanaanis ni sakatta'ama, ni calleeffama. Kana jalaa kan bahu abbaa hireeti.

Nami kamuu miliquu kan danda'u gorsa hanga har'aatti kennametti fayyadamee yoo ta'edha. Kana yoo godhe galmee dhiifamaa irratti barreeffameera jechuudha. Yoo hingodhin ammoo abiddaan calleeffamaa yookis ni darba yookis ammoo ni fayya kun murtoo Gooftaati. An garuu kanin siniin jedhu miidhamaas ta'u ofii keessan rakkoo Iraq dahachuuf Waaqayyo Olaanaaf harkakeessan kennachuun jalaa bahaadhan jedha.

4. B. Pirootestaantii

Amantiin kun amantii Kaatoolikii irraa adda bahee dha. Hundeessaan isaa Maartiin Luutar hooggantoota Kaatoolikii waliin walitti bu'e, kanaanis fincilaan adda ba'e (**protest**) fincila godhe. Maqaan isaanii akka ibsu finciltoota, mormitoota dha. Mormituun amantii ishee duraa Kaatoolikii yoo taatu gadaamessa isheetii kan bahan ammoo wanta isheen barsiisteen sanuma qabatanii kan mormuudhaan guddatan Pirootestaantota dha. Kaatolikiin gadaamessiishee kan baasu fincilaa qofa dha. Kanaafis pirooteest gootonni hedduu dha. Anjeliikaan, guyyaa 7ffaa (Adveentiistota), Piriisbaayreeriyaan, Joovaa wiitnes maal lakkaawaman biyya keenyatti qofa gartuleenpirootestaantota 10 caalaa guutaniiru. Makaana Iyyasuus, Qaala Hiywot, Mulu Wangeel..isaan ijoo dha. Qalbeeffadhaa ilmaan namaa.

Hanga bara 431 ALA addunyaa guutuu irratti cimtee kan turte Tawaahidoo Ortodooksii dha. Dursa adda baatee kan baate Kaatoolikii yoo taatu, gadaamessa Kaatoolikii keessaa ammoo Pirooteestaantii gadaamessaPirooteestaantii keessaa ammoo mormituun lakkaawamnee hin dhumne dhalataniiru. Kunniin hunduu ajandaa Diyaabiloos kennuuf raawwachiisuuf kan iyyaa kan jiranidha.

Raajii Isaayyaas 9: 13 --17

Dhugaa saalfii malee balleessuuf kan akka Pirootestaantii ija babaase hin jiru. Jecha Gooftaa ni fofottoqsu,Eebba Waaqayyo irraa fayyinakeenyaaf, nuuf kadhachuuf , haadhummaadhaaf nuuf kennamte Dubroo, Haadha fayyinaa keenyaa nuuf kadhachuu isheetiin addunyaa kan baraaartu ni tuffatu. Ergamtoota qulqulloota isaan abiddaan guutaman, Gooftaa abidda namuu itti hin siqne irratti teessoo isaa

diriirse duraa yeroo hunda dhaabatan akka nama ergamaa salphaatti lakkaawuun kabaja isaanii hir'isaa, sanyii ilma namaa hindaaf kadhachuun, yeroo gaddaa sossobuun, Lola loluun, yoo balleessu deebisuun, eebbifamu eebbisuun, kan ciman tuffachaa kan oolaniifi bulanidha. Ijoolleen seexanaa kaysii kunneen kabaja Gooftaa gara isa nuuf kadhatuutti had buusuun Gooftaa kadhatamu kadhataa kan godhanidha. Ergaa kanaan isaan waliin falmii gochuuf kan yaadamee miti raawwii murtoo isaanii akka beekan malee.

Kunneen meshaalee Diyaabiloos dhugaa balleessuuf ciman keessaa ijoo dha. Addunyaa guututti Kaatolikiitti aanees kan baay'atanii argamanidha. Baabiloon ijoon (Ameerikaa) amantaan mootummaa ishee Pirootestaantiidha. Ulaagaalee bulchitoota ishee itti safartu 7 keessaa tokko hordofaa amantii Kaatoolikii ta'uudha. Baabiloon ammoo ijoo addunyaa badiinsaa har'aati. Warra ija babaasanidha, haadholii badiinsaatisi.

Dhagahi pirootestaantii kan taate hundi muusees taatee ergamaa, biyya kamuu jiraadhu oduu du'aa kee dhagahi. Ergaale lakk 1 lakk 2 irratti murtiin kee ibsameera. Ergaan har'aa raawwii isaa sitting hima. Siruma ardii irraa kan haramtan isini. Fuula lafaa kan irrattiyyuu dahannoon siniif dhiifama hin jiru. Dhiifamni siniif hin jiru. Hafuura Qulqulluu Waaqayyoo irratti kan qoostanidha waan ta'eef.

Qaawwa kamiinuu, mala kamiinuu dahannoo dhiifama hin argattan. Isin akka dhaabataatti kan fudhatu dabrees kan dubbisu yoo jiraate sinuma waliin ida'ama adabbii isaas ni fudhata. Tawaahidoo Ortodooksiin addunyaa guutuu irratti yoo cimtu iddoon qubannaan keessan Si'oolii keessa ta'a. Siniif aduun hin bahu ni dukkanaa'a malee.

Kanaafuu maqaan keessan ni shaarama, dhaabanni keessan ni diigama, bakki walgahii keessan hunduu siruma ni cufama. Iddoo kamittuu maqaan kanaankan sochootan hunduu seera addunyaa guutuu hafuura fi foniin akka bitu murteeffame seera Tawaahidootiin sinitti murteeffama. Qaawwi dhiifamaulaagaa kamiinuu siniif dhiifamu hin jiru. Kun sin irratti kan raawwatamu akka ta'e beekaati eeggadhaa.

4. C Islaalummaa

Isin hordoftoonni amantii kanaa qalbeeffannaan dhagahaa barbadaa'ina irra deddeebiin sin mudachaa jiru hubachuu sin dhibeera waan ta'eef. Adeemsa raawwii xumuraa kanaan maal akka fakkaatu dhagahaa hubadhaa. Islaalummaan amantii siruma dogongore namoota baay'ee badiinsaaf saaxile dha. Islaalummaan asoosama diina Diyaabiloosii kan sheekkoo fakkaatu yoo jenne dhugaa irraa hin fagaannu.

Nama balleessee ani nan jiraadha kan jedhu, saba mataa isaatti du'a kan ajaju, Gannatii dhiigaan dhoqqaa'ee nan seena kan jedhu amantii siruma badedha. Dhaaba amantii hundee kana irra dhaabatee badiinsaaf namaatiif meeshaa waraanaa walitti qabee kanaan amantii hunda diigee fakkii kootiinan hojjedha jedhu yoo ta'u, keessa isaas kan jiran siruma hojjettoota Diyaabiloos kan ta'an dhugaa itti fakkaatee kan dogongoran, akka aadaatti kan qaban, sanyii waliin wal qabsiisanii kan ilaalanhundee sanyii Sunnii, Shiyaat jedhuun kan wall fixan tokko mankaraarsaa (Waahbiyaa) tokko Shiyaat, tokko Sunnii jechaa tokkicha isa biraaf du'a qopheessaafii kan itti walfixu Maallaqa isaafi amantii isaa shaanxaa tokkoon qabsiisee biyyoota hiyyeeyyii irratti kan itti duulchisu meeshaa badiinsaa isaati.

Kanaafuu hordoftoonni amantii kanaa ergaa irratti akka mul'atetti meeshaa waraanaa walitti qabdaniin ofii keessan itti dhumtu. Hanga daaraa taatanitti, gaara quufaa irraa hanga buutamitti, dhabdanii hiyyoomtanii dikee irratti hanga kuftamitti tuulaan qabeenyaa, meeshaa waraanaa keessan hurkee hanga badutti, abiddi badiinsaa , barbadaa'innaa hafuura hin kennine siniif ajajameera. Isin keessaa kan baraaraman dhugaa laphee isaaniitii kan barbaadan Waaqayyoo laphee isaaniirraa kan jaalatan qajeeloo, fayyaaleessa, ajajamoo kan ta'an hojii badiinsaa keessan kan hin jaalanne qofti jalaa bahu gara karaa ifaa is a dhugaa Bataskaana Tawaahidoo Ortodooksii ni sassaabamu.

Raajii Hisqi'eel 22: 1 --5

Carraan kun kan mudatuun abidda dhufuuf jiru is a calleessu keessa dabranii kan fayyaniif. Biyyoonniummatoonnilslaamummaa amantii mootummaa gootan carraa keessan ballinaan waa'ee biyyootaa kan ibsame keessatti argachuu dandeessu.

4. D Budihiizimii, Koonfiishiyes, Shintooyiizimii

Fi amantionni wal fakkaatoon biroos, hordoftoonni amantii kanaa baayyinaan kan argaman : Chaayina, Veetinaam, Jaappaan, Laa'oos, Taayilaandi, Kaamboodiyaa, Barmaa, Neeppaal, fi kkf yoo ta'uummata biliyoona 1.8 hammatu jedhamee tilmaamama. Waan xixinnoon gargar bahu malee hunduu hundeen isaanii Buudihaa dha. Mallattoon isaanii diraagoonii dha. Kanas Chaayinaan qophii olompikii ishee irratti Mana Qulqullummaa isaa waliin mul'istee turte. Biyya mallattoo Diyaabiloos mallattoo koo jettee qabatte ifaan Diyaabiloosiif siidaa dhaabdedha. Hordoftoonni amantii kanaa Waaqa nu Uume jedhanii kan amanan jawwee ta'uu isaatiin amantiin kun sirna Diyaabiloos ifaan itti waageffatamudha.

Guddanneerra, badhaadhofneerra kan jedhan kunneen Chaayinaaniifi ollaawwan ishee dhuguma guddina fooniitiin furdachuun itti mul'ata. Diyaabiloos ishee baddu(Baabiloos) irraa buufata ajajaa isaa gara Peekiingitti kan dabaree fakkaata. Garuu kana osoo hin ta'in istoraateeji Diyaabiloos inni mataa isaa amantii dukkanaa garagaraatiin ibsuu danda'u tokko olkaasuun tokko kuffisuun addunyaa hinaaffaadhaa, wal ficcisiisaan, tokko isa kaan akka tuffatu gochuun itti fayyadamudha. Kanaafuuamantiin kun amantii Diyaabiloos ta'uu isaatiin abiddi isaanirra qubatu siruma kan haru hundee isaaniirraa kan balleessuu ta'a. Badiinsi

biyyoota amantii kanaan hammatamanii cimaafi dafees kan hin badne dha. Ballinaan isaa kan biyyootaa keessatti ni argattu.

4. E Hinduuyizimii

Amantiin kun ballinaan akka mullatutti amantii Hindii keessattibaballate kan ummata miliyoona 800 hin hanqanne hammatedha.

Amantiin kun amantii Waaqota maqaa garagaraa qaban waaqeffatu beeladoota, keessattuuloon akka Gooftaatti kan kabaju yoo ta'u Filisxeemonni, Amaaleqonni, Iyaabussaawonni, Sooriyaawonni bara durii Waaqeffatuun kan turan Bu'ee, Zabu'eel kan har'as qabanii kan jiranidha. Ummatoonni kunniin siruma bulchiinsa dukkanaa Diyaabiloos keessa kan jiranidha. Diyaabiloos akka karoora isaatti akka Chaayinaa qabeenyaan isaan badhaadhomsuufkan itti ifaajudha.

Raajii Isaayyaas 2:12--22

Raajii Eermiyaas 10:2--15

Raajii Isaayyaas 44: 9--16

Isaan cinaa kan jiru giddugala amantii Islaamumaa Saawudii Arabiyaa Makkaa yoo ta'u buufata Diyaabiloos boca isaa isa biraatiin ajajuuni. Ummatoonni kunneen seenaa guddaa kan itti tajaajiltootafi ummatoota Waaqayyoo hedduuhaala olaanaan galaafachuu isaaniitiin yaadatamu kan qabanidha.

Amantiin kun haala hin shakkisiifneen Diyaabiloos bulchiinsa isaa kan itti raawwatudha. Waan ta'eefis amantiin kun hundee isaa irraa hanga badutti abiddaan kan haramu ta'a. Abiddi kanneen irra bu'u isa keessaa sanyiin namaa ni fayyaayii kan jechisiisudha. Danballii dallansuu kana jalaa kan bahan hagam kan eebbifamanidha. Biyyoonni muusee fi tarkaamfachiiftoonni amantii kanaa ballinna biyya biyyaa keessatti niargattu. Biyyuma tana Hindii keessatti hordoftoonni amantii Ortodooksii Tawaahidoo kan jiran yoo ta'u ergaa kana ofeegganoodhaan akka dubbisaniifi qabatan ni gorfamu.

4. F. Oriyentaal Ortodooksii

Amantii baha fagoo, Raashiyaa, Bulgaariyaa, Rumaaniyaa, Istooniyaa, Laativiyaa, Yuukreen, Joorjiyaa, Armaniyaa, fi kan biroottis baayyinaan ifa bahee mul'atee jirudha. Tawaahidoo dhugaa kan qabatanii miti waan ta'eefamantii Kaatoolikii, Anjelikaanii, Pirootestaantii garagaraatiin hunden isaanii kan nyaatame ta'uu isaatiin hanqina isaanii sirreessanii fakkaachuu irraa ta'uutti akka deebi'an Gooftaadhaan adabbiin isaan deebisu kan eeguunidha.

Addunyaa irratti dhaabonni amantaa fakkaatan baay'ee kan jiran yoota'ukunneenis akkanuma madaala murtii Waaqayyootiin kan ilaalaman yoo ta'u haalli adabbii isaanii itti fudhatanis qophaa'eera. Namuuyyuu sanyiin namaa murtii isaa jalaa hulluuqee bahu hin jiru.

Mullata Yohaannis 3:1--6

4. G Amantii fi Bataskaana Tawaahidoo Ortodooksii tiif

Amantiin jecha Waaqayyoo eegdee imaltu, seeraqalbiiirraahangaseera Ooriti ammas ammoo kakuu haaraadhaan hundumaa sirnaan eegdee kan osoo hin hir'isin osoo hin hanqisin abidda qorumsaa guddaa keessa kan jirtu amantiin Tawaahidoo Ortodooksii,

Ishee duraa Gooftaan kan ijaareen ergamtoonni kan waregamaniif, Nabiyyoonni kan itti galaafatamaniif, qorumsaa fi gidiraa ulfaataa baroota kumaatamaa Diyaabiloosiin cimte karroonni gahaannamii hin dandeenyeen amantii Tawaahidoo Ortodooksii.

Dhugumoonni, abiddaan qoramanii baqanii du'aa dhumaa ijoollee isaaniitiif kanceesisaniin dahannoon leencota amantii Tawaahidoo Ortodooksii, Dubroo Maariyaamiin haadhummaa isheetiin kadhattummaa isheetiin, jaalala ishee isa dhugaatiin eegamaa itti eebifamaa amantiin itti turte amantiin Bataskaana Tawaahidoo Ortodooksii !

Iccitii Gooftaa ishee Sillaasotaa (Waaqa Sadeen Tokkichaa) sirriitti kan beekte gatiin kan kafalameef Gooftaan amala tokkoon sadummaa isaa kan addaan hin baane, olaanumaa isaatiin olaanaan olaantotaa, qulquluummaa isaatiin Qulqulluu qulqulloota, aangoo isaatiin aangawoota kan sodaachisu, bulchiinsa isaatiin bulchaa bulchitootaa, yaada isaatiin kan ogeessotaa, waa'ee isaa asii hanga asii kan hin jedhamne, bakka hundatti guutuu ta'ee raajii kan raawwatu yaada namaatiif kan hin tuqamne, kan hin tilmaamamne, ta'uu isaa kan amantu, cimtees kan dhaabatte Tawaahidoo Ortodooksii.

Ijoollee Tawaahidoo addunyaa guutuu jiran ciminaan akka dhaabatan fakkeenya taatee hundaafuu ifa Gooftaa irraa itti kenname ibsaa daakamaa, akaawamaa, boba'aa danbalii abiddaan gidduu kan darbite amantin Ta. Ort. Ithar'a Gooftaan dadhabina ishii ilaale. Jaalala isaatiinis siruma jaalateen.

Amanamtoota isaa ergamoota kabajamoo Gabri'eel, Mikaa'eel, Ruufaa'eel, Faanu'eel, Uraa'eel, Raagu'eel, Saaqu'eel hundaa itti amanamtee jaalatteenii, kadhattummaa isaaniitiin itti hirkattee, jaalala isaaniitiin jaalatamtee, eebba isaaniitiin guutamtee, eegumsa isaaniitiin cimtee kan dhaabatte amantiin Bat/Ort/Taw/It ni yaadamte ni jaalatamte.

Raajii Hisqi'eel 34:25--31

Raajii Isaayyaas 40:9--11

Addunyaa guutuu akka boojii kennameef, Gooftaan jaalateen ishee Itoophiyaatti teessoo isaa cimsuuf murteesse kakate eebba isaatiin arjaa isaatiin yeroo hunda ishee jiisuuf cimse. Kadhannaa, Maahileetii, Qiddaasee ishee keessaa dhangala'u akka shittoo gaariitti jaalate. Gootonni Ortodooksii Taw.It biyya koo abbaan keessan dhufe. Gasaaggasaa! Dubroodhaan, Mikaa'eliin, duuka bu'amee dhufe. Taatanii, fakkachuu irraa fagaattanii, godaantanii beeloftanii, hidhamtamii hiyyoomtanii, qeeqamtanii diina lakkaawamnee hin dhumneen bulchaa akka mootummaa

dhaabateen, amantiilee Diyaabiloos akka dhaabata amanti dhaabatan ardii haguuganiin cingii baraa kuma hedduu sinirra gahe gatiinsaa kafalamuuf Waaqayyodhaanmurteeffame. Kunoo raawwiin isaa bahe. Abbootiin keenya faayaaleen keenya dhiigaa fi lafee gabbaranii Waaqayyodhaan amanamanii imimmaan isaanii dhiiga isaaniitiin jiisaniinii gara isaan hammatamuutti deemanis Gooftaan amanamaan bu'aa kakuu isaa har'aa raawwatu akka argan hafuuraan akka ilaalaniifi waa'ee Gooftummaa isaa isa dinqii akka burraaqan gochuuf murteesse cimse.

Ijoolleen O.Ta.It har'a Bataskaana keessa yeeyyiin hedduu, jeedaloonna gogaa hoolaa uffatan hedduu akka guutan ni beekama. Fakkaachuudhaan kan jiran, amantiha madaala garaatiin kan safaran seera fi amanti M/K kan diigan hundee amanti abbootii durii kan fofottoksanhojjetoota foonii kan ta'an Bataskaana hojii siyaasaatiif dahannoon fi meeshaa itti fayyadamaa kan godhatan keessa kan guutan ta'anis yeeyyii fi jeedaloonna kun Hindi dirqama ni qulqullaahu. Sirumaas abiddaan ni nyaatamu.

Abbootiin, haadholiin, dargaggeeyyiin biyya keenyatti keessattis alas duula diinaa cimina hafuurawaatiin ittisa kan jirtan cimaa jabaadhaa yeroon dhumeeraawwiin murtii xumuraa bahe.

Bara 2001 ayyaanni cuuphaa Bataskaana Ortodooksii Tawaahidootti ciminaafi maalummaan hundumaakan ilaallate natti fakkaata. Guyyaa sanitti jaalala ummataatiin Gooftaan itti gammadeera. Aduu akka abiddaa gubaa ture duumessaan bakka buuseera ayyaana boodas rooba buuseera. Kanaanis Ijoolleen Tawaahidoo ta'uudhaan imalu hunduu homaa miti jecha diinaa bor gatii waan itti kafalaniif hin cingaminaa ani gabrichi isaa dhiifama tokko malee balleessaa isaatiif nan kaahaaf. Abiddi cimaan calleessaan dhangala'uuf ajajameera.

Waa'ee raawwiin ballinaa mata duree waa'ee Itoophiyaa jalatti kan barreeffame hubanoon dubbisaa.

Raajii Isaayyaas 40: 3 -- 11

Raajii Isaayyaas boq. 12 guutuu

5. Ardiiwwan: mata dureen kun kutaalee ardii walumaagalattiifi haala gabaabaa ta'een kan ilaallu yoo ta'u ballinaan waa'ee biyyootaa jalatti hunduu ni ibsama.

5. A Ameerikaa kaabaaRaajiiEermiyaasboq51guutuu

Ardiin kun kara dhihaa Atlaantikii kaabaatti kan argamu yoo ta'u ardii Ameerikaa(Baabiloon), Kaanaadaan, Meeksikoon itti argamanidha. Madda sagaagalummaa, ajjeechaa, saamuu, badiinsaa hundaa kan taste Ameerikaan asitti argamti. Lameen Kaanaadaaniifi Meeksikoon tokko kaabaan tokko kibbaan, biyyoota Ameerikaadhaaf karraeegaa fakkaatanii dhaabatanidha. Warri adiin

Awroppaa irraa godaan dhalattoota biyyaa kan akka Reed lindiyaansi, kan akka Maayaansi faa balleessuudhaan yeroo dheeraadhaaf kibbaan Ingiliiz kaabaan Faransaay waraanaa erganii galaafachaa bahanii Kaanaadaa fi (Kiyuubeek) Faransaay yoo qabattu, Ameerikaas Ingiliiz qabatteerti. Kibba Ameerikaa kan jirtu Meeksikoo ammoo Ispeen qabatee jirti. Kolonii yeroo dheeraa booda bilisa bahan jedhamus dhalattoota balleessanii Faransaayota Kaanaadaatti, Aayrishoota Ingiliizotaa ammoo Ameerikaatti kan ofii isaanii godhatan. Faransaay fi Ingiliiz keessaa bahanii waggoota 200 har'aa eegalanii mootummaa hundeessanii yoo jiraatan Ingiliizonni keessattuu gara Afrikaa dhihaaduuluungurraachota akka horiitti oofanii qonna tamboo isaaniitiif ittifayyadamaniiru. Gurraachonni Ameerikaatti qubatan hunduu Afrikaadhaa kan deeman kan geejjibamanidha.

Waggaa 200 har'aa irraa eegaleeindustiriin sagaagalummaa akka biyyaatti biqile maddii fi ka'umsi isaa Awroppaa ta'us daran bal'ateefi gurmaa'ee addunyaa kan waliin gahe Ameerikaa irraa ka'uudhaani.

5. B. Laatiin Ameerikaa: Ardii kanatti Biraaziil, Arjantiinaa, Vewnuweelaa, Chiilii, Kolombiyaa, Ikuwaadoor, Booliiviyaa, Guwaatimaalaa, Koostaarikaa, Nikaaraaguwaa, Kuubaa, Paaraaguwaay, Uraaguwaay, Guuyaanaa, Eelsaalvaadoor, Hoonduraas, Beeliiz, Jaamaayikaa, Heeyitii, Bahamas, Suumaatraa, Fireenchi, Triinaandifi Toobeegoo kan argaman yoo ta'u kunniin biyyoota kolonii Ispeen fi Poorchugaal jalaturan yoo ta'u Afaan isaaniilspaanishiidha. Giriinaadaa, Sent Viinsent, Baarbeedoos, Maartiin(Faransaay), Gaadlaappi(Faransaay), Seenti Kiinti Neeviis, Aatis Neeviis, Antiguwaa fi Baarbaadoo, Anguuliyaa(Ingiliiz), Varjin Aayilaandi(Ingiliiz), kunniin ammoo Idoolawwan xixinnoo yoo ta'an Ameerikaa kibbaatti karaKaaba bahaatti kan argaman dhiibbaa Ingiliiz fi Faransaay jala kan jiranidha.

Biyyoonni kunneen baayyinaan xiinsammuun isaanii wal fakkaataa dha. Qabeenya uumamaatiin kan badhaadhan rooba kan argatanidha. Lakkoofsi ummataa walitti miliyoona 200 hin hanqatan jedhama isaankeessa:

Kaatolikiin baayyinaan kan itti baballatte yoo ta'u sadarkaa lammaffaaati Pirootestaantii itti aanee Islaamni yoo jiraatu hordofaan amantii Tawaahidoo Ortodooksii dhuunfaadhaanis ta'ee Bataskaanni kan itti dhaabatte hin jiru. Jaamaayikaan hundee qabsiisummaa Raastafariyaaniitiin Itoophiyaaf jaalala qabu. Hordoftoota amantii Tawaahidoo garuu miti.

Ardii kanatti sagaagalummaan hundee kan qabate dha. Aadaan isaaniis, gochi isaaniis, sirbi isaaniis hunduu sagaagalummaa kan baballisudha. Baala sammuu hadoochuu oomishuu fi fayyadamuun kan beekamanidha. Naannoon kun bittaa cunqusaan ummata isa biraa irraan geesse jiraachuu baatus seera Waaqayyootii bahee seera Diyaabiloosiin kan hoogganamudha. Waan ta'eefis akkadhuunfaa, akka biyyaa, adabbii cimaan kan itti dhamnala'udha. Ba'aa biyya biyyaasballinaan kan biyyootaa keessatti ni argattu.

5. C. Baha dhihoo:

Ardiin kun badiinsi namaa cimee kan itti mullatudha.

Naannoo kanatti Saawudii Arabiyaa, Sooriyaa, Iiraq, Yaman, Israa'el, Liibaanoos, Turkii, Aamaan, Kuwaataar, Eemireetis, Kuweet, Duubaayi, Baahireen, argamu. Biyyoota kanneen gidduu wal qunnamtii walxaxaatu argama. Naannoo kanaaf Juudeezimiin Israa'elitti, Islaalummaan isaan birootti kan amanamuufi kan ittiin jiraatamu yoo ta'u, biyyootiin dhiibbaa garagaraa jala jiru. Islaalummaan bifa lama qaba: tokko Shiyaat too ta'u kuun Sunnii kan jedhamuufi kan waliif hin taanedha. Lameenuu diinni walee isaanii immoo amantii Ayhuudii Israa'elii fi Israa'elidha. Naannoo kanatti sababni walitti bu'iinsaa guddaan ummata Filisxeemiiti.

Bu'uurri diinagdee isaanii qabeenya boba'aati. Hunduu yoo walitti ida'aman ummata gara miliyoona dhibbaa dhiyaatan ta'u. Biyyoonni sanyiin Sunnii itti baayatan 7an Saawudii fi Baahireen, Oomaan, Eemireetis, Kuwaataar, Kuweet, Duubaay yoo ta'an kunneen waliin kan dhaabatan boba'aadhaan qabeenyaa olaanaan kan sassaabanidha. Iiraq Sunnii fi Shiyaat kan itti wal fixan yoo ta'u liraan naannoo Eeshiyaa taatus Shiyaatota kan deeggartudha. Sooriyaanis akkanuma walitti qabama Sunnii fi Shiyatiidha. Liibaanoos Kiristaanota Maaroonaayitii Shiyaat Sunniis kan qabattedha.

Naannoo kanatti deggartoonni Ameerikaa deeggartoonni Awroppaa, deggartoonni Raashiyaa deggartoonni Iraan deeggartoonni mankaraarsitootaa kan itti argaman yoo ta'u barbadaa'inni hamaan itti adeemsifamaa kan jirudhasi. Naannoo kanatti kan Islaalummaan hundee fi teessoo isaa kan gurmeeffate.

Naanoon kun siruma namuu kan tilmaamuun olitti dallansaa fi abidda Waaqayyoo guddaadhaan kan haramudha. Naannoo kanatti kan hafu yoo jiraate nama muraasaa fi tuulaa simiintoo qofa.

Ba'aan hundaa ballina biyya biyyaa keessatti ni argama.

5.D. Awroppaa: Isaayyaas 47:1--15

Eermiyaas 50:24--32

Naanoon kun handhuura ardiileeti jechuu ni dandeenya.

Biyyoonni naannoo kanatti hammataman Ingiliiz, Faransaay, Ispeen, Poorchugaal, Jarman, Xaaliyaan, Deenmaarki, Giriik, Albaaniyaa, Oostiriya, Poolaandi, Hangaarii, Ruumaaniyaa, Yuigoozlaaviyaa, Cheek, Kirooshiyaa, Bulgaariyaa, Hoolaandi, Istooniyaa, Laatiiviyaa, Litooniyaa, Beelaaruus kkf dha.

Awroppaan keessattuu Ingiliiz, Faransaay, Ispeen, Poorchugaal, Beeljiyem, Jarman, Xaaliyaan kunneen maalummaa Awroppaatiif waliin kan ifaajanidha. Awroppaan argamni ganuu, falaasamaa, saayinsii kan itti uumamedha. Ganuu Kaarli Maarkis fa'aan, amantii falaasamaa kan faallesu Chaarlis Daawriin, argamoonni saayinsii garagaraatiin naannoo kanaa kan burqanidha. Naannoon kun biyyoonni addunyaa koloniidhaan bituuf bahan 7 hin hanqanne itti argamudha. Bara tokko addunyaa guutuu bitaniiru jechuun ni danda'ama.

Amantii Tawaahidoo Ortodooksii faallaa ta'uun kan beekaman Kaatolikiin, Aanjelikaaniin, Pirootestaantiin asumaa kan maddanidha.

Har'aa addunyaa bitamaa diinagdee fi siyaasaa kan godhan Ameerikaa fi Awroppaa dha. Falaasamaa dimokraasii kan fidhataniifi dirqisiiftotasi. Isaan kan ittiin hin yakkamne isaan biroo kan itti yakkan. Murtiin kan itti dhiyeessan Mana murtii akka Heegii jiran kan qabanidha. Haala itti hidhanis kan gurmeessanidha. Dhaabbata Gamtaa Awroppaa jedhamuufi Dhaabbata waraanaa Neetoo jedhamu Baabiloon waliin gamtaan dhaabanii biyyoota biroo kan ittiin rukutanidha. Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii, dhaabbata murtiidhuma Awuroppaa fi Ameerikaa kanaaf bitamudha. Biyyoota hiyyeeyyii akka bitan akka oofan Dhaabbata godhudha. Kennaa isaanii maqaa misoomaatiin kan raabsudha. Baabilooniifi Awroppaan kunneen, Aay Emmi Effi, Baankii addunyaa dhaabanii hunduu seera maallaqa isaaniitiin kan bitamudha liqeessaas, gargaaraas, dhoorkaas dha isaan.

Industirii sagaagalummaa, xaaraa gantummaa, burqaa oftuummaa, handhuura falaasamaa, saayinsii beekumsaan kan qajeelfamanidha. Asuma Awroppaatti dha hundeen qaalichummaa, urjii lakkooftuu kan jiru. Ijoollee Awroppaatti Ameerikaatti kan qubatan. Walumaagalatti ummatoonni miliyoona 400 hin hanqanne kunneen hoogganooota isaanii waliin, dhaabbilee isaanii waliin haraa abiddaa guddaadhaan kan haramanidha. Biyyi isaanii namni kan itti badu , bineensi kan itti burraaqu, hantuunni kan itti horu ta'a.

Ba'aan tokkoon tokkoo biyyaafi adabbii isaanii ballina biyyoota keessatti ibsama.

5. E. Iskaandineeviyaa: Siwiidin, Noorweey, Fiinlaandi, dhiheenyaan Giriinlaandi, Ayislaandi kan itti argamanidha. Kunneenis Awroppaa irraa kan adda hin baane madaaluma kanaan kan madaalamamidha.

5. F. Eeshiyaa: Naanoon kun naannoo ardii bal'aa, ummata baay'ee kan qabudha. Biyyoonni kana keessatti argaman Raashiyaa, Afgaanistaan, Hindii, Paakistaan, Turkemniistaan, Iraan, Kaazaakistaan, Uzbeekistaan, Kirgistaan, Taajikistaan, Maaynaamar(Barmaa), Taayilaandi, Kaamboodiyaa, Veetinaam, Chaayinaa, Maaleezhiyaa, Indooneezhiyaa, Filiippiinsi, Laa'oos, Hoongi Koongi, Taayiwaan, Kooriyaa Kaabaa, Kooriyaa kibbaa, Jaappaan, Moongooliyaa, Siingaappoor, Neeppaal, Sirii Laankaa, Armeeniyaa, ni argamu.

Naannoon kun ummata addunyaa walakkaa qabata jedhamee yaadama. Ummatni gara miliyoona 3 dhiyaatus itti jiraata. Baayyinaan Waaqa fakkii(bocamaa) kan waaqeffatudha. Hodofaan Islaalummaa marnkaraarsaan naannoo kanatti argama. Indooneezhiyaa, Afgaanistaan, Hindiittis Musliimni miliyoona 200 dhiyaatu kan jiraatu yoo ta'ulraan faan Islaalummaa mankaraarsaa mootummadhaan adeemsisu. Naannoo kanatti amanaan Ortodooksii miliyoona 100 hin hanqanne Raashiyaatti argamu jira. Kaatolikiinis akkanuma ni jira. Naannoo kanatti amantii dhabeessi baayyeenis jira. Walumatti calaqqiin aadaa, amantii, siyaasaa baayyee walxaxaa kan qabatedha.

Ballina biyyootaa keessatti ilaaluuf yaalaa.

5. G. Afrikaa: Afrikaan baayyinaan hiyyummaa isaatiin kan beekamu ummata miliyoona 700 hin hanqanne kan hammate ta'uun isaa ni tilmaamama.

Ardiin kun kan wal dhahe bulchiinsi siruma ummataaf hin mijoofne haguugenidha. Dhibbaan Ameerikaa, Awuroppaa, Eeshiyaa, gosa hundaa kan irra jiru yoo ta'u Ingiliiz, Faransaay, Beeljiyem Xaaliyaan, Jarman, poorchugaal, Ispeen wal saamanii kan bitaniin kan saamaniinidha.

Itoophiyaa, Ijpti, Sudaan, Aljeeriyaa, Liibiyaa, Moorookoo, Tuuniiziyaa, Soomaaliyaa, Mooritaaniyaa, Maalii, Nijar, Chaad, Afrikaa giddugalaa, Kaameruu, Seenegaal, Gaambiyaa, Giinii Bisaawu, Seeraaliyoon, Laayibeeriyaa, Ayvoorikoosti, Gaanaa, Beeniin, Naayjeeriyaa, Gaaboon, Aangoolaa, Ikuwaatooriyaal Giinii, Zaambiyaa, Naamiibiyaa, Bootisiwaanaa, Afrikaa Kibbaa, Leeseetoo, Swaazilaandii, Maadagaaskaar, Maalaawii, Taanzaaniyaa, Keeniyaa, Uugaandaa, Burundii, Ruwaandaa kan itti argamanidha. Gita bittoonni armaan olitti ibsaman addunyaa guututti duulanii uumaniin biyyoota gadhiisanii gara bittaa dhoksaatti yoo jijjiiran Afrikaawotaaf daangaa isaanii kan murteessaniif kanneenuma saamtota Awroppaa ti.

Afrikaan iddoo walgahii amantii hundaati. Afrikaan dhiibbaan siyaasaa Awroppaa fi Eeshiyaa humna cimaadhaan kan irra qubatedha. Naanoo kana adda kan godhu ilkaan addunyaa seentee dhiibamaa kan turte harras addunyaaf taateen rifachiisaan kan itti uumame biyyi koo Itoophiyaan keessatti argamuu isheeti.

Carraa naannoo kanaa ballina biyya biyyaa keessatti ilaalaa.

5.H. Awustiraaliyaa: Naanoon kun biyya guddaa tokko. Odoola muraasa qabateeralsaanis Awustiraaliyaa, Niiw Ziilaandi, Paappuwaa nii Giinii, Fijii fa'a.

Naanoon kun Ingiliizonni gita bittaaadhaan kan qabataniin yoo ta'unamoota dura jiran siruma balleessaniitajaajiltoota godhanii dhaalanii kan ijaaraniin har'as warra adii jala kan jiranidha. Awustiraaliyaa Ingiliiz xiqqittii osoo jenneenii salphaa ta'a.

Carraa kanneeniis ballina keessatti argattaniin.

6. Carraa biyyootaa ballinaan

Ballina kana jalatti biyyoota tokko tokko yookin sanaan ol walumatti carraan isaanii kan ibsamu yoo ta'u, kun kan ta'u gad fageenyi siyaasaa, amantii, walitti dhiyeenyaa fi walfakkeemya ummataaf, ollummaa fi sosochii eega ilaalameen booda. Kan ibsamus carraan isaanii, ba'aan isaanii biyyoonni ida'amaan ibsaman akka tokkootti raawwiin ta'uu isaa kan mirkaneessudha.

6. A Ameerikaa (Baabiloon) Kaanaadaa

Mataduree kanaan Ameerikaa naannolee 52 hammattee carraa ishee ilaalla. Ameerikaa kan hin beekne ardii tana irra hin jiru. Kan barates kan hin barannes ni beekaan. Abjuun namoota hedduu Ameerikaa deemuudha. Ameerikaan akka Gannataatti kan ilaalamtudha. Dubartoonni ulfaa dhaluuf garas imalu daa'imni inni dhalu lammummaa akka argatu, Diivii guutuu Ameerikaa seenuufi badhaaguutuuhunduu Ameerikaa deemu narra jira kan jedhudha.

Mullata Yohaannis 18 guutuu

Addunyaan guutuu walitti hidhama daldala, bulchiinsa, aadaa Ameerikaa waliin walqabate hin goone hin jiru. Ameerikaan murteessituu carraa biyyoota hundaati. Mootummaa itti told ni dhaabdi kan jibbite ni kuffisti. Kan faallaa isheedhaabate irree waraanaa isheetiin ni rukutti, dhimmi biyyootaa Ameerikaan keessa hin seenne hin jiru. Hunduu kiniini isheerraa burqu isa Dimokraasii jedhamu kan liqimsudha. Qajeelchi, ajajni isheerraa maddu mootummoonni hundi kan raawwatanidha.

Ameerikaan Gooftaa hin labsamnedha Baabiloon sanyii namaa hundaa gara Industirii sagaagalummaa argamees dhagahamees hin beekamnetti kan galchitedha. Baabiloon (Ameerikaan) mahaandisaa fi karaa baastuu sagaagalummaa, saamuu, sanyummaa, wal fixiinsaati. Ameerikaan lama sadaffaa qabeenya addunyaa kan sassaabdedha. Tokkoon tokkoon naannoleen ishee yoo xinnaate diinagdee biyya Awroppaa giddugalaa tokkoo kan qabatanidha.

Ameerikaan isheetti aananii qabeenya isaaniitiin kan dhaabatan kan gurmaahan Jaappaan faa, Jarman, Ingiliiz, Kaanaadaa faa biyyoota fakkaatan jala ishee kan gootedha. Addunyaa guutuun tajaajilaa Ameerikaati. Biyyoonni hiyyummaan jiran Ameerikaadhaan dabalatatti muudamtoota isheetiif biyyoota Awroppaatiifis ajajamuun dirqama kan qabanidha. Gooftaa lamaan kan butamanisidha. Sanaan olis dhiibbaa Chaayinaa, Raashiyaa, Hindii jala kan kufanisi.

Addunyaa guutuun Ameerikaa akka abbaa isaa akka Uumaa isaatti ilaala. Diyaabiloos buufata ajaja isaa isa guddaa kan godhate Ameerikaatti dha. Itti aanees waajjira isaa Awroppaa, Eeshiyaa, Baha dhiyootti haaluma kanaan gurmeesseera. Kanaan booda hundumaaf akkahuman isaatti buufata ajajaa dhaabee ajajaan. Bitaan. Ameerikaan burqaa sagaagalummaa, burqaa qabeenyaa, warra ayyaanaa, qaalluu, ameerikaa mahaandisii saamiinsa mootummawaa, ameerikaa galaafattuu, Ameerikaa dahannoo namoota sanyiidhaan yaadanii, Ameerikaan burqisiistuu gocha dukkanaa hundaati.

Raajii Isaayyaas 34:1--15

Ameerikaan giddugala waajjira olaanaa mootummoota gamtoomaniiti. Waajjirichi bajatni olaanaan isheerraa kan dhangala'uuf, kan hafe Awroppaa irraa kan itti ida'amuufidha. Afaan biraatiin abukaatoo fi dhimma raawwachiisaa Ameerikaati. Addunyaab Ameerikaa, Raashiyaa, Ingiliiz, Chaayinaa, Faransaay kanneeniin adda durummaadhaan meeshaalee waraanaa Niikulerii, Keemikaalii, Niiwutiroonii adda durummaan qabataniin fiixee baduu irra kan jiranidha. Neetoon, irree ameerikaa isa tokko yoo ta'u akkasumas Siyaatoon irree ishee isa biraati. Walumaagalatti Ameerikaan carallaa, saatalaayitii, meeshaa waraanaa, bidiruu waraanaa, jeettii, boombii, maallaqaan hundaanuu biyya adda dureettii ajajduu dha. Ameerikaa amantiileen garagaraa kan itti argamanidha. Adda durummaan Pirootestaantii, Kaatoolikii, Islaama, gantuu, amantiin addunyaa irra jiran hunduu kan itti qubatanisi. Ameerikaan sanyiin namaa ardii irratti Si'oolii(qilillee) kan itti shaakalu, adeemsa bittaa fi xumura badiiDiyaabiloos kan itti arganidha. Ameerikaan ogummaa isheetiin kan boonte bu'aa wantoota saayinsii isheetiin kan oftuuulte, ejjennoo ifaafi hin shakkisiifneen seera Waaqayyootiin olaanaa diigdee, addunyaa biraatiyis harte, naannoo addunyaa kamiittuu seera Diyaabiloos bakka buuftee seera dukkanaa bakka buufteefis dhaabbatee qabsaahaa kan jirtudha. Ijoollee Waaqayyoo fuula lafaatii balleessuuf kan geechesi. Bu'aan isaa faallaa kanaa osoo hin ta'in kan hin hafne ta'us.

Raajii Isaayyaas boq. 47 guutuu

Kanaafis ergaa bara 1998 sadaasa 7tti barreeffameen carraan ishee maal akka ta'u itti himame, waggaa sadi in booda 27/9/2000tti akeekkachiifnii fi murtiin dhumaa ibsame carraan ishee hundi ifaan itti himame. Biyyattiin tun madda oftuumummaa hundaa waan taateef ergaalee kana jecha fi dubbii maraataa irraa caalchiftee hin ilaalle. Ana ergaa geechisaas akka nama abjoomaatti lakkoofteetti isheerraa kan tolchaman hoogantoonni Awroppaa, Eeshiyaa, Ameerikaa, Afrikaa fi kan biyyuma koos ni baacan, haata'uutii turtiin isaanii ji'a 3 qofa ture malee. Hammuma kolfaniin tuulaan qabeenyaa, maallaqaa abbaa isaanii Ameerikaa rakkoon diinagdeetiin yoo unkuramu akka gagaa yoo baqu kolfi dhaabatee gadda ta'e. Karoora, walgahii ariifachiisaa, baay'inni furmaataa laf kaahame hunduu jedhame mataa qabatamee maaltu wayya jedhame. Ani maraattichi maraatummaan koo siniif, abbaa sammuu ta'uun kooWaaqayyoo yaada sammuu naaf kenneef, gabrummaan koo Gooftaa na uumeefi. Har'a ammoo ciniinsuun kee eegale, ganaa yoo itti fufe Baabiloon(Ameerikaa) gooftaan kee gooftummaan, ogummaan, gamnummaan, dahoo tahuun, madda qabeenyaa tahuun ishee kunoo abidda cimaadhaan ni calleeffama. Gooftaa keessani waan taheef murtii Gooftaa tuffattanii, abidda dallansuu isaa jalaa hin baatan. Isinis yaalaa yoo miliqxaan arguuf jirra.

Ergaalee lameeniinuu akka ibsametti hargansuun hin jiru. Karoora laf kaahaa mala gurmeessaa, Ijoolleen Diyaabiloos yoomuu ta'u arrabni keessan hin du'u. Abbaan keessan Diyaabiloos karaa itti sin guddiseen gufachaa gara du'a keessan dhumaa dabartu malee deebi'uun hin jiru.

- Namoonni ishee keessaa bahan abiddichaan yoo aaraniifi abiddi yoo boba'u addunyaa maraaf ni mul'ata michuulee amanamoo iaheetiifis ni gaha.
- Namoonni keessaa bahan jiraatanis yeroo dheeraaf gaaddidduun sodaa fi rifaatuu irraa hin fagaatu.
- Meeshaan waraanaa qooheessite martuu essas has gootu eessa isaan michuu jettu waliin ni bada. Mallattoon isaas hin argamu.
- Sanyii namaa bituuf, didu fixuuf kan qopheesaitan meeshaan Niikularii, Baayoloojikaalii, Keemikaalii jeettiin, saatalaayitiin bidiruun summiin hunduu ajajdoota, raawwattoota, murteessitoota waliin badu.
- Baabiloon tana keessatti kan biqile iddoon guddina, badhaadhina cubbuu, itti fayyadamni Diyaabiloos hunduu ni bada. Ishee keessa kan jiran Sadoomonni, sagaagaloonni, ajjeeftoonni, qabeenya, beekumsa isaaniitiin kan oftulan hundi seera Waaqaa kan tuffatan hundi hiogganaas hooganamaas amantiiti kan jedhan fi dhugaa kan tuffatan (Kaatoolikiin, pirootestaantiin, budihiistiin, koominiistiin, kan biroos) hoogganaa waraanaati, hoogganaa nageenyaati, miseensa mana mareeti, seenaatara, biyya bulchaadha, abbaa kubbaaniyyaati, hayyuudha kan jedhan hundi argiisonni keessa ishee biqilan hundi ni harama ni badu.
- Ardittiin bineeyyii baatteen mara irraa ni qulqulloofti bilisa ni baati.
- Baabiloon sanyii namaatiif kan qopheessite hundi ofii isheetiif kan unattu ta'a. Dallansi yoo dhangala'uuf eenyutu jalaa ba'a? Namuu hin bahu abiddi osoo hin sakatta'iniin kan miliqu in jiru. Adda isaatti mallattoo yoo qabaate ni fayya. Yoo hin jirre hin jiru. Ergaa lakkoofsa 2 irratti akka ibsame kan fayyan adda baafamaniiru kan badanis akkasuma

Isaayyaas 24:1--13

Faar. Daawit 91(92): 7 - 8

- Akka dhuunfaa akka garee akka hooggansa gurmaa'ettis ta'ee Baabiloon tana jalaa akkamittan fayya kan jedhu warra fayyan keessaa kan ta'e Waaqayyoo kan yaadeen yoo jiraate waan jiruufis ammoo kana gochuu ni danda'a.
 - a. Iddoon fayyinaa biyya koo Itoophiyaa dha. Fayyisaanis Waaqayyo Gooftaa maccaa isa Itoophiyaatti tajaajiltoota isaa teessoo isaatti mootomsu dha.
 - b. Amantiinis amantii Ortodooksii Tawaahidoo Itoophiyaa ti.
 - c. Dahannoowwan Baabiloonuma tanatti qopheffaman jiru. Isaaniis Itoophiyaanonni godaanan lammummaa isaanii kan hin gatne , tajaajiltootni Ortodooksii Tawaahidoo Itoophiyaa qopheessanin Bataskaanni Taabonni Madaanaalamii, Giiftii teenyaa, ,Gabri'eelii, Mikaa'elii itti qubatan waan jiruuf achi deemanii harka kennatanii amantii Tawaahidoo fudhachuun qofti ni danda'ama. Asii Itoophiyaattihooggansa Hafuuraa fi Foonii Waaaayyoodhaan dhaabatuuf of bichisiisuufi sarara walqunnamtii diriirfameen fayyadamuun fi ajaja kabajuun karaa

fayyinaati. Ijoolleen Tawaahidoo, Ijoolleen Dubroo achitti argaman ciminaan kan deebi'aniif harka kan kennataniif tajaajiluun gargaaruun hooggansa hafuuraa fi foonii asii dhangala'u gochatti jijjiiruun dirqama isaaniiti.

Lammiin Itoophiyaa dhiifamaaf yaadameefi fayye kamuu isaan fayyan isaan Waaqayyo deebiseeniif gad bu'ee tajaajiluun, gadda isaanii sossobuun , dhugaa qabachiisuuc firdii qajeelaa Waaqayyoo beeksisuu, maaliif firdiin qajeelaan kun akka itti faradame hundumaa ifaaniif sossobbii malee hubachiisuun dirqama isa irraa ajajamedha.

Aadaa Itoophiyummaa, safuuc gad of qabuu, nama jaalachuu, soba irraa fagaachuu, sagaagalummaa hammeenya irraa fagaatanii ajaja Waaqayyoo eeganii ifa hunda duratti ifu ta'anii tajaajiluu barbaachisa. Abidda calleessu jalaa bahuuf namoonni akka lolaatti ni dhufu waan ta'eef tajaajiltoonni wanta gochuu qaban hunda waaqayyoo waliin kadhannaadhaan dubbachuun hubachuu hubachiisuu barbaachisa.

Qajeelfama hafuuraa fi foonii ballinaan biyya keessan Itoophiyaa irraa dhangala'u tajaajilaafis kan ramadaman kanarraa ka'uun kan dhufan jaalala Waaqayyootiin simachuu fi cimanii tajaajiluu, ajajamuun dirqama ta'uu isaa walumaanan siniif beeksisa.

Raajii Amoots 9 : 6 - 7

Waa'ee sarara walqunnamtii ballinni isaa matadureewwan biroo jalatti waan ibsamuuf ofeeggannoon ilaalaa.

Kaanaadaan isheen Ameerikaa waliin gamtaa taatee imaltu abidda lolaa Ameerikaadhaaf qophaa'e ni unatti. Hojii isaanii hundaan gocha Ameerikaa irraa adda ta'e hin qaban waan ta'eef. Sagaagaltoota, dhartoota, saamtota, ajajamtoota dhiyoo Baabilooniiti. Kanaafuu madaalli ulaagaa hundaanuu Ameerikaa irraa adda hin taane isaan eega.

6. B Meeksikoo:

Biyyi tunis Ameerikaa karaa kibbaan kan daangessitu yoo ta'u namoonni sagaagalummaan alatti araada fi daldala baala sammuu hadoochuun qabaman kan itti baayyatan sagaagalummaan jiru akka abbaa ishee Baabiloon ardii irratti kan hin argamnedha. Yakki kan itti baay'ate balleessaan kan itti mootome dha. Kaatoolikii, Pirootestaantii, amantiileen biroos kan itti baayyatanidha.

Bilisummaan biyyattii tanaa Mootummoota gamtoomaniin akka biyya bilisaatti beekamuu ishee qofa. Malee akkuma naannoo Ameerikaa 53ffaati. Waan ta'eefis Ameerikaadhaaf kan gahu maruu isheedhaafis osoo hin hanqatin ni gahaan.

- Ameerikaa(Baabiloon) filmiidhaan akkuma qindeessitan sinumarratti filmiidhaan kan mul'atu hunduu ni raawwatama.
- Toorri sakatta'iinsaa, badiinsaa diriirsitan hunduu ni bada.

- Sanyii namaatiif sanyii badiinsaa waggaa 200 ture facaafaniirtu waan ta'eef sinumti ni haammattu sinumti ni dhandhamattuun.
 - Badiinsi keessan miiseenonni gamtaa Awroppaa Awroppaa jiran hunduu walqixa kan qoodatan ta'a.
 - Badiinsa keessaniin Hindiinis, Chaayinaanis, Raaashiyaanis akkuma gocha isaanii ni unatu malee jalaa hin ba'an. Waliin daldaaltaniirtu, mari'attaniirtu, tokko kaan bituuf caaluuf badiinsa namaatiif niikulariic keemikaalii, niitroonii, baayoloojikaalii meeshaalee kanneen hojjettaniirtu. Abbaa qabeenyaa meeshaalee badii daran walxaxaa taataniirtu. Biyyoonni guguddoon shanan addunyaatti murteessitan Ameerikaan, Ingiliiz, Chaayinaa, Faransaay, siniin dabalatatti Hindii, Paakistaan, Israa'eel, har'a ammo Iraan, kooriyaan kaabaa niikularii harkatti qabataniiru. Nama kuma ajjeesuun waan xinnaateef miliyoonota al tokkotti balleessuun akka malaatti fudhatame. Isaan biroos sin duuka bu'uuf xaaraa jiru.
- mallattoo niikularaa isa duraa Jaappaan irraa osoo hin balleessin niikularii kuma 10niin lakkaawamu kan daran humna qabu sassaabdaniirtu.
- Addunyaan baayyina meeshaa waraanaatiin, baayyina jeettii loltuutiin, baayyina taankii fi misaa'eliitiin, baayyina bidiruu waraanaatiin, baayyina dhuka'ootiin manneen kuusaa ardii irra jiran hunda dhiphataniiru. Ijoolleen Diyaabiloos barsiisaan keessan Diyaabiloos asiin sin gaheera. Mootummoonni gamtooman, Gamtaan Awroppaa, Gamtaan Eeshiyaa, Gamtaan Laatiin Ameerikaa, Gamtaan Afrikaa hunduu abbaa humnummaa keessan kan fudhatanidha. Namni foonii, namni ijji hafuuraa isaa qaroo dhabe, Waaqa isaa maqaadhaan malee gochaan hin beekuun. Waaqeffannaan isaa waaqeffannaa fooniiti. Waaqayyo maqaa isaa haa yaamu male Gooftaa waan hundaa ta' uu isaa laphee fi sammuu isaa hin fudhatu. Isa argu kan amanu malee waan hin argine hin fudhatu. Sababa kana addunyaan meeshaa keessan, fageenya ogummaa keessan, kuufama qabeenyaa keessan, mijaahina jiruu keessan isa argu amana. Kanaafuu akka Gooftaatti sin lakkaheera. Dhaabbileen amantii hundi Waaqayyo maqaa isaa ganamaa galgala haa waaman malee gooftaan isaani isini. Kan jettan ni dhagahu kan ajajaniin ni ajajamu, siniif nagaa jedhu kanaaf ammoo Pooppiin Vaatikaanii, Qeesiin Pirootestaantii, Phaaphaasiin Anjelikaanii, Manokseen Budihaa, Muftiin(dursaan) muslimaa hunduu ajajamtoota keessani.
- Egaa Gooftaan kan hunda ilaale, Gooftaan samii fi ardii fedha isaatiin cimse, Gooftaan hundaa shaaruu fi cimsu Waaqayyo Abbaan, Waaqayyo Ilmi, Waaqayyo Hafuurri Qulqulluun Sadeen tokkochi obsi isaa dhume xumurame. Bara 7/3/1998 dhaddacha isaatti taa' e, yakki keessan hundi madaalame, gaariinis barbaadamee dhabame, ardiin hundi sakatta' amte iddoo kamittuu gooftaan keessan Diyaabiloos bulchaan dukkanaa siruma dhaaleeniira. Waan tokkoyyuu osoo hinhafin ilaalame carraan keessan ibsame, murtiin murteeffamekan sin eeggatus ibsame. Carraan iyyannoos ni kenname.

Bara 27/9/2000 Addunyaan lammata ilaalamte madaalamte tokkoyyuu kan gaabbu sin keessaa dhabame, ummataaf kan ibsu gara Waaqayyoo kan deebi'u dhabame iyyannoodhaan ilaalamus sanuma ta'e siruma san caale. Murtiin dhumaa ni cime akka murtiittis ji'a sadi in booda mallattoo isaa agarsiisuu eegale. Ikoonoomiin keessan rukutame homaa hin gaabbitan, kanaafuu murtiin raawwii murtii dhumaa gara gochaatti jijjiiru bahe dhumate! Iyyannoon hin jiru hunduu cufame ! Egaa kan itti amanamte si haa fayyisu dahannoon kee si haa baraaru, beekumsi kee si haa gargaaru, Humnoonni Waaqayyoo of eegganoon dhaabatan ajaja raawwii isaanii fudhataniiru. Dhumate.

faaruu Daawiit 20(21): 8 -- 13

Egaa addunyaan taatee hoogganaan halluu jijjiiru Gooftaa isaa Ameerikaati mullate akka oduu guddaatti wal harkaa fudhatu argineerra. Hoogganaan makaa kun raajii ni uumu edhamaa namni hunduu gara Ameerikaati yoojja babaasu ilaalaa jirra. Garuu murtii Waaqayyoo irratti wanti jijjiiru hin jiru. Wanti fidus hin jiru itti gaafatamaan biroo hunduu muuseewwan Baabiloonidha.

7. A. Kuubaa, Nikaaraaguwaa, Guwaatimaalaa, Eelsaalvadoor, Koostaarikaa, Hoonduraas, Jaamaayikaa, Paanaamaa, Heeyitii, Bahamaasbiyyoonni kunniin baayyen isaaniidoolawwan bishaaniin marfamanidha. Biyyoota kanatti Kaatoolikii, Pirootestaantii, kan xinnaatanis Islaama, kan biroos kan itti guutanidha. Waaqeffattoota Raastafarii Jaamaayikaa tti argamaniin ala. Biyyoonni kun yakkamtoonni sagaagalummaa, baala sammuu adoochuu ol bahee kan itti mullatudha. Ummanni garri caalu danbalii cubbuukeessa kan daaku dha kunneenis akka dhuunfaattis ta'ee akka gareetti akka dhaabataatti akka mootummaatti madaalli isa biraatiif ta'u ni safaramaaf.madaalamaniirus. abiddaan ni sakatta'amu kan fayyu ni fayya kan badu ni bada. Odoola daran xinnaa ta'an, kunneen Kaaba bahaa Laatin Ameerikaatti argamanidha. Varjiin Ayilaandi Ameerikaa fi Ingiliiz jala kan jiru, Angooliyaa/Ingiliiz, Antiiguwaa, Barbaadoos, seent vinseenti, Guwaadlaappi(Faransaay), Maartiin Ku(Faransaay), Barbaadoos, seenti viinsentas graanaadaas, giriinaadaa, tiriinaandi fi toobeegoo, odoolaawwan kunneen to'annaa fi dhiibbaa Ingiliiz, Faransaay fi Ameerikaa jala jiru. Ulaagaa Gooftota isaaniitiin ni murteeffamaaf. Yakka gooftota isaanii dhaalaniiru waan ta'eef. Haaluma kanaanis ni calleeffamu.

7. B Veenzuweelaa, Suumaatraa, Fireenchi Giiwaanaa, Ikuwaadoor, Peeruu, Biraaziil, Paaraaguwaay, Voolivii, Chiilii, Arjentiinaa, Uuraaguwaay kunneen biyyoota Ameerikaa kibbaati. Amantiin isaanii Kaatolikiin kan itti baayyatee dha. Sanitti aansuunis Pirootestaantiin, Islaamni, Amantaa dhabeessis lakkoofsa hin tuffatamneen kan itti jirudha. Sagaagalummaan bifa hamaadhaan kan itti jirudha. Yakki, lubbuu namaa

balleessuu baayyinaan kan itti aragamudha. Warri ayyaanaa akkanuma kan itti baayyatee dha. Gariin isaa kallattumaan dhiibbaa Ameerikaa jala kan jiru yoo ta'u kan akka Veenzuweelaa Ameerikaa kan hin deeggarre jira. Haata'uutii walumatti qabamae yoo ilaalamu naannichi jireenyi sagaagalummaa Ameerikaa isa ijoo hin hanqanne kan itti hundee qabatedha. Wants ta'eefis akka dhuunfaas, akka dhaabatan amantiin, akka mootummaattis, hunduu adabbii isaa akka fudhatu adda bahee kan qophaa'edha. Kanaafuu calleessaa abidda murtiitiin calleeffamuu ta'a. Kan kaafaman martuu nagaa kan argatan karaan bahina calleessaa abiddaa keessaayis tokkoma. Amantii ifaa Itoophiyaa keessatti dhaabatu Tawaahidoo Ortodooksii fi bulchiinsicha hafuura fi foonii fudhachuu qofa.

8. A. Sooriyaa, Iraan

Biyyoonni kunniin biyyootaseera Islaalummaa (seera shari'aa)tiin hoogganamani. Biyyoonni kunniin Baabiloon (Ameerikaa) waliin kan walitti bu'ani. Isaraa'eel diina isaanii ishee ijoo dha. Lameenuu biyyoota amantii shi'aat hordofan, mankaraarsitoota dha. Bob'aan madda galii isaanii isa ijooti. Biyyoonni kunneen seera Waaqayyoo waliin yeroo hundaa walitti bu'uu irra kan jiranidha. Amantiin isaanii gatiidhabuu isaatiin ala sagaagalummaan, lubbuu namaa balleessuun, Yakka isaanii dabalataati. Madaala Islaamni itti madaalamuun kan madaalamaniidha. Hundee isaaniirraa siruma kan badanidha. Kan lubbuun hafan daran muraasa. Maqaan isaanii qofti ni jiru tureen ka'a.

8. B. Saawudii Arabiyaa, Kuweet, Ewmireetis, Duubaayi, Kuwaataar, Omaan, Baahireen,

Kunneen sanyiin Sunnii kan itti baayyatu yoo ta'u seerri Islaalummaa mootummaadhaan labsame isa biroo dhorke kan isaan hoogganudha. Hundeen Islaamummaa awwaala nabiyyicha Muhaammadii waliin Makkaa Saawudiitti argama.

Wagga waggaatti Islaamni miliyoona 3 - 5 "eebba argachuuuf" garas deddeebi'a. Islaamummaan har'a Addunyaa unkuru ka'umsi isaa achiyi.

Raajii Isaayyaas 33: 9 -- 12

Biyyoonni kunniin boba'aadhaan kan horanidha. Diyaabiloo teessoo isaa ijoo kan godhate asitti. Bulchiinsi isaaniis maddi qabeenyaa isaaniis sanyiin isaaniis kaayyoon isaaniis gosum tokko. Biyya isaaniitti amantiin Kiristaanummaa kakuu hin geggeeffamu, adda dusritoota sagaagalummaa fi machaa'ummaati.

Kanniin maaltu mudataan? Kanniin keessaa namni ni bahaa Laata? Jedhamee yaadamuu tu salphaa ta'a. Siruma fuula lafaatii kan badanidha.

Waaqeffannaa isaanii Waaqa fakkii isaanii waliin kan haramanidha. Murtiin baheera. Qabeenyi isaanii ummata Waaqayyoo isa hafuuf ta'a. Seenaa ni tureen hafu haasawamu ni qabaatu. Mallattoon ijaan mullatu, qabatamu hin hambifamuuf. Lubbuudhaan kan hafan daran kan kufan, kan tuffataman, jireenya siruma fayyan irraa fagaate jiraatu.

8. C. Israa'el

Biyyi run biyya fedha Waaqayyootiin uumamtedha. Ummanni ishees ummata miliyoona 6 Hiitlar galaafate keessaa kan hafedha. Biyya tana ardii ishee kan dhaale Waaqayyoo dha. Sanyii Abrahaami, sanyii Muuseetisi sanyiilee duuka bu'oota (ergamtoota) gurguddooti, sanyii Dubroo Maariyaamiiti, sanyii Gooftaatisi. Adabbiinis ta'ee dhiifamni ummatoota kanneen irra qubatu harka Waaqayyootiin kan eegamedha. Garuu meeshaa badiinsaa ilma namaa aazaaba irraa baratanii, sassaabanii ni dhabu. Akka biyyaa akka ummataas ni jiraatu. Waaqayyoo olaanaa ni beekuun. Gooftaa isa isaan keessaa biqile isa fannisan qoricha addunyaa deebisanii gaabbii guddaadhaan ni hubataniin. Kanaaf kan carrooman baayyachuu baatanis kun ni ta'a.

8. D Liibaanoos, Iraaqfi Turk

Biyyoonni kunneen biyyoota qorumsa daran cimaa keessa jiranidha. Liibaanoos Iraaq fi Turki ummata ija hamaadhaan wal ilaalu kan qabatanidha. Siruma haramanii kan badanidha.

8. D. 1 Libaanoos: biyya musliimni Sunnii, musliimni Shiyaat, Kiriataanni Filisxeem Maarionaayitii (diruuz) keessa jiraatudha. Mootummaan isaanii makaa kanneenii yoo ta'u walitti bu'iinsa xinnaadhaan kan diigamu. Hunduu wal kan fixanidha. Hiizboollaan michuu fi deeggaramaa Iraan fi Sooriyaati. Sunniin Arabootaan (garee Ariirii jechuudha) kan deeggaramu yoo ta'u ameerikaa dhaanis ni deeggarama. Israa'el diina isaanii waleeti. Ummatoonni kun madaala inni biraa itti ilaalamuun kan safaramanidha. Kanneen keessas cubbuun sagaagalummaa, ajjeechaa hundee kan qabatedha. Gantumaa isaniitiin dabalatatti Kanaafuu calleessaan cimaan isaan calleessa.

8. D. 2. Iraaq: ummanni kun deeggaraan Sunnii, deeggaraan Shiyaat, deeggaraan Kurdii kan keessa jirudha. Biyya gareedhaan ta'anii itti wal fixanidha. Islaamummaan meeshaa qopheesseen ofii isaa galaafachuu isaatiif fakkeenya gaarii ta'anii kan mullatanidha. Hordoftoonni amantii Islaalummaa meeshaa hordoftoota Kiristaanummaatiif qopheessaniin ofii isaaniitiif ragaan Iraaq caalu hin jiru. Ameerikaan faayidaa isaatiif jecha kan itti seene yoo ta'u ummanni kun adabbiin isa eegu kan ammas irraa karka hedduudhaan kan caaludha.

8. D. 3 Turkii: ummanni kun Kurdiin kan keessa jiru baayyeen isaa hordofaa amantii Islaalummaa yoo ta'u bulchiinsa seekulaarii isa dhihaa kan fayyadamu miseensa Dhaabbata waraanaa Ameerikaa, Dhaabbata waraanaa Awroppaa Neetoo kan ta'e dha. Badiinsi biyya kanaa badiinsa Ameerikaa Awroppaa irraa adda miti. Miidhaanisaanii baayyee kan ulfaatudha.

9. Eeshiyaa

Kun naannoo ballaa dha adda durummaadhaan biyyoota akka Raashiyaa, Chaayinaa, Hindii, Jaappaanii fakkaatan kan of keessatti qabatedha. Isaan ijoorraa haa eegallu:

9.1 Raashiyaa: biyyi kun biyya Ameerikaatti aanee humna waraanaa qabudha. Raashiyaan hordofaa amantii Ortodooksii Tawaahidoo miliyoona 100 hin hanqanne kan qabu yoo ta'u amantichi keessa isaatti adeemsa Tawaahidoo irraa adda bahe kan adeemu ta'uu isaatiin amantiin Tawaahidoo Ortodooksii gochaan kan itti hin ibsamne gara sirna amantii Kaatolikii kan siqedha. Adeemsa tooftawaa Kaatoolikiitiin kan xaxamedha.

Biyyoota biroottisakkanuma bulchiinsa Raashiyaa jala kan turan hordoftoota Ortodooksii bahaakan jiran yoo ta'u gara Awroppaa makamuusaaniitiin bitamtoota Kaatoolikii ta'aniiru.

Raashiyaan biyyoota cimoo shanan keessa tokko yoo taatu humnaan Ameerikaa dhaaf walbira qabaan humna isheetiin kan qixooftu dha. Ikoonoomiidhaan bittinnaa'uu isheetiin fi falmii olaantummaa Baabiloon waliin godhameen kan miidhamteefi ammas deebitee dandamachuu irra kan jirtu dha. Biyyattiin biyya koominiistotaa(gantuuwwaniitisi).

Biyya sagaagalummaan, Sadoomiin, Saamiinsi gurmaa'e, hattummaan oftuumummaan, Baabiloonitti mullatu isheettis mullatudha. Biyya tanatti namoonni amantii jiraatanis gantuuwwaniin kan liqimfamanidha.

Biyyi tun akkuma isaan birootti abiddi calleessuun ni argataan. Meeshaan waraanaa niikularii, niwtiroonii, baayoloojikaalii, Keemikaalii Taankiin , jeettiin, bidiruun waraanaa, dhuka'oon, meeshaan badiinsaa hunduu kan isheen sassaabde Baabiloon irraa sadarkaa lammaffaa irra ishee kaa'a. Waan ta'eefis hanga gattuunitti abiddi ni nyaataan. Saatalaayitoota haleeltuutiin, meeshaalee hawaa irratti gurmaa'anis kan qabdudha. Akkuma Baabiloon biyya lafti hanqateenii hawaa irratti fannifamtedha.

Humni ishee Marti ni bada. Biyyattii tanaa namoonni baayyeen gara dhugaa gara Tawaahidoo Ortodooksii ni deebi'an kunis kan ta'u oftuumummaan ishee hundi yoo badu qofa. Meeshaan waraanaa kuufatte guutummaan ni bada. Eessawuu haa jiraatu keessa carraan isaa haramuu ta'a. Biyyi Tunis waancaa ishee dhugdee kan jalaa bahes gara amantii Ta/Or/ Itoophiyaatti fi bulchiinsa ifaa isahafuuraa fi foonii yoo deebi'u qofa nagaa kan argatu. Diddaadhaan yoo itti fufte ammoo uleen adabbii Baabiloonirra hin hanqanne nieegaan. Ni argataanis.

Isheerraa kan bahan gara Awroppaa dhihaa kan makaman Poolaandi faan, Yuukreen,Cheeki, Kiroo'eeshiyaan, Biosniyaan, Hangaariin, Bulgeeriyaan, Roomaaniyaa hunduu madaalli Awroppaaf dhufu kan isaaniiss ta'a. Siruma garamu, gara dikummaatti ni jijjiiramu. Awroppaatti yoo makaman Kaatoolikii, Pirootestaantii, Sadoomota, Falaasfota, warra beekumsa isaaniitiin of tuulan waliin Iddirii seenaniiru. Awwaala isaaniit ta'a waliin haramu fayyaalessoonni isaan keessa jiran ariitiidhaan mataa isaanii gara Tawaahidoo Ortodooksii deebisuu qabu. Homaa

guyyaan hin jiru waan ta'eef. Qaawwi itti miliqan baqatanii itti dahatan biyya too Itoophiyaa bulchiinsi ifaa Waaqayyoo kan itti cimu TAwaahidoo Ortodooksii kennaa Dubro Maariyaamii kan taate qofa dha. Naanoon addunyaa kamuu dahannoo hin ta'u isa keessa manni Kiristaanaa O/Taw/Itoophiyaa yoo jiraate bataskaana keessa kan dahate qofti ni fayya. Kan biraa akka biyyaatti Itoophiyaadhaan alatti dahannoon hin jiru.

9.2 Taajaakistaan, Kiirgistaan, Huuzveekistaan, Tarkimnistaan, Joorjiyaa, Kaazaakistaan, Beelaaruus, biyyoonni kunneen Eeshiyaa giddugala keessa kan jiranidha. Raashiyaa irraa fottoqanii bilisa baane kan jedhanidha. Kunneenis keessa isaanii kan mullatu amantii garagaraati. Islaamummaa, Kaatoolikii, amantii aadaa, Pirootestaantii, Oriyentaal Ortodooksiin,

Walkeessa dhahee kan itti argamudha. Qabeenya boba'aa ni qabus kan jedhamanidha. Bulchiinsi isaanii gara addunyaa badii isa qaroomina jedhaniiniitti dhiibaanii kan jirudha.

Carraan kanneeniis abiddaan sakatta'amuudha wanta ta'eefis kan fayyu ni fayya kan badu ni bada hojiin isaanii isaan hordofa. Biyyi tunis waancaa ishee dhugdee kan jalaa bahe gara amantii Ortodooksii Tawaahidoo Itoophiyaattii fi gara bulchiinsa ifaa isa hafuuraas ta'ee foonii ofii isaa yoo deebisu qofa. Nagaa isaa kan argatu.

Raajii Eermiyaas, 25: 27 - 31

Raajii Hisqi'eel 22 : 1

- 5

9.3 Afgaanistaan, Paakistaan, Moongooliyaa

9.3 A

Afgaanistaan siruma amantiin Islaamummaa kan keessa jiru amantii Islaamummaa mankaraaraa kan hordoofu yoo ta'u biyya tanatti mankaraarsaan kan itti dahate jechuun kan ka'e Neetoofi Ameerikaan marti waraana keessa kan itti seenanidha; ummanni balleesanii badummaadhaan fi qabsoodhaan waraanaa haala itti jirutu mul'ata. Jabeessanis laaffisanis afgaanonni islaamotaa kan itti amananiif du'aa jiru kanaan biyya isaaniiti waan ta'eef. Ameerikaa fi neeroon kanarraa kan ta'e shorokeessummaan isaan cinqeera waan ta'eef duulaniiru. Kunis sirriidha amantiidhaan yoo ilaalaman hunduu itti fayyadamoota Diyaabiloosiiti sarara garagaraatti kan isaan dhaabeefi kan wal ficcisiisuun lameenirrawuu kan jiru hafuura Islaamummaa fi hafuura kaappitaalistootaati.

Kanaafuu badiinsi kanneenii sababuma sababaan kan jalqabe yoo ta'u hunduu ni haramu tokkoyyuu kan hafu hin jiru. Badiinsi isaanii A jedhee akka eegaletti badiinsa cimaadhaan itti fufee hundumaa ni xumura. Paakistaan Afgaanistaan irraa homaayyuu carraa adda ta'e hin qabdu , Afgaanistaanitti kan raawwatamu hunduu asittis ni raawwatama.

9.3 B Moongooliyaa:

Biyyi tun Raashiyaa fi chaayinaa gidduu kan jirtu biyya dhiibbaan lameeniituu irra jirudha. Wanta ta'eefis akka ummataa fi akka dhuunfaatti hojii isaaniitiin firdii Waaqayyo olaanaatiin madaalamanii kan taa'anidha.

9.3 C Armeeniyaa:

Biyyi tun biyya Raashiyaa irraa bilisa baatee jirtudha. Amantiin ishee amantii Ortodooksii ta'uu isaatiin haalaan sakatta'amtee kan adabamus adabamee kan lolamu lolamee(gorfamee) gara dhugaa kan dhufu ni dhufa.

9.3 D Chaayinaa:

Biyyi tun ummata $\frac{1}{4}$ ffaa ummata addunyaa kan qabatte dha ciccimoota kan jedhaman 5nan keessaayis ishee takka. Humna waraanaatiin biyya Ameerikaaf sodaa ta'aa jirtudha ikoonoomii isheetiin daran ariitii olaanaatiin guddachaa kan jirtu fi qabeenya gabaa addunyaa sassaabaa jirtusi.

Biyyi tun waaqeffattuu amantiiwwan falaasama fakkaatoo fi waaqa fakkii daran hedduu Budihaa Budihiizimii, Taa'ooyiizimii, Shiintooyiizimii, Koonfiishiyaanii jedhaman kan waaqeffattudha. Bineeyyii baayyee akka mallattootti kan fayyadamtuu fi itti amantusidha. Diraagooniin mallattooshee isa ijoodha. Ummanta kana keessas nam tokkoyyuu jira jechuuf ni rakkisa. Ummatoota siruma ifaan Diyaabiloosiif qabeenya ta'anidha. Qabeenya isaanii, beekumsa isaaniitiin, baayyina isaaniitiin boonaa kan jiraniifi addunyaa keessattuu hiyyeeyyii waliin gahaa kan jiranidha.

Raajii Eermiyaas 25: 15 - 38

Chaayinaan biyya Waaqayyoo duratti sakatta'amte, madaalamte, salphatte, siruma jibbamtesi.

Carraan ishee:

Adabbii fi dallansuu Chaayinaa irra dhufu jalaa kan bahu daran murtaawaadha. Meeshaaleen waraanaa baatte Niikulariin, niwutirooniin, meeshaaleen waraanaa teeknoolojii olaanaa ta'an, jeettiin, bidiruun waraanaa, misaa'eliin, taankiin, meeshaaleen waraanaa badiinsaaf qopheessiteen hundi akkuma michuu ishee Ameerikaatti siruma haramee bada. Hoogganaa irraa hanga hoogganamaatti ajajaa waraanaa irraa hanga ajajamaatti hunduu abiddaan ni haramu.

Chaayinaan chaayinaa turte jedhama malee, jireenyaan hin jiraattu siruma ardii irraayis biyyoota siruma dallansuu Waaqayyootiin badan keessaa Baabiloon(Ameerikaa), Chaayinaa, Hindi, Ingiliiz, Faransaay, gariin yoo hafu Raashiyaan kunneen biyyoota badiinsa cimaatiin barbadeeffamanidha.

Balleessaan isaanii ariitiidhaanis suuta suutaanis kan raawwatamudha. Kan ariifatu oftuumummaa isaanii cabsuuf kan suuta suutaa dhukkubbii isaanii baayyisuuf ta'a.

Ergaaleetti kan hin fayyadamne oftuultota dha waan ta'eef hambaa badiinsa isaaniirraa hafu hin qabaatan.

9.3 E Barmaa, Taayilaandi, Kaamboodiyaa, Veetinaamc Laa'oos, Kooriyaa Kaabaa, Kooriyaa Kibbaa, Neeppaal

Ummatoonni kun aadaa, ilaalchaa fi amantaa walitti dhiyaatu kan qabanidha. Koominiistummaa Kooriyaa kaabaatiin alatti kanneen hafan hunduu waaqeffattoota waaqa fakkii hordoftoota amanti Budihaa ti. Kooriyaa kibbaatti qofa Kaatoolikiin, Pirootestaantiin kan baayyinaan jiru yoo ta'u isaan biroo keessa hamma muraasaan jiru malee amantiin isaanii barumsa koonfiishiyaanii fi budihaa chaayinaatti biqile dha. Yeroo dhiyootti gadoo qulqulluummaa daangaa isaanii irra jiruun gaaffii anaaf ta'uu qabaatiin Taayilaandiifi Kaamboodiyaan waraana walitti duulchisaniiru hanga ammaas kan hin furredha.

9.3 F Jaappaan:

Biyyi tun biyya odoolaa Eeshiyaarra dhihatti Ameerikaarraa bahatti argamtudha. Haalli jireenya ummata jaappaan kan Baabiloon Ameerikaa irraa homaa kan adda hin taanedha. Jappaan Ameerikaatti aanee biyya guddoo diinagdee 2ffaa qabdudha. Beekumsaan guddina industiriitiin, elektirooniksiidhaan, oomisha konkolaataatin, dawaatiin, oomisha teeknoolojii hedduudhaan kan guddatte kan badhaadhofte dha. Ummanni amantiin isaa akka gooftaa ishee Ameerikaatti kan wal keessa dhahamedha. Baayyeen isaas amanti dhabeessa dha.

Sagaalummaan sadoomummaan biyya itti daran baballatedha. Biyya akka Ameerikaatti siruma diina Waaqayyoo taatee teessedha.

Carraan ishee:

Tuni adabbii Ameerikaa irraa hin xinnaanneen ni dhahamti qabeenyi, horiin itti boonte ni bada. Maallaqni warqeen kuufte siruma ni harama. Miidhaa Hiirorishimaa fi Naagaasaakii tiin dachaa kuma ta'ee itti dhufa namni baayyee muraasatu hafa, miidhaan ishee daran ariifataa fi suutaanis kan raawwatamudha. Beekanii hanga baqanitti abiddi Waaqayyoo hangam akka tuffatan akka beekan godhu ni haraan.

Jaappaan qabeenya koo, hambaa koo, bu'uura anniisaa kooti kan jettu hundi galaana abiddaatiin ni nyaatama. Badiinsi irra bu'u kan addaan hin kutamne siruma kan cinqu ta'a. baraaramuun kan danda'amu karaa tokkoon qofa. Fayyun kan danda'amu mootummaa Waaqayyoo Itoophiyaatti dhaabamuuf hooggansa isa hafuuraa fi fooniitiif haalduree tokko malee harka kennachuuni. Kanaanis akka mootummaatti, akka dhaabbataatti of fayyisuun ni danda'ama. Kanaan alatti wanti dhufu hin jiru.

10. 1 Awustiraaliyaa, Niiwziilaandi, Paappuwaa niw giinii, Fijii

Naannoon kun kibba Eeshiyaatti biyyoota garba paasifikii fi garba hindi gidduu jirani. Awustiraaliyaas ta'ee niw ziilaandi biyya sanyiin Ingiliiz bitaniin hooggananiinidha. Lammiileen bu'uura Aboorjinootni bitamoodha. Naannichi al kallattiin kolonii Ingiliiziiti.

Dhaabbata waraanaa **Ameerikaan, Awustiraaliyaan, Niiwziilaandi** keessa jiran qabu. Biyyoonni kun siruma gochi Awroppaa kan itti mullatudha. Sagaalummaan Sadoomummaan eenyuuyuu caala ifaan kan itti raawwatamudha.

Raajii Isaayyaas 59: 3 - 8

Biyyoonni kunneen siruma waaqa fakkii kan waaqeffatanidha. Waaqayyoo gooftaa hinaaffaa ta'e yeroo hundaa dallansaa kan jiraatani. Waan kana ta'eefis rakinaan daran calleeffamu Waaqayyoo kan dhiifama godheef ni hafu.

10.2 Maaleezhiyaa, Indooneezhiyaa, filiippiinsi, taayiwaan, siingaappoor:

Biyyoonni kun baayyinaan amantii islaamummaatiin kan uwwifamanidha. Odoolawwan hedduudhaan kan hammatamanisi. Giddugala garba hindiitti kan argamanis. Dhanannoon mankaraarsitummaa inni tokko biyyoota kana. Kunneen waaqeffattoota fakkii ta'uu isaaniitiin dabalatatti Islaamummaa fi waaqeffannaa fakkiitiin, sadoomummaadhaan kan faalamanidha. Biyyoonni kunis abidda dallansuu Gooftaatiin kan dhahamanii fi kan calleeffamanidha. Kan baraaramu muraasa kan badu daran hedduudha.

10.3. Hindii Siriilaankaa:

Hindiin akka addunyaatti baayyina ummataa chaayinaatti aantee isa lammaffaa kan qabattedha. Gara ummata biliyoona 1.1 siqu qabdi. Ikoonoomiin ishee akka chaayinaatti ol balali'aa kan jiru yoo ta'u lameen gidduu walmorkiin gabaa ni raawwatama. Hinditti Hindustaaniin amantii ummata 2/3 ti. Hordofaa islaamummaa gara miliyona 200 siqu qabdi. Hindiin haala ifaafi hin shakkisiifneen waaqa fakkii waaqeeffatti. Dhiigni duuka bu'oota Waaqayyoos keessa ishee jira. Hindiin sa'a akka Gooftaa ilaalti hin qaltu hin nyaattu.

Ummanni siruma waaqa fakkiitiif bitamaadha. Sagaagalummaan hawaasa kana keessas jira. Niikulariis hidhatteerti.

Maaltu eeggataan:

- Waaqeffattoonni fakkii guutuu hindii keessa jiran ni haramu.
- Waaqonni fakkii keessa jiranis haramanii ni badu.
- Meeshaan waraanaa humna kooti jettu hunduu ajajaafi ajajamaa isaa waliin ni bada. Amantoonni Tawaahidoo Ortodooksii Hindii keessa jiran ni hafu isaanitti kan dahates ni fayya

Bulchiinsa ifaa as Itoophiyaa jiru yoo fudhattuufi jilbiiffattu nagaa ishee argatti. Kanaan achi abiddi keessa ishee boba'u yeroo hunda bobeessaan hanga badduttis ni miidhaan. Hin haraan.

Siriilaankaanis carraa hindiirraa adda hin taanetu eegaan.

Raajii Isaayyaas boq. 14 guutuu

Baayyinaan biyyoonni Awroppaa fi naannoleen Ameerikaa Iskaandineeviyaawwan Sadoomummaa kan eeyyamanidha. Ulfa buusisu akka mirgaattis cimsuun dubartii mara lubbuu balleessituu kan godhanidha.

Waan ta'eefis biyyoonni kunis carraan Awroppaa isaan eeggata. Awustiraaliyaas ta'ee Niiw ziilaandi hunduu abiddaa fi dambalii jabaadhaan ni haramu. Kan keessaa hafu akkuma kanneen biroo harka isaanii Mana Kiristaanaa Ortodooksii Tawaahidoo Itoophiyaa fi bulchiinsa ifaawaa Itoophiyaatiif harka kennachuudhaan jilbiiffachuun dirqama isaanii ta'a.

11. 0 Afrikaa

Naannoon kun naannoo waa hunda isaatiin miidhamedha. Biyyoota 52 ta'an hammateera. Naannoo kana Awroppaanonni walsaamanii bitaniiniiru. Ingiliiz, faransaay, poorchugaal, ispeen, jarman, dachi, xaaliyaan, beeljiyem, Ameerikaan walsaamaa bitaniiniiru.

Ingiliiz: ijiptiin, Sudaaniin, Sumaalee Kaabaa, kan bitte yoo ta'u Ispeenonni: moorookoo, mooritaaniyaa faa yoo bitan, Jarman: TUuniiziyaa, Faransaay: Afrikaa giddugalaa guutuu, Poorchugaal, Moozaambiik faa, Angoolaa faa yoo bitan Beeljiyem koongoo bitteerti. Xaaliyaan: Liibiyaa, yeroo gabaabaaf Itoophiyaa, yeroo gabaabaaf sumaaliyaa kibbaa bitaniiru. Afrikaa kibbaa dachoonni bitaniiru. Zimbaabuwee fi Naamiibiyaa Ingiliiz bitteerti. Ameerikaan ammoo Laaybeeriyaa bitteerti.

Afrikaan siruma bitamtuu warra adii turte. Ameerikaadhaaf humni namaa gatii salphaa kan hammaarame Afrikaa irraayi. Ummata horiidhaa gadi ilaalamu ture. Bu'aan daldala garbaa har'a mallattoon isaa Ameerikaatti kan mullatudha.

11.1 Afrikaa Dhihaa

Moorookoo, mooritaaniyaa, aljeeriyaa, seenegaal, keeppi vardee, gaambiyaa, Giinii bisaawu ,giinii, seraaliyoon, laayibeeriyaa, ayveerikoosti, butkiinaa faasoo, Gaanaa , toogoo, beeniin, biyyoonni kunniin sadarkaa olaanaan daladalli garbaa kan itti geggeeffamedha. Moorookoo, mawritaaniyaa, aljeeriyaa, seenegaal, siruma bulchiinsa Islaamummaa fi amantiin Islaamummaa kan baballatedha. Biyyoonni kunneen guutummaan guututti bitamtoota Ameerikaa fi Awroppaa fi geggeessitoota poolisii isaaniiti. Sagaagalummaan yakki mankaraarsitummaan kan ittibaballate saamiinsi mootummawaa daran kan itti hidda qabate siruma gara kan dhabe naannoo hundi tirgaa itti dhahatu.

Naanoon kun adabbii cimaatu isa eega. Uleen Adabbii naano kana irra gahu kan Baha dhihoo irraa hin hanqanne dha. Ummanni kun homaa cimina amanti kan hinqabne fakkii kan waaqeffatu amanti Islaalummaa kan hordofu kanneen biroos Kaatoolikii, Pirootestaantiin gamma tokko kan keessan jirudha. Adabbii cimaan Badiinsi hamaan isa mudata. Gara dhugaa yoo deebi'an gara Itoophiyaa yoo dhufan qofa nagaa argatu.

11.2 Afrikaa kaabaa:

Naanoon kun bulchiinsa kaabaa Ameerikaa yoo ta'uas keessatti Ijpti, Liibiyaa, Tuuniziyaa kan keessattuu argamanidha. Keessa isaanii bulchiinsi Islaalummaa kan jirudha.

Naanoon kun Afrikaarra dhiibbaa amanti Islaalummaa geessuuf seenaa ta'ee gargaaraa kan jirudha.

11.2 A Gibtsi:

Bulchiinsi Ijpti fi Ijpti biyya seenaa dheeraaf qabdu dha. Lubbuun ishee Abbaay(Naayil) isa ardii Itoophiyaatii yaa'udha. Bara kumaatama hedduuf kan nyaachiseen obaaseeni. Biyyattii tanatti wantoonni hedduun raawwatamaniiru Ijptiin duraan Fari'ooniin bitamti turte ofiiisheetiin bulchiinsa Itoophiyaa jala jirtu

turte. Mootonni ishees kan muudaman as Itoophiyaa irraa (bulchiinsa mootummaa kuush) jedhamu irraayi ture.

Itoophiyaa irratti laguma kana Abbaayiif jecha haleellaa qindaahaa geggeessuun badiinsa biyya koo isa har'aatiif lakkoofsa 1 irra hiriirtudha. Gibtsi amanaa Ortodooksii Tawaahidoo muraasa keessan ishee jiruun ala biyya Islaamummaa hordofudha. Badiinsa biyya tanaatiin lammiileen ishee daran baayyeen ni miidhamu. Rakkinni beelaa, dhukkubaa, walfixuu ishee rukuta. Akka Mootummaa dhaabacguunis isaan rakkisa. Meeshaan waraanaa sassaaban nama itti fayyadamu waliin ni bada. Bulchiinsa amantii Tawaahidoo Itoophiyaa jalatti Aamin jedhanii yoo hin bitamin badiinsi isaanii siruma ardii irraa kan isaan balleessu ta'a.

Raajii Hisqi'eel 29: 1

11.2 B Liibiyaa:

Biyyi tunis biyya hordoftuu amantii Islaalummaa boba'aadhaan badhaatedha. Carraa ollaa ishee ljipti irraa adda hin taanetu ishee eeggata. Oftuulummaan ishee hundi ni bada lubbuun kan hafan namoota muraasa ta'u.

11.3 C Tuuniziyaa:

Biyyi run hagas mara guddachuu baattus guutummaan guututti biyya amantii Islaalummaa hordoftudha. Carraan ishees ljiptiifi Liibiyaa irraa kan adda hin baane ta'a.

Macaafa Moototaa 2ffaa boq. 17: 7 - 18

12.0 Afrikaa giddugalaa

Giddugalli Afrikaa kun Afrikaa giddugalaa, Naayjeeriyaa, Aangolaa, chaad, gaaboon, Kaameeruun qabataa. Naanoon kun kan walitti bu'iinsi itti baayyatudha. Amantiin isaa kan wal keessan dhahame. Kaatolikii, Islaalummaa, Pirootestaantii, Amantii dhabeessa, amantii aadaa, walitti bu'iinsi sanyiin walqabate kan itti baayyatee dha. Kanneen keessa wanti gara qabu hin mullatu. Sagaagalummaa hattuummaa walitti bu'iinsi warra adii irraa dhaalame itti baballatedha. Ummanni gaabbee deebi'u daran muraasa. Naanoon kunis qubannaan isaa abidda. Kan itti boone hunduu ni bada, beelli ni mootoma, dhukkubbiin ni baballata, walitti bu'iinsi ni heddumata, Mootummaan bulchus ni bada. Onaafi gatii kan hin qabne duwwaa hangata'uutti ni harama. Akka nama dhuunfaatti fayyuuf isa biraa hundaaf kanfala taatu Itoophiyaa qofa. Bulchiinsi hafuuraas ta'ee foonii biyyattii tanaa fudhachuu qofa.

13.0 Afrikaa Bahaa

Naannoo kanatti biyyi koo Itoophiyaan ni argamti. Ergaa waa'ee Itoophiyaa barreeffame hubachuuf 13.1 ilaalaa.

Afrikaa bahaatti Itoophiyaan alatti Sudan, kewniyaa, sumaaliyaa, jibuutii, Baahire Nagaash(Eertiraa) , Ruwaandaa, Burundii, uugaandaa, Taanzaaniyaa kan jiran yoo ta'u biyyoonni kun walficcisiisa olaanaa keessa kan jiranidha. Naannichis hiyyummaa isaatiin kan beekamu dha. Amantii Tawaahidoo Itoophiyaa keessatti jiruun alatti inni biraa Islaalummaa, Pirootestaantii, Kaatoolikii, Paagaanii, amantiidhan aadawaa, wal fixiinsi ummataaf ummataas kan itti mullatudha.

- Afrikaan bahaa teessoon Waaqayyoo Olaanaa kan itti cimu handhuura Itoophiyaa irratti dha. Teessoo isaas kan diriirsu ta'uu isaatiin biyyoonni kunniin harama olaanaa booddee carraan isaanii kan murteeffamu yoo ta'u bulchiinsa piroopparii Itoophiyaa jalatti kan galfamanidha. Kana dura garuu adabbii cimaa yakki isaanii dhale ni unatu Eertiraa keessaas nami lubbuun bahu yoo jiraate dinqii jedhama.

13.1 Itoophiyaa

Biyyi koo Itoophiyaan gara Baha Afrikaatti kan argamtudha. Biyyi koo kan beekamtu beelaani. Addunyaan hundi waa'ee beelaa yoo ka'u Itoophiyaafakkeenyaatti godhaan. Bara 7500f qorumsa olaanaa Diyaabiloositiin biyyi daakamte Itoophiyaa dha. Biyyi Giyooniin marfamte Itoophiyaa dha.

Har'a biyyi koo Itoophiyaan maqaa beelaa isheetiin alatti cimina fi jabeenya amantii Tawaahidoo Ortodooksii isheetiin kan beekamtudha. Amantii hundaa kan Nabiyyootaa, kan ergamtoota, amantii dhiiga Gooftaatiin cimsite kadhanaa fi haadha qabeenyummaa Dubroo Maariyaamiitiin cimte Tawaahidoo Ortodooksii kan qabattedha. Cimsitee waraana cimaa Diyaabiloosiin cimtee waggaa 7500f biyyi dhaabatte Itoophiyaa dha.

Biyyi koo Itoophiyaan waaqeffannaa seera lapheetiin, seera Ooritii tiin, seera Wangeeliitiin cimsitee arguudhaan osoo hin ta'in, dhagahuudhaan kan amante, dhugaa itti amanteefis hanga ammaaatti karra Gahaannamii Addunyaan guutuutti danfu dura biyya dhaabattedha. Biyyi koo Itoophiyaan biyya leencota amantii Tawaahidoo Ortodooksii,biyya goototaamantiiti.Waancaan baraa hanga guututti abidda guddaadhaan kan calleeffamtedha. Biyyi too dhaloonni dhartuun akka yaadutti, hojii hojjechuuf dhadhabdee kan beeloftee miti, akkasis hin turre. Maddi rakkoon ishee gatii dhugaan qabatteefi amantiin ishee ishee kafalsiisanidha. Abbootiin keenya hunduu gantummaa, shakkii, adda addummaa, osoo hin galchin Tawaahidoo takkittiidhaan cimanii jiraatan. Dabran. Baayyina yerootiin aramaan diinaa gara warra adiitti biqile facaasumma adiitiin maasaa keenya edduu seene. Har'a, ani Tsaggaa dha, qibaatiidha, kan jedhu gantuuwwan kaatolikiitiin Bataskaana keessatti facaafame. Islaalummaan keessummummaadhaan seenee baballate. Pirootestaantiin qaroomina fiddootaan akk shaqaxaatti gara biyyaa gale. Keessattuu kibba Itoophiyaatti baballate Johoovaa, warra ayyaanaa, hojii qaalluu, hojiileen Diyaabiloos gara maraanuu biyyattii weeraran rakkinni biyyattii kanatti bu'e kana qofaan hin dhaabanne bifa hedduu qabatee dhufe.

13.2 Amantii fi waraana Itoophiyaatti

Waraanni namoota due jiranii namoota amanan gidduutti ta'ee walmorkii jecha isaa irratti godhame isa daandii ifaa fi dukkanaa cimsuuf taasifame ture. Hunduu jechuun ni danda'ama amantii qaba. Uumaa tokkoon kan amanan irraa eegalee hanga wanta lubbuu hin qabneen amanutti bara itti guutan ture.

Itoophiyaatti jalqaba irraa qabee dhugaa, Tawaahidoo Ortodooksii Gooftaan waan dhaabeeniif mootonni dhufan amantiif kan dhaabatan turan. Muraasaan alatti (Yoodiit Gudiit fi Ahimad Giraanyi) kallattiin waraana amantii uumanirraa alatti waraanni dhufe duula maqaa amantiitiin dhufee fi Tawaahidoo cimtee dhaabatte gidduutti aramaa facaasuuf balleessaa diinotaan hojjetame ture. Gootonni amantii Itoophiyaa tarkaanfii ittisaa cimaa fudhachuu isaaniitiin abidda keessas dambalii keessas cimtee as geechee jirti. Ijoolleen badiitis hanga ammaa ishee hin dandeenyeen.

Waraanni har'a jiru dhaloota amantii isaa hin qabanne beekumsa xinnaa qabu mala dhabe hundee isaa hin beekne, beekus tuffate, aadaa, amantii, guddina maateeriyaalii adii irraa fudhate akka gooftaa kan ilaaluu fi waaqeffatu waliin waraana taasifamu ta'ee jira.

Diyaabiloos dhaloonni itti dukkanaa'e kun hooggansaanis humnaan is akka gurmaa'u ifaajeera. Mootummaan mataan isaa meeshaa Diyaabiloos ta'ee dhaloonni bade kun siruma akka badu godha. Gochaas jira. Itoophiyaatti waraanni amantii Tawaahidoo irratti jiru ergaa lakk lama irratti akka ibsametti warra amantii qabna jedhaniin qofa kan haleelamuu miti warra amanticha hin qabne mootummaadhaan, mootummoota alaatiin, dhaabbilee idil addunyaa, abbootii qabeenyaatiin maraan malee. Hunduu amantii tana balleessuuf hanga ammaa ni hojjetu. Hojjechaas jiru. Hundaa ibsuuf iddoo ballaa fixa. Walumaagalatti waraanicha amantiitiin Kaatoolikiin, Pirootestaantiin, Islaamni, Joovaan, kanneen biroos gurmaa'inaan amantii Tawaahidoo Ortodooksii irratti kan duulanidha. Duultonni hundi deeggarsa maallaqaa tooftaa fi maateriyaalii kallattiidhaan alaa godhamuufiin kan hidhatanidha. Waan ta'eefis murtoon isaanii dursee bahe. Amma waa'ee raawwii isaanii dhuma barreeffamaa irratti ni arginaan.

Waraanni ikoonoomii, aadaadhaan godhame isa amantaa irraa kan hin hanqannedha. Hiyyeeyyi akka taanu akka beelofnu akka bittinnoofnu aadaa ofii mannaa sagaagalummaan, sobaan, waliin wal fixuudhaan akka dhumnu, dhukkubaan akka harcaanu, qabeenya qabnuun akka hin fayyadamne, gochuudhaan misooma keenya gara badiinsaa garagalchuun hanga ammaa itti hojjetamaa baheera. Duula bifa baayyee Itoophiyaa irratti godhameen biyyoota dhihaa, arabaa adda duree muraasaan durfamuun addunyaan hunduu dhakaa mataa isaa kenneera, darbeera, harra itti kafala.

Akka mootummaa dhadhabsiisuu mootummaa hirkataa ofii gochu, amantii Tawaahidoo keenya gidduu jeedale keessa ishee sussuuquun dadhabsiisuu, bittinneessuun gocha ifaa kan godhame, godhamaas jiru dha.

Yaa saboota koo ifaan ifatti waan wal agarruuf yoo san itti waliin dubbanna. Itoophiyaatti raawwiin isaa maal ta'a. biyyattii tana keessa kan jiru hunduu deebi'ee deddeebi'ee akka hubatu gorfameera itti himameera.

Amma yeroon gorsaa, lolaa, akeekkachiisaa xumurameera. Murtiin gara raawwiitti ceheera. Kanaafuu Waaqayyodhaan kan hin galmoofne, dhiifamaaf kan hin barreeffamne, laphee isaa isa dhagaa qabatee qoosaa kan jiru, raawwii kanaan siruma harama malee hin miliqu.

Sagaagalummaa keessa kan nam'e, qalbii jijjiirrannaaf kan hin geenye, oftuumma kan cime rasaasa isaa, qabeenya isaa, humna isaatiin kan boonu, saba isaa biyya alaa jiruun kan boone, hiyyeessa irratti kan qooose, qabeenya, niitii hiyyeessaa kan saame, hiriya isaa kan gane, sobaan kan badhaadhe, biyya kan gane, Tawaahidoo balleessuuf kan ifaaje, qabenya ishee kan saame, amanaa yeeyiidhaaf kan bittinneesse, amantii fi mootummaa halagaaf kan sakatta'e gatiis kan fudhate, sagaagalummaa hojii isaa kan godhe, namoota badii hin qabne kan ajjeesise, kan ajjeese, tajaajiltoota Waaqayyoo tajaajiltoota amantii Tawaahidoo Ortodooksii kan ari'e, kan hidhe, kan sukkanneesse, ardii Itoophiyaatti bara dhiifamaa gatii osoo hin kafalin abadan hin argu. kan argus nissahaa kan seene(qalbii kan jijjiirate) fi kan gaabbe adabbii salphaadhaan kan dabrame qofa ta'a. ardii Itoophiyaatti sagaagalummaa ballisuudhaan dubartoonni daran hammaataniiru, dubartiin surrii kan uffattu nafa ishee kan ifa baastu, siruma hin deebine safuu hin beekne hunduu isaanirra abiddi haruun baheera.

Itoophiyaatti amantii Tawaahidoo takkittiidhaan ala kan biraa hin dhaabatu, hin jiraatu, itti hin dahatu. Bahiinsa raawwii kanaatiin booda akka dhuunfaas, akka mootummaas, Bataskaana Tawaahidoo Ortodooksii Itoophiyaattis, qajeelfamoonni gochaa waa'ee ejjennoo fi tarkaanfiilee itti aananii ni ibsamu.

Faar. Daawit 145

Ijoolleen biyya koo hundi, ijoolleen amantii Tawaahidoo, Ijoolleen Dubroo Maariyaamii, leenconni Gabri'eelii Mikaa'elii, gootonni Uraa'el, Ruufaa'elii, walumaagalatti lammiin Itoophiyaa qajeelaa fayyaalessa taate hundi, bakka jirtutti cimii dhaabadhu! Qulqullummaa kee eegi ! hin rifatin, hin sodaatin mataa kee Waaqayyoodhaaf kenni, tajaajila olaanaadhaaf ofii kee qopheessi ! badii hanga har'aa raawwatte irra dhiifama isaatiin haqee arjooma isaatiin siif dhiise, Waaqa Itoophiyaa yaadi, galateeffadhu. Qajeelfamoota ballinaa ofeegganoodhaan dubbisi, hubadhuutii raawaadhus. Waaqayyoon kabaja isaatiif si fileera waan ta'eef ofii kee qulqullummaa if gad ofqabuun ijaari, hammeenya hunda irraayis fagaadhu.

14. 1 Afrikaa kaabaa:

Naannoon kun Afrikaa kibbaa, naamiibiyyaa, moozaambiik, maadagaaskaar, leeseetoo, maalaawii, bootiswaanaa, moorishiyes, komooroos qabata. Naannoon kun kolonii daran miidhamedha. Keessattuu Ingiliiziin hammeenya bulchiinsa ishee kanaan beekantu naannoo hanga ammaa dhiibbaa itti gootudha.

Ummanni amantii gooftota isaa kan dhaaledha. Afrikaa kibbaatti, Moozaambikiitti, ziimbaabiweetti, naamiibiyyaatti harras warri adiin ummata gurraacha bitaa saamaa jiran achuma akka qubatan jiru. Kanaafuu naannoon kun akka Awroppaanotaatti kan madaalamudha. Naannoo kanatti sagaagalummaan daran kan hammaatedha. Amantiiwwan heddu jiru: Kaatoolikii, Aanjelikaanii, Pirootestaantii, Musliimni harcaatiidhaan kan itti jiraatanidha.

Adabbiin garagaraa akka harcaatii isaanii isaan eega. Abiddaanis ni sakatta'amu abiddi addaan hin kunne isaan sakatta'a. addunyaa hundaafuu akkuma ta'u kunneenis nama muraasa bahu waan qabaataniif, Ortodoksii Itoophiyaa jalatti yoo dahatan bulchiinsa ifaa Itoophiyaa irratti uumamu yoo fudhatan qofa nagaan isaanii ni deebi'aaf. Kanaan alatti mallis ta'ee falli uumamu hin argatan . hin jiraatus.

Amoots 2 : 4 - 16

Ba'aan biyyoota baha dhiyoo fuula keessaatiin ibsamani badiinsaa fi barbadaa'iinsa daran ulfaataa boodadha kan harka isaanii bulchiinsa Tawaahidoo Ortodoksii(Itoophiyaa)tiif kennatan hundeen isaanii siruma kan Diyaabiloos ta'uu isaatiin abiddi irra bu'aa muraasni hanga hafanitti kan hin deebine dha.

15. Awroppaa: ardiin kun Awroppaa yoo ta'u adda durummaadhaan Ingiliiz faa, Jarman faa, Faransaay faa, Ispeen, Deenmaarki, Xaaliyaan, Poorchugaal fi Hoolaand kan hammate yoo ta'u yeroo dhihootti Raashiyaa irraa fottoqanii kan bahan kan akka Poolaandi, cheeki, laativiyaa, istoonyaa, kirooshiyaa, bulgaariyaa, ruumaaniyaa, haangaarii kan walitti qabe dhaabbanni gamtaa Awroppaa jedhamu kan jiru yoo ta'u neetoon Ameerikaa waliin tokko ta'uun addunyaa bituuf kan xaaraniifi bitaas kan jiranidha.

Jarman, faransaay, ispeeyin, oostiriyaa, ingiliiz, hoolaandi, xaaliyaanii fi poorchugaal biyyoonni kunneen siruma biyyoota badiiti. Isaan keessa amantiin gosti hundi jira, amanti Tawaahidootiin ala, adda duree sagaagalummaati, biyya gantummaati. Mijaahina jireenya isaaniitiin, adeemsa falaasamaafi industiriitiin daran kan of tuulanidha. Ingiliizitti aananii addunyaa koloniidhaan bituudhaan dhiiga sanyii namaatiin kan dhoqqaa'anidha. Nama gabra isaanii qabeenya isaa kan isaanii godhanii duulanii waggoota dheeroof hiyyeessa kan galaafatanidha. Amantiiwwan Kaatoolikii anjelikaanii fi pirootestaantii isaan keessa jiran mootummaa isaaniitiin qixatti badiinsa namaatiif kan duulanidha. Ingiliizitti angliikaaniin akka mootummaa taatee kan hooggantesi.

Awroppaan siruma adda duree balleessaa addunyaati. Awroppaatti barbaadamee kan argamu waa tokkoyyuu dhiifamaaf kan gahu hin jiru, dhiiga duuka bu'oot a Gooftaatiin kan dhiqamte, lubbuu Kiristaanota hedduutiin kan qooste buufata ajajaa Diyaabiloos isa durii har'a ammoo Ameerikaatti aantee buufata ajajaa lammaffaadha.

Kan ishee eeggatu:

- Awroppaan akka ardiittis ta'ee akka biyyoota of keessatti hammatte hundaatti madaala tokkoon safaramti.
- Naannoo kanatti miseensota gamtaa Awroppaa kan ta'an biyyoonni 28tti siqan hunduu danbalii abiddaa Waaqayyo olaanaatiin kan haramanidha.
- Naannoo kanaa kan lubbuudhaan bahan yoo jiraatan daran muraasa akka biyyaa mitii akka gandaa dhaabachuu kan hin dandeenye dha.
- Meeshaan waraanaa sassaaban ofuma isaaniitiin kan itti badan ta'a.
- Bakka bineensi itti horu ta'a. har'a ni gargaarna kan jedhan boru nu gargaaraa kan jedhan ta'u kanneen keessaayis lubbuudhaan kan bahu carraa kan qabudha. Dallansuu Waaqayyoo dhufuu fi yaa'u jalaa warra bahaniif fayyuun kan danda'amu karaa tokko qofaani. T.OR. Itoophiyaatiif harka kennuu amantii isaatiin bulchiinsa isaatiin akka mootummaas akka garees akka nama dhuunfaas bulchiinsa ifaawaa hafuuraa Gooftaa olaanaa isa Itoophiyaatti dhaabatuuf guutummaan guututti harka kennuu qofa. Harkas kennan isa irraa yoo cimuu fi ajajamuun laphee irraa ta'uun Waaqayyodhaan yoo mirkaneeffamu qofa.

Sin keessaa namaaf kan fayyadu yoo hafu hojiin keessan badiinsaaaf isa biraa bituuf uumama miidhuuf haafawuudhaaf walumaagalatti nagaa fi fayyaa ilma namaatiif fayya ardiitiifis gufuu ta'e hundi hundee isaatii haramee bada.

Faaruu Daawit 13(14) : 2 - 8

15.1 Ingiliiz:

Biyyi tun dursituu awroppaati yakkifi badiin cubbuu biyya kanaa bifa kamiinuu ameerikaa iraa adda kan hin baaneefi seenaa ieshes ta'ee hojii ishee kamiinuu Baabilooniin kan walfakkaattufi abukaatoo ishee ta'uu isheetiin kanaan dabalatatti falaasamtoonni gantummaa kan itti burqan diinotni amantii keenyaa sadarkaa guddaadhaan kan itti baballate ijoolleen ishee Ameerikaa as gahuuf ijoon isheedha. Ingiliiz addunyaa koloniidhaan kan bitte hojii balleessaa bifa hundaanuu addunyaa kan barsiifte fi kan qajeelchite hundee kan qabachiiftedha. Carraan biyya tanaa bifa kamiinuu carraa Ameerikaa irraa adda hin bahu.

15.2 Faransaay:

Biyyi tun ingiliiz waliin seenaa walfakkaataa kan qabdu addunyaa kolonii irratti ingiliiziin qixa tarkaanfachaa kan turte dha. Biyyoota humnaawoo shanan keessaa

ishee takka. Miseensa furtuu neetoo, hundeessituu gamtaa Awroppaati. Biyya koo biyyoota odoola dhabsiisan keessaa diina qabatamaa dhiyooti. Jibuutii iddoo fi safara waraanaa kan gootedhasi.

Adabbiin isheedhaaf gahu daran cimaadha. Qabeenyi sassaabde ni bada. Meeshaan waraanaa kuufatte niikulariin, keemikaaliin, baayoloojikaaliin, misaayeliin, jettiin, bidiruun waraanaa, sab mariiniin hundi akka aaraatti ni hurka. Lammiileen ishee guutummaan abiddaan calleeffamu. Dhabanii raakamuu beela'uu ni argu. Mootummaa kanneeniitiif adabbiin cimaan osoo addaan hin kutin irra bu'a. isin Itoophiyaatti balleessaa har'as hojjechaa jirtaniif murtiidhaaf ni dhiyaattu daftanii dhiifama waan gaafattaniifis hin argattan.

Miikiyaas 2 : 1 - 3

Xaaliyaan kaleessa koloniif dhufe harra hin jiru. Isin garuu abbaan humnaa baayyee osoo hin fagaatin jibuutii lafa haadhoo irraa fottoqsitanii isheen bilisa jettan. Safara waraanaa gurmeessitan. Awwaala keessan taati. Biyyi teessan biyya namaa akka bittinneessite ni bittinnooftu. Sin Itoophiyaa duratti murtii malee hin dabramtan dikee ni uffattu. Biyyoota Awroppaa jiraniif fakkeenya badiinsaa taatu.

Sanyii namaa addunyaa guutuu jirtuuf qalbeeffadhuu dhagahi tarkaanfiin fudhachuun sirra jiru maali.

Murtii Gooftaa kana keessatti ergaalee hundaa kan haalaan hubatte yoo taate murtiiwwan raawwii asiin gadi jiran kan akkuma isa duraatti asiin boodas jiran hubadhu raawwadhus.

Ergaan kun ilaatuu(manaatsirii) hafuuraa addunyaaa guutuu itti ilaaltudha. Ofii keet irraa adda hin basin murtii Waaqayyoo raawwatamu raawwachiiftonni yoo geggeessaniin qalbiifannoon hubadhu. Ardiittis ta'ee hawaatti, galaana keessas ta'aa addunyaan ergaan waaqayyoo kun itti hin murteessine hin jiru waan ta'eef murtii isaa ilaalaa. Hoogganaan addunyaa hundi, ummanni addunyaa hundi, abbaan qabeenyaa hundi, hiyyeessi hundi murtii ifaawaa kanaan ni murteeffama waan ta'eef. Qalbeeffadhuu dhagahi. Dhaloonni jallaan amantii hin qabne hanga haramtutti eegi.

16. tarkaanfii fudhattu akka nama dhuunfaatti 18(19) 8 - 9

faar. Daawit

- a)** Sanyiin namaa kamuu ergaa kana ergaa 1ffaa 2ffaa kanas murtii raawwii 3ffaa dubbisuu hubachuu, hubachiisuu akka qajeelfama murteessaa qabachuu kanneen biroos qabachiisuun dirqama Waaqayyoo irraa kennamedha.
- b)** Namni kamuu amantii Ta/ Ortodooksii Itoophiyaatti akka cimu akka dahatu amanee cuuphamee akka walgahu Waaqayyodhaan ajajameera waan ta'eef.

Atis kana godhi kan amante duriyyuu amanticha keessa yoo jiraatte ajaja Waaqayyoo kamiyyuu eegi qulqullummaa kee irraa hin hanqatin !!

- c) Itoophiyaadhaa alatti kan jirtu namuu kan laphee keetti amante yaada sammuu keetiin jijjiiramte hunduu qarree addunyaa itti jirtu kamuu keessatti goojjoo keetti (mana keetti) ta'uun gara Waaqayyoo deebi'uu kee, gaabbuu kee, dhugumaan amantii Tawaahidootiif dhaabachuu kee Waaqayyodhaaf soomaan kadhannaadhaan himi. Itti aanee nama Itoophiyaa amantii kanaa kamiyyuu argachuuf yaali.

Faar. Daawit 23(24) : 3 - 5

Toorawwan odeeffannoo diriirfamaniin argachuuf yaali, eembaasii Itoophiyaa biyya kee jiruuyis odeeffannoo gaafadhu teessoo as Itoophiyaadhaan si walqunnamsiisus gaafadhuu hundaa argadhuu deebi'i. kophaatti si dhibu gamtaadhaan humna kee gamteessitee dhufuufi sirna amantii raawwattee seera isaa beektee qajeelfama fudhattee deebi'uu ni dandeessa. Nama laphee isaatii jijjiirameef karaan banaadha waan ta'eef.

- d) Lammiin Itoophiyaa kamiyyuu addunyaa kamuu irra kan jiru namoota ergaa kana argachuu barbaadan gargaaruun dirqama isaati. Yaa'uu adabbii cimaatiin eegalee namoonni lubbuun bahuuf ni yaalu waan ta'eef ! karaa itti miliqan agarsiisuun dirqama isaati. Kanaanis nagaduuf kan yaalu itti adabama waan ta'eef tajaajila kana tolaan haa kennu.

- Murtiin gara raawwii ceheera waan ta'eef biyyoonni ummatoonni nu hin eegne kan badan yoo badan kan lubbuun hafan dhiifama yoo barbaadaniifi karaa itti miliqamu yoo barbaadan ijoolleen Tawaahidoo Ortodooksii gad of qabuun, qajeelummaadhaan, gargaaruun gocha isa ijoo fi dirqama isaati.
- Oftuulummaadhaan kan dubbatu kan raawwatu kan of tuulu adabbii cimaan waan isa eeguuf hojii jibbisiisaa kana irraa of haa eegu.
- Mootummoonni dhaabbileen gareewwan tokko tokko mala boressuu nu fayyada jedhan fayyadamanii ibsuuf ni yaalu waan ta'eef ergaa orijinaala ofeegganoon qabdan waliin walbira qabaa ilaalaa.
- Hoogganaan biyyaa, hoogganaan amantii dhaabaa, hoogganaan waraanaa, hoj-gaggeessaan nageenyaa, miseensonni mana mare, miseensonni mana maree seera murteessaa, hoogganaan dhaabbata idil addunyaa, kan dhaabbilee gargaarsaa, waldaaleen ogummaa idil addunyaa, hooggansi ummataa itti gaafatamummaa qabu qabate kamiyyuu ajaja kana haa qalbeeffatu.

- A. Guddinaa fi xiqqeenya itti gaafatamummaa dhuunfaas ta'ee walee qabuun ergaa kanarratti hundaa'uun waan madaalamuuf, odeeffannoo ummataaf ibsuu, ummata gara dhugaatti deebisu fi hubachiisuun dirqama isaati. Kana kan hin goone akka dhuunfaatti akka hoogganaa ta'uu isaattis ni gaafatama wanta ta'eef. Akka ajajaa kan raawwatu yoo ta'e ba'aan isaa ni salphata.
- B. Keessattuu hooggantoonni biyyaa seera baaftoonni biyyaa manneen maree olee fi gadee ummataa filatamneerra jedhan, ergaa kana ifaan beeksisuuf, hubachiisuuf, gara Itoophiyaa dhufanii hubachuu kan barbaadaniif gargaaru

hubachuu, kennuu, Itoophiyaa warra jiran waliin wal qunnamsiisuun dirqama isaaniiti.

Kitaaba maqaabiyaanii duraa 22 : 5

- C. Abbaan alangaa, manni murtii, hojjetaan nageenyaa, miseensi waraanaa, biyya kamittuu argamu dallansi yoo yaa'uu eegalu muudamnii fi humni beekumsii fi qabeenyi hin baasuun waan ta'eef beekaatii eegaa yookin dafaatii bahaa.
- D. Namni yookin mootummaan kamiyyuu odeeffannoo gahaa osoo hin kennin kan ukkaamsu yoo ta'e hamma humna isaatti adabbii cimaan isa argata. Gocha kanaan dhiifama hin argatu.
- E. Namni gufachiisaan kamuu itti qoosama, du'a kadhachaa darba. Ni unataan.
- F. Bara 7/3/1998 kan ibsame ergaa duraa bara 27/9/2000 kan ibsame ergaa lammataa ummataaf osoo hin ibsin kan ukkaamsitan namoonni dhuunfaan, hooggantoonni biyyaa, hooggantoonni dhaaba amantii, tamsaaftoonni oduu, dhaabbileen idil addunyaa , kamuu walumaagalatti ergaaleen sin gahanii kan tuffattan salphiftanii ilaaltan, kan qoostan hhuni ammas murtiin raawwii kun yoo sin gahu akka dogoggora keessan duraa yoo irra deebitan, ni gootanis waan ta'eef ammoo , abidda dallansuu dursitanii ni unattu kun yoo godhamu inni biroos ni barata waan ta'eef dogongora kanaan adabbii malee hin dabramtan. **Fakk. 16 : 5**
- G. Ergaa kana tuffachuunc qoosuun, akka dubbii maraataatti lakkaawuun hammeenya keessan, oftuummaa keessan, beekumsa keessan, qabeenya keessan, oftuluun humna meeshaa waraanaa qabattaniin boonuun cimaniin kan dhaabatan mootummoonni, biyyoonni, gareeleen, dhaabbileen, dhaabbileen amantii, namoonni dhuunfaa, abbootiin beekumsaa, falaasamtoonni, hayyuuleen, jeneraalonni kana godhan waan jiraniif namni ergaa kanatti amanee gaabbe kamuu homaayyuu haa ta' u homaa isaan armaan olitti ibsaman irraa ofii isaa siruma fageessuu qaba. Hojii hamaa isaaniitiin gamtoomuu ajajamuu hin qabu.kunneen badduwwan qubannaa dallansuutiif qophaa' an waan ta' aniif.
- H. Biyya kamuu kan jiru hoogganaan, loltuun biyya eegu, hamma itti gaafatamummaa ummata baateeniitiin dallansuun yoo cimu balaan yoo dabaluu haramni yoo jabaatu ummanni gara dhugaa akka deebi'u xaaruu qaba. Akkanumaan sababa garagaraa lafa kaa'aa fala nan fida jechaa yeroo isaa gubuu hin qabu.walgahii, karoora, marii, murtii falaa, gargaarsi qarshii ni karoorfamu malee bu'aan buusan waan hin jirreef namni kamuu ergaa kanaan kan ajajame kan itti himame akka raawwatu akka hubatu gochuun dirqamadha.

Fakk. 12 : 16

Gara burqaa ergaa kanaa gara qubannaa teessoo fi iddoo ajajaa ummatoota Waaqayyoo (Itoophiyaa) dhufuuf qajeelfama kan barbaadan namoota kamiifuu akka dhuunfaattis akka garees, akka dhaabaas, akka biyyaas boca barbaadaniin ta' uun dhufuu kan barbaadaniif biyyi itti jiraniifi bulchiinsi isaa bifa hundaanuu gargaaruu irra jira. Mootummaan biyya koo jiru maal gochuu

akka qabu ofii isaatiin kan barbaachisu qajeelfamni ni kennama waan ta' eef kara Itoophiyaatiin homaa gufuun akka hin jiraanne ni godhama. Dhaabbileen, waldaaleen, dhaabni, dahannoowwan bataskaanaa, tajaajiltoonni, amantoonni, Itoophiyaa jiran kamuu haala dhufuuf jiru hundaaf ofii keessan qopheessuu qabdu. Itti gaafatamummaan lamatu sin eega. Obboleessa obboleettii keessan keessummaa addunyaa kam irraayyuu dhufu hamma arjooma Waaqayyo siniif kenneen dhugummaan, qulqullinaan, of gad qabuudhaan, jaalalan Waaqayyo akka sin barsiise taatanii tajaajiluun dirqama keessani.

Haala M/Kiristaanaa T/O/ Itoophiyaatti ijaaramtan, abbootii koo haadholii koo barsiiftotni amantii Tawaahidoo, hayyuu hayyootaa(liiqa liiqaawuntii), basriistonni zeemaa, qinee, aqquwaaquwaamii, barsiiftonni digguwaa manakusoonni daggala daggala keessa kuftan, baadiyaa maraa cimina amantii keessaniitiin bataskaanaa ari'amtanii raakamuu irra kan jirtan tajaajiltoota amantoonni hunduu ammaan achi kan gatamu gatamee Gooftaa keessan irraa kabaja galata eebba akka argattan ajajameera waan ta'eef Itoophiyaa eebbifamtetti! Biyya teessan Itoophiyaatti! Qubannaa kabaja Waaqayyo olaanaa Itoophiyaatti! Kunoo hojii akka fudhattaniif murtiin raawwii darbe. Waan ta'eefis gammachuudhaafis, gadda dagachuudhaafis, tajaajilaafis, ofii keessan qopheessa.

Addunyaa guutuutti kabaja ayyaana isaatiin guutamtanii, M/K/O/T/I tti haadha teessan dubroodhaaf, abbaa keessaniif , michuwwan keessaniif, Mikaa'eeliif, Gabri'eeliif, Rufaa'eeliif, Faanu'eeliif walumaagalatti amantii dhugaa keessaniif tajaajiluuf qophaa'aa leencota gootota Waaqayyoo gadda keessanirraa obsaa.

Fakk. 30(6) : 29 - 31

Miilkiyaas 3: 1 - 6

- I. Tajaajila hafuurawaa gara daldalaatti jijjiiruuf kan yaadan yoo jiraatan ammuma addunyaa biroo jiraachuu osoo yaadanii wayyaan. Dhiifama hin godhu waan ta'eef jaalalaan gatii malee keessummeessaa, seera abbootii keessanii hordofaa fedhee jaalala keessaniin gammadee kan sin eebbisuuf, kennaas siniif kennuuf gadi of qabuudhaan fudhadhaa malee akka tajaajila daldalaa gatii hin fudhatinaa. Durumaa hojiin keessan daldala kan ta'e mana daldalaa ta'uu isaa beeksisaa keessattuu mana kan kireessitan manni kan Waaqayyoo ta'uu isaa beekaa kan gootan hunduu daldalaaf osoo hin ta'in eebba Waaqayyoo irraa argamuuf haa ta'u.

Ummata keessan isan dabran, adabbiidhaan haraman, hammeenyaan ciman, qabeenya fincilaa hin nyaanne sassaaban, sin waliin hin jirre, hunda dhiisanii gara biyyeetti jijjiiraman yaadaa. Isin kan haftan hojii isaanii irra deebi'uuf miti kanarra siruma fagaadhaa anis sin hin taru waan ta'eef.

17. adabbiin booda bulchiinsi jiruuf jireenyi hafuurawaa fi foonii maal fakkaata.

1. Uleefi abiddi addunyaa eegu siruma argiteenii kan hin beeknedha. Yaa'a dallansuu kanaan finciltoonni guutummaan guutuutti ni haramu, homaa dahannoo qaawwa itti miliqan dhabu. Malli namaa hundi kan gatii hin qabne ta'a. sirni haaraa ni uumama, bulchiinsi haaraa ni caaseeffama.
2. Itoophiyaan hooggantuu addunyaa kan hafuuraas kan fooniis ni taati.
3. Addunyaatti amantii tokko cuuphaa takka ummata tokko kan bifa hedduu ta'a.
4. Afaan fayyadamni afaanii har'a jiru baqee afaan Itoophiyaa amaariffi afaan waliigaltee addunyaa ta'a. Addunyaan guutuu akkuma Ingiliffa qo'atu sun hundi hafee Amaariffi waliigaltee isa ijoo ta'a. Afaan hojiis ni taasifama.
5. Bulchiinsi ifaa Itoophiyaatti dhaabatu sanyii namaa addunyaa guututti jiruuf hojimaata tolu kanneen bulchiinsaa, haqaa, ikoomoomii, maallaqaa, barumsaa, fayyaa, walqunnamtii, kkf ni hundeessa.
6. Tawaahidoo Ortodooksin Itoophiyaatti dhaabatu sanyii namaa Addunyaa guututti jiru jireenya hafuurawaa isaa qanoonaa fi sirna mataa isheetiin ajaja Waaqayyoo irraa kennamuufiin ni hoogganti hojii hafuurawaa qulqullummaan guutame ni raawwatti. Ifa Addunyaa taatee ifti.
7. Bataskaanatti hooggansa Hafuura Qulqulluutiin kan muudaman Abbootiin, tajaajiltoonni Addunyaa guututti ni bittinnaahu ummata ni hooganu, ni ijaaru ni barsiisu
8. Tajaajilli Hafuurawaa hundi hundeen isaa kan bu'ureeffamu sirna hojimaata fi barumsa Mana Kiristaanaa Tawaahidoo Ortodooksii Itoophiyaatiin ta'a. Bataskaanonni hundeeffaman haala hooggansaa fi fedha isheetiin ta'a.
9. Teessoon Waaqayyoo olaanaa Itoophiyaatti cimu tajaajiltoonni Waaqa Sadeen Tokkichaaman amanaman muudaman kan irra taa'aniifi hooggansa hafuuraan fi foonii isaan irraa yaa'uun akka fedhaafi hooggansa Waaqayyoo Hafuura Qulqulluutti sirna bulchiinsaa Addunyaa guututti caaseeffamuun ummanni hundi hooggansa hafuuraas fooniis argatu.
 Sararamni daangaa Addunyaa guututti jiraatu marti bulchiinsaaf, jireenya ummataatiif, ollummaadhaaf, walitti dhiyeenyaaf, waljaalalaan jiraachuuf akka tolutti godhamee sirreeffama. Mallattoon koloneeffatootaa durii ni balleeffama.
 Hojimaatni foonii Addunyaa guutuu irra jiru jireenya hafuurawaa kan hin laamshessine, kam hin miine ta'uun isaa yoo mirkaneeffamu raawwii ta'a. Seerri hafuurawaa fi seerri foonii Addunyaan itti bultu wal fakkaataa fi tokko qofa ta'a. Addunyaan heera tokko qofa qabaatti. Heera kana irratti hundaa'uun bifa hin faallessineen fi hin shaaramneen bulchiinsota naannoo fuuluma fuula Addunyaa irratti diriirfmaniif heeronni ni labsamu. Seeronni bahan hundi as giddugala Itoophiyaatti dhiyaatanii ni ragga'u, shaaramu, sirreeffamu, fooyyeeffamu.
 Humnoonni nageenyaa Addunyaa guututti naamusa Hafuurawaatin haala seeraatiin ijaaramanii qajeelummaadhaan sirni itti tajaajilan ni gurmaa'a. Haqni hojimaata hafuurawaa fi fooniitiin maal akka godhamu gara fuulduraa

abbootii hafuuraa ogeeyyii seeraa waliin qindaahuun sirni ni diriirfama. Sirni haqaa dhugaa qofa hundeeffate ni gurmaa'a.

raajii Miilkiyaas boq. 4 guutuu

Addunyaan keessa isheetti ummata baayyee hamma qabaachuu isheetiin qabeenya ummataas hammaaranii namoota muraasaan sassaabanii galfachuu har'as addunyaa haafawtootaa mullatu akka hafu taasisa.

Keessattuu Ameerikaa Awroppaan badiinsa baayyeen booda waan jilbiiffataniif miidhaan isaanii daran ulfaata.

Addunyaarra kan jiran harra yoo ilaalaman gurguddoo hooggantoota abbootii qabeenyaa hunda raawwattoonni beekuu kan qaban yoo jiraate addabaabaayii haqaa Itoophiyaatti dhiyaatanii abbaa alangummaa qajeelaa Waaqayyoo ni argatu.

Hojimaatonni foonii dalagaaleen guyya guyyaa martuu sagaagalummaa, hattummaa, hammeenya, sharrii, gowwoomsuu, obboleessa irratti badii raawwachuu sarara jireenya hafuurawaa keessaa bahuu kan baalleessu sirumaas kan hin baane ta'ee gurmaa'a caaseeffama.

18. Carraan meeshaa badiinsaa addunyaan baattee hoo

- a) Addunyaan yeroo dheeraaf meshaalee wal ficciisiisaa gurmeessaa turteerti meeshaan badiinsaa inni duraa dhakaa ture. Qaayel obboleessa isaa dhiibbaa Diyaabilooitiin hinaaffaadhaan kaka'ee kan ajjeeseen dhakaadhaan ture, yeroosan irraa eegalee meeshaa badiinsaa gurmeessanii obboleessa ajjeesuun ni baratame.
- b) Meeshaaleen badiinsaa nama tokko qofa ajjeesuu waan baayyisaniif namni dhiibbaa diinaatiin meshaalee ajjeechaa fooyyessaa dhufe dhakaarraa gara biyyaa xiyyarraa gara sibiilaa jechaa nama tokko ajjeesuun baratame. Foon namaa meeshaa diinaa cimaadha waan ta'eef ilmi namaa fedha foonii isaatiin hin quufne meeshaalee fooyya'oo hedduu hojjete. Imala bara hedduutiin booda namni waraana isa badiinsi namaa fi qabeenyaa guguddaan itti godhame waraana Addunyaa 1ffaa fi waraana addunyaa 2ffaa gaggeesse. Nama tokko ajjeesuun bira dabre dhuka'oo, jeettii, madfiifi taankii hojjeteen kumaafi dhibbaan galaafachuu eegale. Diyaabiloos kan hammi kun hin quubsifneen ogummaa isaatin akka guutametti jira waan ta'eef. Meeshaa badiinsaa fooyya'aa nama qabsiise Niikulariin ni hojjetame Jaappaan irratti yaalame nama kuma 300 hin hanqanne galaafate gabroonni Diyaabiloos kanaan hin quufne Niikularii nama addunyaa deddeebisee balleessu baayyinaan hojjetan kun hin geenyeen meeshaa Keemikaalii hojjetan nama cicciree kan balleessu, niyuutiroonii hojjetan. Lubbuu kan qabu qofa adda baay'ee kan ajjeesu, baayoloojikaalii hojjetan vaayrasoota dhukkuba fidan baakteeriyaaawwan

galaafatan barbadeessan laabraatoorii keessatti gurmeessan yeroo meeqa nama balleessuuf akka yaadan kan dinqisiisudha. Biyyoonni 9 hin hanqanne Niikularii kana baattataniiru.

Raajii Miikiyaas

5: 10 - 15

Raajii

Isaayyaas 24: 1 - 13

Kanaan hin dhaabbanne budiruu, misaa'eloota, madfiiwwan, taankiiwwan, saatalaayiyoota haleeltu daran guguddoo fi teknoolojii olaanaadha qaban walumaagalatti meeshaalee badiinsaa ilmi namaa hin beekneen kuusan hojjetan. Ni qophaa'an obboleessa isaanii ittiin ajjeesuuf meeshaalee badiinsaa kuusan hojjetan obboleessa isaanii ittiin ajjeesuuf qophaa'an akka Qaayel all tokko miti deebisanii deddeebisanii ittiin balleessuuf abjooman har'as seeraa fi kaayyoon sanuma keessa jiru. Mootummoonni gurguddoon wabii qabeenya isaaniitiif dhoksaa Yakka isaaniitiif hiyyeessa dhiituuf mootummaa hiyyeessa saamuuf itti fayyadamaniiru har'as itti fayyadamaa jiru. Mootummoonni abbaa humnaa addunyaa nuti abbaa alangaa addunyaati jedhan meeshaa isaanii kanumaan qabeenya sassaabaniin gabroota bitamoo isaanii bakka bakkatti gurmeessaniin addunyaa gara badiinsa abadaatti dhiibaanii jiru. Biyyoonni kunneen meeshaa kana qaban Ameerikaan Raashiyaadhaan, Arabni Ameerikaadhaan, Kooriyaan Kooriyaadhaan, Hindiin Paakistaaniin, Israa'el Araba Paalestaayinii waliin, biyyi tokko biyya tokkoon daangaa koloneeffattootaan yoo walfixan yoo wal moroman kan itti mullatu diraamaa addunyaa yeroo hundaati. Yaa ilma namaa qalbeeffadhu hubadhu Gooftaan osoo si eeguu baatee duuti Diyaabiloos siif qopheesse yeroo meeqa awwaala keessaa baasee akka si ajjeesu (osoo danda'amee) yaadi Ameerikaan abidda(waraana) Niikularii kuma kudhan, Raashiyaan kuma 8, kan Chaayinaas waraanni Niikularii kumaan lakkaawamu. Meeshaan waraanaa Faransaay Niikularii kumaan lakkaawamu, Ingiliiz kan kumaan lakkaawamu, Hindiin, Paakistaan, Israa'el waraana Niikularii dhibbaan lakkaawamu baataniiru. Badiinsa addunyaatiif kan biyya tokkoo gahaadha. Kanaan hin dhaabbanne meeshuma kana haqaa irratti fannisaniiru. Kana caala yakkamaan maaltu haa dhufu? Maarree kun akkamitti balleeffama.

A. Carraan meeshaa baatanii hoo?

- Meeshaan badiinsaa kun biyyoonni baataniin kan ofii isaaniitiif qopheessanidha.
- Waaqayyoo dhaan kan filaman essas haa ta'an eessa hoomtuu haa uumamu wanti tuquun hin jiru.
- Meeshaan baatan hundi fuula ardii irraa ni bada. Yoo badus isaanuma muuseewwan badii fuudhee deema.

Raajii Hisqi'eel boq.

26(27) guutuu

- Biyyoonni kunneen nama kiisa isaa keessa abidda boba'u kaa'ate fakkaatu.
- Haala badiinsa isaa hunduu kan arguun waan ta'eef ilaaluun kan carroomaniifi.
- Kan badan isa gaarii osoo hin argin meeshaa badiinsaa waliin ni hurku.
- Akkamitti? San ergamtoota ifaa raawwachiiftota murtii Waaqayyoo Gooftaa hoomaatiif haa dhiifnu.

B. Addunyaan maaliin hoogganamti giddugalli hoo eessa ta'a?

- Addunyaan biyya koo dikee irraa kaatu ishee Fakkeenya beelaa taateen hoogganamti.
- Yaa'iinsa dallansuu isa guddaa tiin booda addunyaan jaalates jaalachuu baates murtii Waaqayyoo olaanaa kana ni fudhata. Raawwii ni godha. Ittiin bitama.

Hooggansi addunyaa giddugalli isaa magaalaa guddittii Itoophiyaatti ta'a. Addunyaan mootii moototaa Gooftaan inni arjaan mootomsuun tajaajiltoota Waaqayyoo olaanaa isa waliin muudamaniin hoogganamti. Mootichis jaarsolii guguddoo namoota Waaqayyootiin ni marfama, gorfama, gargaarama. Gabrichi Waaqayyoo olaanaa hooggansa addunyaa qabatu teessoo mootummaa isaa irra yoo ta'u isa waliin kan hojjetan sadarkaa kennamuufiin dhimma hafuurawaa fi fooniitiif hojii gorsa kennuu kan raawwatan ni jiraatu.

Addunyaan abbaa Gooftaan inni arjaa muudeen abbaa fi hoogganaa Bataskaana Tawaahidoo Ortodooksii Tawaahidoo Itoophiyaa isa waliinis kan muudaman Abbootiin amantii keenyaa kan Waaqayyoo Hafuura Qulqulluutiin qaheelfamaniin ni hoogganamti.

Abbootiin Hafuuraa addunyaa guututti ni ramadamu. Hooggansi hafuuraan fi foonii waliin ta'anii fedha Waaqayyootiin kan hoogganan waan ta'eef akkuma baayyina fageenya namaatti ballina biyyaatti ilaalamaa ramaddiin tajaajiltootaa ni raawwatama. Sadarkaa sadarkaatti kan ramadaman hunduu hamma aangoo fi xaaraa murteessuu ni qabaatu. Sirni seeraa kan murteessus ni gurmaa'a.

Hojii fi tajaajila fooniitti kan ramadamaniif heera qulqullumaa addunyaa bituun waan hoogganamuuuf seeronni kana waliin wal simannaa qaban bahaa haala ulaagaa fi caasaa sanaatiin bulchiinsi hooggansi ikoonoomiin maallaqni, tajaajila hawaasummaa kanumaan walqabatee gurmaa'a.

Aadaawwani fi haalonni jireenyaa barmaatii ta'an inni hojimaata hafuurawaa fi foonii waliin wal simatu tokkoomee kan hin mijoofta gatamee hundee haala jireenyaa qabata.

19. Giddugaloota bulchiinsaa

Sadarkaan guddugaloota bulchiinsaa addunyaa kan kanaa gadii fakkaatan.

- A. **Afrikaa:** Ardiin kun bakka 4tti qoodama 1ffaan Afrikaa bahaa 2ffaan Afrikaa kibbaa 3ffaan Afrikaa kaabaa 4ffaan Afrikaa dhihaa yoo ta'u odoolawwan qaamota itti dhiyaatan keessatti hammatamu.
Qaama Afrikaa 4 kana keessatti akka hoogganaan biyyaa tokkoon tokkoo naannootti hooggantoonni giddugala ijootti mudaman sirna bulchiinsaa guutuu waliin gurmeeffamu. Bulchiinsi inni hafe itti waamamni isaa giddugala kanaaf ta'a. Hooggantoonni Afrikaa 4ranuu itti waamamni isaanii giddugala ijoo fi bulchiinsaa mootii moototaa Itoophiyaa jiruuf ta'a. Hooggantoonni naannoos sadarkaa mootii fi sirna mootummaa guutuu ni qabaatu. Kana hordofee caasaan hafuurawaas kana hordofaa sirna bulchiinsaa fi hooggansaa hafuurawaa mataa isaa ni gurmeessa.
- B. **Awroppaa:** Qaamni ardii kun iddoo lamatti qoodama. 1ffaa naannoo bahaa 2ffaa naannoo dhihaa ta'a.
 Hooggantoonni naannoo lameenuu akka hoogganaa biyyaatti naannoo naannootti giddugala ijoo irraa mudamu. Inni hafe bulchiinsi isaan jalatti caaseffamu itti waamamni isaa hooggantoota naanoottiif ta'a.
 Hooggansi Hafuurawaa daangeeffama bulchiinsaa hordofee sirna hooggansa hafuurawaa mataa isaa ni diriirsa. Hooggantoonni naannoo lameenuu itti waamamni bu'aa nii mooticha moototaaf ta'a.
- C. **Ikaandiineeviyaa:** Naannoon kun hoogganaa 1 qabaata. Caaseffamni isaas armaan olitti A/B irratti ibsamani ta'a.
- D. **Awustiraaliyaa:** Naannoon kun odoolawwan naannoo isaa jiru mara of keessatti hammatee hoogganaa naannoo 1n bula. Caaseffami isaas armaan ol A/B irratti akka ibsametti ta'a.
- E. **Ameerikaa Kaabaa:** Qaamni ardii kun lamatti hirma hooggantoota naannoo kaabaa fi kibbaatiin A/B irratti haala ibsameen ni caaseeffamu.
- F. **Kibbaa fi Kaaba Ameerikaatti** odoolawwan argaman of danda'anii hoogganaa naannoo tokkoon bulu. Caaseffamnis haala A/B irratti jiruun gurmaa'a.
- G. **Laatin Ameerikaa:** Naannoon kun lamatti hirma hooggantoota naannoo 2 qabaata. Caaseffamni isaas armaan ol A/B irratti akka ibsame ta'a.
- H. **Eeshiyaa:** Qaamni ardii kun hooggantoota naannoo 7n hoogganama.
 H.1 Raashiyaa, Mongooliyaa Naannoo lakk 1
 H.2 Chaayinaa, Hoongi Koongi naannoo lakk 2
 H.3 Jaappaan, Kooriyaawwan, Taaywaan naannoo lakk 3
 H.4 Hindi, Paakistaan naannoo lakk 4
 H.5 Veetinaam, Taayilaandi, Kaamboodiyaa, Barmaa, Filiippiinsi, Neeppaal, Laa'oos naannoo lakk 5
 H.6 Kaazaakistaan, Taajiikistaan, Uzveekistaan, Turkemnistaan, Armaniyaa, Azarvaajaan, Kirgiataan, Joorjiyaa naannoo lakk 6
 H.7 Iraan, Afgaanistaan naannoo lakk 7
- I. **Baha Dhiyoo:** Saawudii Arabiyaa, German, Kuwaataar, Baahireen, Kuweet, Eemireetis, Joordaan, Iraaq, Libaanoos hooggantoota naannoo lamaan hoogganama. Caaseffama A/B jiruun gurmaa'a.

- J. **Israa'el:** Intala Waaqa Itoophiyaa Intala fincila irra jirtu kan mana abbaa ishee hin galledha. Ta'us danbalii kana irraa kan bahan obboleewwan quxisuu Itoophiyaa jedhamu. Bulchiinsi isaaniitiif mirga bulchiinsa keessoo mataa isaaniitiin bulu. Hooggansi hafuurawaa garuu giddugala Itoophiyaa jiru irraa hoogganama. Gurmaa'a.

20.A Bulchiinsonni walqunnamtiiwwan ija hafuurawaan akkamitti waamamu. Akkamittis gaarii ta'u.

Lammii koo yaa sanyii ilma namaa qalbeeffadhuutii ija fooniitiin osoo hin ta'in madaalafi ija hafuurawaatiin ilaali ! Ati inni hin agarreef hin argin ija qabda hin argitu waan ta'eef gurra qabda hin dhageessu waan ta'eef sammuu qabda hin hubattu waan ta'eef.

Lammii koo sanyii namaa abbbaan ifaa hubadhu dhagahi!

Addunyaa bada har'aatiin isa dhufu hin safarin har'a Addunyaan kan dhoqqaa'e galaana cubbuutiin kan liqimfame hojii dukkanaa Diyaabiloosiin kan fo'ame dha. Addunyaan kun ni harama ni qulqullaa'a. Diyaabiloos hoomaa isaa waliin abiddaan harama. Kan dhiifanu hin jiru waan ta'eef gara bara isa gaariitti kan cehu isa laphe-jal'aa har'aatii miti isa laphee qajeelaa dha malee ifa kan argu Uumaa isaa kan jaalatu malee ilma Diyaabiloositii miti. Kanaafuu inni dhufu maal fakkaata jettee hin cinqamin inni dhufu adabbiidhaan booda daran gaarii ni ta'a.

Ilmi namaa wal jaalata, lolli falmiin ni bada, hunduu amantii tokko Tawaahidoo Ortodooksiiidhaan dhaabbata. Tokko ta'ee Waaqa isaa galataeffata. Namni Waaqayyoo dhiyoo Waaqayyoonis namaaf baayyee dhiyoo ta'a. Addunyaan fixeensa arjooma isaatiin ni jiiti namni gammaduu isaa irraa kan ka'e Uumaa isaa kan itti galateeffatu kan itti hojjetu kan itti gammadu guyyaan maaliif galgalaa'e jedha. Halkan hirriibaa fi boqonnaa mi'aawaa kan qabu Waaqayyoo dhaan walqunnamanii kan itti eebbifaman waan ta'eef maaliif bari'e jedhama.

Obboleewwan koo har'a hojimaata dukkanaati kan jiru. Yoosan hojimaata ifaati kan jiraatu. Eenyuuf kennita hunduu ni qaba.

Waa'ee rakkoo eenyutu sitti hima hunduu rakkoo keessaa baheera. Kana ni argita Gooftaa kee ni kadhata hundaa siif guuta. Haala kanaan uumaan baraa barri Waaqayyoo akkamitti dhiyoo ta'ee itti dhagahe itti dhagahe hin turre hin jiraatus. Kanaafuu hundi dukkanni yoo haqamu ifa bahaa adeema.

21. Giddugalli qubannaa hooggantoota eessa ta'a.

Kun caaseffama daangeffama bulchiinsotaatiin booda kan murteeffamu ta'a. Naannummaan, biyyummaan kan dhaabatan hundi bulchiinsi aangoo keessoo fageenyi murteessuu sadarkaan aangoo olii hanga badii jiruu, heera addunyaa hoogganuuniifi kanumarratti hundaa'ee seera bahuun murteeffama.

22. Sirniifi yaa'i hoogganaa fi bulchiinsa Hafuurawaa addunyaa guututti yaa'u maal fakkaata.

Faaruu 67: 11 - 35

- Kun ifaan akka himametti addunyaa kan hoogganu kan bulchu kan bitu Mootii moototaa tokko yoo ta'u hooggantoonni naannoo naannootti bahanis mootota ta'u. Isaaniin gadi biyya biyyattii hooggantoonni ramadaman jiru(pireezidaantii, muummee ministeeraa, ministeera kkf)
- Caaseffama kana hordofee mooticha moototaa irraa homaan kan adda hin baane abbaan Hafuurawaa addunyaa sirna Hafuurawaatiin bulchan jiru. Mooticha moototaa fi abbaa hafuurawaa gorsitoota hafuurawaa fi foonawaa naannoo isaanii jiraniinis maree godhamuun fedha Waaqayyoo olaanaatiin ragga'ee naannoo naannootti Abbootiin hafuurawaa ni mudamu. Biyya biyyattis akkanuma Abbootiin Hafuurawaa ni mudamu. Moggaasni sadarkaa isaanii murtii Siinodoosii abba a hafuurawaa kanaan hoogganamuun murteeffama.
- Hojiin foonii kamiyyuu bifa hojii hafuurawaa him cabsine hin diigneen hoogganama. Kana gochuuf dhimma hundaan hooggantoonni tajaajila hafuurawaa Kennan murtii keessa ni hirmaatu dhimmi isaan itti hin amanne hanga dhumaatti ilaalamee murteeffama malee mormii isaanii gatuun murtiin murteeffama hin jiraatu godhamus haala seeraatiin adabbii kan geessisu yoo ta'u ariitiin sirreeffamni itti fudhatama hojimaata haqaatiin fi adeemsa hafuurawaa waliin wal simatee caaseffama.
- Ajaja Waaqayyoo kana raawwachiisuuf namoonni dhuunfaa gareewwan mootummoonni dhaabbileen amantii dirqamaniis ta'ee fedhanii dhufan kamiyyuu garam dhufuu qaban qajeelfama ballinaan eessaa argatu akkamitti sarara walqunnamtii uumuu danda'u.
 - **A.** Sanyiin namaa kamiyyuu dirqamees ta'ee fedhee kan dhufu gara Itoophiyaatti qofa.
 - As dhufuuf yoo dirqamu yookin fedhee yoo murteessu odeeffannoo garana itti dhufu argachuu qophii gochuu barbaachisaan. Turtii gabaabaaf wanta fayyaduun qabachuu irra jira.
 - Odeeffannoo eembaasii Itoophiyaatii lammiilee Itoophiyaa biyya alaa jiranirraa fi bulchiinsa isaa irraa gaafachuun ni danda'ama.
 - Tajaajiltoonni Waaqayyoo barreeffama kana fidan barreeffamoota gara fuulduraatti walitti aananii ibsamaniin teessoowwan lakkoofsota bilbilaa, faaksonni, intarneetonni akka qophaa'an gochuun addunyaa guutuuf akka ibsame ni godhu.
 - Garana eega dhufanii booda yeroo osoo hin gubin ordeeffannoo ni argatu wanta gochuu sinirra jiru hunda qajeelfama ni argatu.
 - Murtii raawwii kanaaf gufuu warra ta'aniif lolaa fi tarkaanfii irratti fudhatamu

- A. Namni dhaabbanni dhaabni amantii Mootummaan miseensonni mana maree nageenyaa fi loltuuwwan mootummaa jalatti gurmaa'an, abbootiin qabeenyaa hojii gufuu kanatti bobba'an hunduu yaaddoonni fi raawwattoonni hojii gufuu kanaa hundi akka ulfaatinaa fi salphina Yakka isaaniitti tarkaanfiin irratti fudhatama.
- B. Tarkaanfii maaltu fudhatama? Dursee namoonni badii kanaa Waaqayyodhaan adda baafamaniiru. Adabbiin **yoo eegalu isaan kan dabru miti, kanaafuu adabamaa** dirqamanii raawwatu. Fedhanii kan raawwatan kan ajajaman raawwachuuf laphee idaaniitti ifaanis ejjennoo qabaachuu isaaniitiin mata duree kanaan hin yaadaman.

Faar. Daawit 124(125)

- C. Namoota didaniif kan ergamuuf abidda isaan nyaatu. Haadaa akaawaa du'a akka hawwan kan godhu ta'uu isaatiin kan irratti raawwatamuu mitii kan ilaaluufuu baay'ee kan rifachiisudha.
- Dirqama raawwiidhaaf ajajamuu hundaaf
- Sanyiin namaa hunduu haala ergaaleetiin ajajamuu qaba.
- An sanyii kana, hordofaa amantii kanaati, hoogganaadha, kabajan qaba, qabeenyan qaba, kunneen hundi namni lubbuun hafe kan yaaduu hin qabnedha waan ta'eef of eegaa. Lammii isaa isa hin jirre ardii irraa dallansuudhaan bade irraa inni addaa miti waan ta'eef, kan adda ta'us dhiifamaa f yaadamuu isaatiini.

B:

A. Dursa ergaa bara 7/03/1998 ibsame itti aanees eegaa bara 27/9/2000 ibsame dubbisanii qalbeeffatanii hubachuu barbaachisa.

B. Mootummaan keenya ammaa Waaqayyoo duratti maal fakkaata?

Ifaan kan beekamudha. Afaan isaanii guuttatanii miidiyaadhaan Waaqayyoo jiraachuu isaa kan hin amanne ta'uu kan himanidha. Bara biyya amantii namni hin amanne itti hoogganu jechuudha. Waa'ee jireenya isaanii keessoo baayyeen beekamus boru Waaqayyoo waan ifa baasuuf dubbachuun hin barbaachisu.

Egaa hooggantoonni keenya beekuu sinirra jira. Kan jirtan Itoophiyaa keessatti ! Biraa kan jirtan ummata Itoophiyaa keessatti jirudha. Ummanni kun ammoo Waaqayyoo is in hin beekne jettaniin kan bitamu ummata jaalatame filatamedha. Ummata amantii fileen raggaaseen Tawaahidoo bara kuma hedduuf amantii koo jedhee baay'ee dhufedha. Waaqayyoo is in hin beekneef eenyummaa isaa abidda hinaafaa mana isaatiin sin breksisuuf kan murteesse waan ta'eefotti qophaa'uu sinirra jira.

C. Rasaasi fi taankiin in dhufan jettanii of hin tuulinaa sun hin jiru. Rasaasa hundarra kan hammaatu waa hunda homaa kan taasisu abiddi Waaqayyoo achuma sin maddii jira. Waan ta'eefis murtiin raawwii kun ummataaf raabsamuu yoo eegalu ergamtoota loltuu ifaa Waaqayyootiif ajaja rawwatoota isaatiifis waliin gaha, waan

kana ta'eef Waaqayyoo eenyummaa isaa eega sinitti agarsiiseen booda dubbanna jechuudha.

Hangasitti dhimma kamiinuu al tokkoo miti al kudhan deddeebistanii yaadaatii itti deemaa. Gochi keessan hundi itti gaafatamummaa fida waan ta'eef.

Daddarbuu ergaalee duraatiin namuuyyuu mormuu baachuu keessaniin kanaan gocha gaariidhan jedha. Hanga ammaas carraa kan sin hin dhoorkine kanaani.

D. Ummataaf ibsuun dirqama waan ta'eef hanga dirqamtanitti osoo hin turin ibsuu ni dandeessu. Eenyummaa koo garuu ana irraa eeyyama osoo hin argatin ofii keessan I in ibsuu hin dandeessan. Dhimma M/K/O/Ta/Ito keessa harka keessan galchuu irraa of eegaa.

Faaruu 115 (guutuu)

Guddates xinnaates hooggantoonni biyya kakuu jiran meeshaa waraanaa sassaabanii fi humna nageenyaa ummata itti oofan waliin ni haramu, iddoo itti dhokatanis ni dhabu.

Tarkaanfiileen armaan olitti ibsaman sanyiin namaa eega uumameen qabee kan jiran qindoominaan kan haleelan homaa boqonnaa kan hin kennine ofiin ofirraa dhookkuu kan hin dandeenye dhokatanii dahatanii baqatanii kan jalaa hin baanedha.

Baleessitoonni armaan olitti ibsaman dhiifamaan warra walitti qabaman , Waaqayyoodhaan adda kan baafaman, mallattoo kan itti godhame, ijoollee Dubroo Maariyaamii, ijoollee, michuwwan Ergamtoota Qulqulloota kabajamoo, hin tuqan, gara isaaniis hin ga'an.

Ummanni dhiifamaa Waaqayyodhaan jaalataman, fedhanii mana isaaniitti, iddoo isaaniitti kan dahachiisaniin ni baraarama. Human isaatiin dahachuu kan barbaade ammoo balaa isaaf ajajame irraa hammaatu fudhata.

Kun hunduu ni godhama, ni raawwatama, tokkoyyuu hin kufu, tokkoyyuu hin hafu.

"Yaadannoo tokko osoon siniif himee gaarii dha."

Falmiin bal'aa fi dheeraan, firdiin dhiifamnii fi murtiin waa'ee badiinsaa fi hammeenya ilma namaa godhame akkanuma tasa kan raawwatame miti. Fageenya obsa Gooftaa keenyaa kan agarsiise, cimina haadha keenyaatiif ragaa kan ta'e, michuwwan keenya ergamtoonni kabajamoon ilma namaatiif jaalalaafi michooma qaban kan mirkaneessedha.

Bara addunyaatti ilmi namaa jireenya jiraateen yeroo hundaa balleessaa adabamaa dhufeera. Bara Nooh yaaduun, adabbii Sadoom yaaduun gahaadha. Kana caalas ummatoonni filataman Israa'elootaan nuuf barumsa ta'anii dhufaniiru. Yoo fincilan, yoo adabaman, yoo gaabban, yoo dhiifamni godhamuuf, isaaniin nuti Obsa, naatoo,

dallansuu Waaqayyoo argineerra. Akka jecha isaa Gooftaan gatii kafaluu dhufe, ni raawwate. Fedha isaa kan namaaf cimee dhaabate, jireenya dhiifamaafi bara baraa akka dhaaluuf dhaabate, dhiigaafi foon isaatiin dhaabate cimse. Har'a barri 2000 yoo dabru kakuu dhiifamaa kanaan namni akka itti fayyadamu akka diriiretti jira.

Ilmi namaa garuu guyyaa irraa gara guyyaatti yakki isaa cubbuun isaa hammaachaa dhufe, dhiigni qulqullootaa dhangala'uu eegale cubbuun ni mootome bakka Uumaatti uumamaa kan ta'e Diyaabiloos Uumaa ta'e seerri Waaqayyoo ni shaarame seerri Diyaabiloos raawwii ta'e

Kana hunda Waaqayyoo Abbaan, Waaqayyoo Ilmi, Waaqayyoo Hafuurri Qulqulluun Sadeen Waaqayyoo Tokkochi teessoo isaa irra taa'ee murtii kennaa ture.

Kitaaba Asteer

guutuu dubbisaa

Faaruu Daawit

105(106): 13 - 40

Abbaa alangummaa(dhaddacha) isaatiin hundaan, Dubroo Maaramiin namaaf kadhachuu dhiiga ishee dhangalaasuu ishee ni raawwatti turte. Qulqulloonni ergamtoonni kabajmoonis Mikaa'el, Gabri'eel, Rufaa'el, Uraa'eel, Raagu'eel, Saaqu'eel hunduu badiinsa namaatiif abukaatoo kadhattoota ta'anii dhaabatanii Gooftaan dhiifama kan godhu waan ta'eef fuula isaanii fudhachaa jiraateera, adabbii abbummaa xinnaadhaan darbaanii bahe. Namni akka gaabbu qalbii akka jijjiiramu yeroo hundaa fedha isaa waan ta'eef bara 2000f obse. Guyyaa tokkoyyuu abukaatummaa fi kadhattummaa haadha teenyaa michuwwan keenyaa dhaddacha isaatiin hin dhiifne yeroo hundumaa dhukkubaanii obsi isaa qoraanii jiraateera, obseera.

Har'a Gooftaa mitii abukaatoowwan keenya nuuf falmuu, nuuf kadhachuu saalfatan. Namni siruma bade Waaqayyoo dura kan dhaabatu siruma muraayyuu dhabe. Abraham Gooftaa waliin yoo moromu qulqulluun 50 osoo jiraatee, 45 osoo jiraatee, 30 osoo jiraatee, 10 osoo jiraatee, 5 osoo jiraatee jechaa dhiifama Sadoomiif fiduuf morome lakkoofsa kana maraan told jedhe Gooftaan nama tokko qofa ture waan ta'eef, Abrahaam homaa jiraachuu dhabuu isaatiin ni rifate afaan isaa qabate. Kunis ta'ee Nooh lafa gogaa irratti doonii yoo hojjetu yoo itti qoosan kan dhagahuun dhabe, dallansuun Waaqayyoo bobaatee jirtu waan ta'eef foonii keessa Nooh eega seensisee, karra isaa duratti kan dahatan eega walitti qabeen booda, Alaan cufe Noohiin cufi hin jenneen ofii isaatiin cufe.

Egaa har'as falmiin, kadhannaan Dubroo, kadhannaan ergamtioqa Qulqulluu kabajamoo, kadhannaan qulqullootaa,raawwatamaa eeyyamamaa jiraatee har'a gochi tokkoyyuu kan dhiifamaaf namaan gahu yoo dhabamu hunduu afaan isaa cufe. Dhumate ilma namaa dhagahi, ljoolleen Waaqayyoo dunkaana isaanii keessa seenan alaanis Waaqayyoon ni cufe dhimmi keetis ni goolabame ni cufame.

Baayyeen gadda kana yoon jedhu ! Oduu du'aa kana yoon sitting himu baayyee na suukkanneessa maal haa godhamu dhumate cufame. Akka Al'azaar isaa hammata Abrahaam keessa jiruu fi namicha dureessaa san nu hunduu gargar baane.

Waaqayyoo arjaan firdii qajeelaa isaatiif haa galatoomu haa ulfaatu Gooftaan Olaanaan aangawaan Waaqayyoo Abbaan Waaqayyoo Ilmi Waaqayyoo Hafuura Qulqulluun Sadeen Tokkichi kan galatoome haa ta'u. Gooftaan murtii akka ifa aduutti baasu bara baraaf maqaan isaa haa eebbifamu. Ameen.

23. Jecha goolabaa fi ajaja dhumaa

- Ummatoonni hooggantoonni ummataaf biyya kamiituu ilmaan namaa addunyaa irratti bittinnoftanii jirtan hundi, sadarkaa jireenyaa kamiyyuu irra jiraaadhaa,
- Jechi kun sin hundaaf gabrichaa fi ajajamaa Waaqayyoo olaanaa irraa kan bahe, fedha Waaqayyootiin kan cimedha waan ta'eef dhagahaa! Addunyaan Phaawloos fa'aan maraattota jetteerti addunyaan maqaa Waaqayyootiin kan dhufan eenyu faa fudhatte, ni qooste, ni hiite, ni ajjeefte, ni ariite malee addunyaan nama Waaqayyoodhaan abbaa sammuu ta'e siniif maraataadha jetti. Kanaafis dhageecheeyyuu hin beektu. Wanta kana ta'eef dhageechu dhagahi, dhagahuu baattu hin dhagahin ! Akka sin jettan jecha maraataati waan ta'eef dubbisaatii itti kolfaa itti baacaa ! Hin galgalaa'a hin bari'a sitting hin fakkaatin yeroo kolfaan baacuudhaan balleessite dachaa kumaan baayyinaan fi yeroon sun yeroo kadhannaa du'aa keet ta'a
- Sanyii namaa dhagahi an kan sitti hime mataa koo irraa hin burqisiifne Waaqayyoo irraa kan natti himame malee. Waan ta'eefis bara 7/3/1998 irraa hanga 27/7/2001 tti sitti himamee dhageechee tuffattee dhiifteeniirta. Har'a raawwii murtii kana yoo dhageessu ammallee akkuma bartetti sanuma sitti fakkaata tuffattee kan jiraattu sun dhumate. Raawwiin murtii kun eega bahee fi kallattii barbaadame irra eega demuu eggaleen guyyaa gahiinsaa duraatii qabee addunyaan maalummaa harama kanaa fuula addunyaa hundaan naannoo jireenya sanyii namaa hundaan ni agarti. Guyyaa Sana'a eegalee gisoonni adabbii lakk 1 lakk 2 irratti ibsaman ni yaa'u. Kan dhaabuun hin qaban tooftaan malli kamuu hin dhaabuun sirumaayyuu ilmi namaa oftuummaa isaa yoo cimse badiinsi daran argamee hin beekamne addunyaa guutuu irratti ni ta'a.

Yeroo ammaatti hooggantoonni biyyaa dhaabbileen idil-addunyaa addunyaa guutuu jiran muudamtoota isaanii waliin /tajaajiltoota isaanii waliin haramtoota adda duree ta'u. Yoo itti himamu hin dhageenye ummata isaaniif hin dhageechifne waan ta'eef egaa ilma namaa kana yoon sitti himu keessattuu miidhaa daa'imman homaa hin beekneen lapheen koo gaddi natti dhagahamus kan isaan miidhe bu'aa hammeenya kee isa beektichaa ta'uu isaatiin si qoostichaaf yoo sin hanqatu. Daa'imman deemanis gara hammata Gooftaati yakka homaa hin qaban waan ta'eef.

24. Dhumarrattis:

Sanyiin Aaddaam kakuu dhagahi !

Eegaa lakk 1 7/3/1998 kan bahe eegaa lakk. 2 27/9/2001 kan bahe hundaa fi murtii raawwii Kanas dubbiftaniirtu jedheen amana.

Hunduu hamma itti hubateen ilaaleera, kan tuffates tuffateera, kan rifates rifateera kan kolfeera maraafuu akka itti fakkaatetti akka itti hindaa'etti ilaaleeniira sirumaa laaluunii baatus tuffateeniira.

Ammas yeroo gahee fi dhumateenis ta'u ergaaleen hundi 1,2,3 kan jiran qaama tokkoon yaadannoodhaan siif dhiyaateera waan ta'eef dubbisiin yoo hin barbaadinis filannoo keeti hin dubbisin daangaa keerra kan dabartus arrabsi qoosi abiddarra dhaabatteeti waan ta'eef kan kana gootu si isa badduuf nan gadda.

Faaruu Daawit

82(83)

Har'a addunyaatti maaltu ta'aa jira? Ergaaleen dursanis mallattoo maal agarsiisaa jiru? Akka ilaaltaniif isaanirratti hundaa'anii raawwatamaa kan jiran ifaan kan mullatan akka fakkeenyaattiyyuu osoo kaasnee

- Rakkoon ikoonomii keessa addunyaan kufuu akka lakkoofsa 2 irratti kaafame
- Riiseeshiniin daran hammaachuu isaa hanqinni bajataa dabalaa dhufuu isaa hoji dhabeessi baayyachuu
- Balaan uumamaa daran baayyachuu
- Hanqinni nyaataa dabaluu, hammi hoo'aa dabaluu,
- Tuulaan cabbii Awroppaatti daran hammaachuu isaa
- Awustiraaliyaatti lolaa fi abiddi all tokkotti duuluu
- Rakkinni maallaqaa itti fufuu boonuun kaleessaa har'a duwwaa ta'uu

Kunneen hundi jalqabbii ciniinsuuti. Bara keenyatti beektonnii fi akkuma biyya keenyaa falaasamtoonni rakkooleen hunduu falaan kan furamanidha, karooraan, tooftaadhaan sirreessuu, tarkaanfii ittisaa fudhachuun kan furamani jettu. Ayii yaa namaa ayii yaa hoggantoota baraa aangoorra bahuun eenyuyyuu caala beektota kan sin godhe.

Beektonnii fi hooggantoonni baranaa rasaasni kan isaan humneesse akka fedhanitti akka dubbatan kan isaan godhedha. Jireenya boruu mataa isaanii ummata isaanii irratti kan murteessanidha.

- Bahiinsa ergaa raawwii kanaatiin booda maaltu uumamaa. Mallatooledhaan kan hin rifanne ammoo kana fudhadhaa.

25.A Humnoota uumamaa:

- Danbaliwwan moggaasa garagaraa qaban hamma hin mul'anneen ni dhufu ni haru.

- Kirkiroonni lafaa maagniitiyuudii ulfaataa qaban yoo hin fixin hin deebi'an waan ta'eef irra dhufu deddeebiidhaan ni dhufu. Voolkaanoowwan jaboona human isaanii ilaalamee hin beekneen ni bahu osoo hin fixinis hin dhaabatan !
- Lolaawwan mul'atanii hin beekne kan addaan hin kutamne haranii hanga fixanitti kan hin dhaabanne ni dhufu.
- Tuulaa cabbii daran hamaa fi ukkaamsa hurrii kan addaan hin kutne yeroo dheeraaf kan turu ni dhufa.
- Hammii fi haalli roobni hin mul'anne bubbee makate dafees kan addaan hin kutamne ni rooba ni hara.
- Abiddoota bosonaa kan magaalaa daran ariifattoo ta'an ni dafaniis kan hin badne ni dhufu. Abiddoonni kan ajajaman osoo hin xumuriin kan hin dhaabanne ta'u
- Obomboleettiwwan humnaawoo sirumaa dhagahamanii hin beekne humna sibiilaafi dhakaa buqqisu qaban dafee kan hin dhaabanne magaalas baadiyaas ni haru.
- Haleellaan bineeyyii hamoo addunyaa guututti ni baratama. **Raajii Hisqi'eel 26: 8 - 21**
- Danbaliwwan galaanaa, garbaa sirumaa nama hin deemsifnedeemsifne kan ajajaman was raawwataniif kan addaan hin kutne

Walumaagalatti humnoonni uumamaa kunneen wal ta'anii tokkummadhaan humna isaanii hin mul'anneen sirumaa kan balleessanidha. Humna isaanii guutuudhaanis ni duulu.

26. B Rakkina diinagdee:

- Micciiramni diinagdee daran ni hammaata.
- Rakkinni diinagdee daran ni hammaata.
- Rakkinni maallaqaa kan ammas irraayis daran ni hammaata.
- Riiseeshinii hin mul'anne hin dhagahamne
- Hanqina baajataa hin mul'anne hin dhagahamne
- Kufaatiin erguu fi galchuu ni mullata daran rakkisaas ta'a.
- Rakkoon nyaataa daran hammaata beelli kan hin argineen ni beela'u.
- Kennaa kan turan siruma ni dhabu. Dhabaniis ni kadhatu.
- Dhukkuboonni cimoon ni mootomu badiinsa daran baayyee ni geessu.
- Baakteeriyaawwan, vaayrasoonni ciccimoon badiinsa olaana walitti fufaa ni geessu kan ajajaman osoo hin raawwatin hin dhaabatan.

27. C Rakkina Siyaasaa:

- Hunduu haa guddatan guddachuu haa baatan, haa dhaban dhabuu haa baatan, biyyoonni qabanis hin qabnes waldhabbii yaadaa, poolisii, gochaa, karooraa, ni kaasu. Ciminaanis walitti bu'u.
- Dhaabileen idil addunyaa kamuu kan akka EU, AU, UN, SEATO, LATIN UNITY, ARAB LEAGUE hunduu walitti bu'iinsaan ni guutamu namuu namuu waliin dhagahuu waliigaluu ni dhibaan dhaabbileenis carraan dadhabuu diigamuu ni mudataan. Ni bittinaa'us.
- Karoorri waliigalteen kamuu ni diigamu. Keessattuu walitti bu'iinsi biyyoota nu guguddoo dha jedhanii daran hammaata.
- Biyyoonni nu guguddoo dha jedhan Rakkina Lola haadhaan rukutamu. Deebi'aniis ol hin ka'an sanumaan dhumatu.
- Waraanni ni baayyata, wal fixiinsi ummataaf ummataa ni hammaata walitti bu'iinsi amantiwwanii daran ulfaata baayyees ni balleessa.
- Hooggantoonni ni iyyu kan dhagahuun dhabu humni nageenyaafi waraanaa gurmeessan hin ajajamu hin sodaatanis seera kan jedhame marti kan eeguun dhaba.
- Nagaan maqaa isaa malee gochii fi mallattoon isaa sirumaa ni bada.

Faaruu Daawit

78(79): 6

Balaawwan armaan ol jiran hundi ni raawwatamu namni hundi eegaadhaan akka ibsametti bitamuu qaba harka Itoophiyaa fi mootummaa ifaa teessoo(mootii) tiif amanti isaan Mana Kiristaanaa Tawaahidoo Ortodooksii Itoophiyaatiif kennuu qaba. Kanaan ala falli dhufu hin jiru. Balaawwan, badiiwwan hundi qeenxeedhaan ballinaan kan dhaabatan nama harka kennateef qofa.

28. D Rakkina hawaasummaa:

- Hoji dhabdummaan haala ilaalamees dhagahamees hin beekneen addunyaa guututti ni baayyata.
- Tajaajiltoonni hawaasummaa kamuu Addunyaa kamittiyyuu ni kufu.
- Walitti bu'iinsonni hawaasaa walitti bu'iinsonni sanyii kutaa addunyaa kamittuu ni jiraatu.
- Sirni eegiinsa fayyaa ni bada.
- Geejjibni sirumaa ni bada addunyaa kamittuu konkolaataan, baaburri, xiyyaarri, dooniin hunduu fayyadamuuf ni rakkisa balaan isaaniis kan baayyate ni ta'a. Dhiifamaaf kan hin carroomne balleessuuf duuti meeshaalee itti fayyadamaniiiru hundaa gara meeshaalee ajjeechaatti jijjiira.
- Guyyaa guyyaatti kan itti fayyadamnus nuyiif haleellaa ta'u.
- Elektikiin walqunnamtiin hiini lagaa ni kufu.

29. E Itti fayyadamtoota humna waraanaa:

- Meeshaaleen waraanaa nageenyaafi daangaadhaaf jedhamanii hojjetanaman kamuu ni badu. Kan isaan qabates fuudhanii badu.

- Kanaaf jecha kan kuufaman kan kuufataniinis kan itti fayyadamanis hunduu waliin badu.
- Mootummoota humnaawoo kan jedhaman hundi meeshaaleen sassaabanii hundi abbootii isaanii waan nyaataniif rifaatuu olaanaadhaan guutamu.
- Ajajaan waraanaa hundi kam niikuliyerii keemikaalaa, baayoloojikaalaa, niyutiroonii saatalaayitoota hidhatoo hunduu abbootii gooftota isaanii fuudhanii badu.
- Mallattoon badiinsaa har'a agartan hammaata fi humna daran ulfaateen sin haruud dhufeera. Keessattuu is in hooggantoonni siyaasaa seera baastuun, seera murteessituun caasaaleen nageenyaa, birookiraatonni, paartiiwwan deeggaronnis mormituunis, loltuuwwan ajajoota isaanii waliin, abbootiin alangaa, hiitotni fi hiiktonni, miidhamtoota badiinsaa isa duraa taatu. Homaa yeroon hargansuu siniif hin kennamu, yakkoootaa fi cubbuu kamiifuu itti gaafatamoodha waan ta'eef. Adeemsaan kan is in nyaatu yoo argitaniiniifi keessa isaa yoo seentan hubachuunii kan sinirra jiru kana.
- Sinitti murteeffama, ni adabamtu, ni hidhamtu, kunis kan ta'u akka hamma gahee itti gaafatamummaa baattaniitiini. Itti gaafatamummaa keessan jala kan jirus akkuma hamma gahee isaatti murtoo qajeelaa isaa ni arga.
- Adeemsonni murtii kamuu asuma Itoophiyaatti raawwatama.
- Fedha keessaniin gara dhaddacha asitti taa'uu dhiyaachuu qabdu. Kunis murtii qajeelaa adabbii abbummaatiin fi dhiifama argachuudhaafi.
- Yookin dhufuufi dhiyaachuu baachuudha. Kanaafis achuma ta'anii mataa keessan irra ummata keessan irratti biyya keessan irratti kan raawwatamu fudhachuudha.
- Mallattooleen badiinsaa mullachuu irra jiran fi kan dhufus daran badiinsaa daran cimaa yoo sin hin balleessin kan hin deebinedha. Dhukkubbii keessan dheeressuun du'a sin dhoorkuun akka kadhattan gochuun kan sin balleessanidha. Kanaan hin jiru waan ta'eef.
- Kanaan tokkoo fi inni duwwaan jaalatanii fi fedhanii adeemsa murtii haqni keessa jiruuf kennuudha. Mana murtii Itoophiyaatti hundeeffamuun goojjoo anima hiyyeessichaatti.

Asuma mana hiyyeessichaa, tajaajilaa Waaqayyoo amanamaa, sammuun isaa kan dhukkubu jettanii kan waamamtaniin abjoomaa kan jettaniin, mana murtii maraattichaatti ni dhiyaattu sinitti murteeffama.

Anaan homaa naan jedhaa moggaasa barbaaddan naaf kennaa eeyyeni ani akkasi!

Arrabsoon qeeqamni uffatan kooti waan ta'aniif eeyyani rakkataa dha, awwaara, namuu homaatti kan na lakkaawuun miti, eeyyeni yooman miti jedheet ani kan jettan hundaadha sin haa quubsu malee ana na hin cinqu. Dhugaan garuu kan biraati qalbeeffadhaa hiyyeessaafi cubbamaa kana irratti ayyaannii fi humnii Waaqayyoo yoo dabalamu garuu sammuu keessaniin ol kan yaaddaniinis ala ta'a. Kunis raawwatamaa jira. Siniif gatii kan hin qabne ta'us Waaqayyoo Gooftaa

Hoomaatiif garuu ilma isaa na jaalatudha. Na uume, na guddise, umrii koo guutuu na qajeelche.

Kitaaba Saamu'eel Iammaffaa 23:

2 - 7

Gammoojjii fi abidda keessa na dabarse. Sukkaneessa namni tilmaamuu danda'uun ol ta'e keessa an jaalachuu baadhus fedha isaa ture waan ta'eef san keessas du'a hiriya godhee na dabarse seenaa isa ballaa amma haa dhiisuutii.

Har'a kanan godhu hundi ajajaafi fedha naaf kenname qofaan ta'uu beekuu sinirra jira.

Ergaalee kanaan dabran keessa baay'ee waanin siniif ibse jiraachuu baatus har'a garuu fedha abbaa kootiin ta'uu isaatiin Gooftaa kootiif maalan akka ta'e akka beektaniif xinno nan ibsa.

Hunda caala garuu dhugaa tokko beekuu qabdu. Kunis namni kamuu isa duratti walqixa ta'uu isaati. Gariin cubbuu kafalames gatii jaalala fi aarsaa sanyii namaa hundaaf godhamedha. Garaagarummaan garuu kan jiru fedha keenya irrattidha. Laphée keessan nafsee keessaniifi yaada keessan guutuudhaan yoo jaalattaniin Ijoollee isaa jaalatamoodha. Dhugaanis kana.

Armaan ol akkan jedhetti ani ilmi isaa quxisuun Gabrichi Waaqayyoo, Gabrichi Waaqa Sadeen Tokkichaa, Gabrichi Dubroo Maariyaamii, hoolotii abbaa koo akkan eeguuf iddoo gaariittis akkan qubachiisu abbaa kootiin kanan ajajame hanga eessaati aangoon kee ni jettu mala. Waaqayyoodhaan kan na ajaje kan na qajeelchu ardiinis anuma gabricha xinnichaan cubboomaadhaan Waaqayyoo Sadeen Tokkichaan jaalatameen ni bitamti ni hoogganamti. Ani hoolotiif nan jiraadha. Jeedalootaaf ammoo du'a isaaniiti. Jireenya koo inni hafu raawwatamuu jecha kabajaa fi fedha abbaa kootiitiif aarsaa ta'uu qaba. Egaa an is kanuma ana gabricha waliin kan ulfaatan daran kan jaalataman, kan muudaman, kan amanaman hunduu sa'aatii eeyyamametti gara iddoo ifaa olaanatti ni ba'u. Har'a bakka bakkatti gatamaniiru, karra karratti kufaniiru beelaan goganiiru, namaan tuffatamaniiru akka sareetti lakkaawamaniiru. Wangeela qabachuu isaaniitiin tufamaniiru itti kolfameera. Gantuuwwan itti taphatamiiru. Mana abbaa isaaniitti dhiibamaniiru. Kun garuu dhumate.

Faaruu

Daawit 149

Ijoolleen Waaqayyoo salphina irraa gara bakka kabajaati ol bahuuf afaan isaanii jaalatamaan miila isaanii miidhagaan lafattii jecha Gooftaa isaaniitiin jiisuuf kun ta'uu irra jira waan ta'eef ni ta'a. Eenyu kan tuquun eenyusi ijoollee ifaa isaa dura hammeenyaan kan dhaabatu dhumate !

Iyyoob 5: 17 - 2

M/K/Ta/O keessa harka keessan kaa'achuu irraa of eegaa dhimma maaliitiifis ta'ee maaliitif hojjettoonni keessan achi keessa suuqxaan (hojii foonii keessaniif kan bobba'an) balleessaa.

- Mana Kiristaanaa ilaalchisee kan adabuun Waaqayyodha.
- Nam tokkoyyuu ishee tuquuf mirga hin qabu.
- Amantii Tawaahidoo irratti kan hin duulle eenyutu jira?

Sarara amantiirra kan jiran

Biyya keenya kan jiran: Kaatoolikii, Musliima, Pirootestaantii, kan biroos

Biyya alaa kan jiran: Kaatoolikii, Musliima, Pirootestaantii, Hinduunis, Budihiistiinis dhaabnin hunduu xiyyi isaa Bataskaana Tawaahidoo Ortodooksii Itoophiyaa irra.

Sarara Mootummaa irra kan jiran: mootummumti koo siniifi dhimma Itoophiyaatiin yeroo hunda kan dhukiubsatan

Mootummoonni biyya alaa hundi

- Dhaabileen fi dhaabonni idil addunyaa biyya alaa jiran hundi duulli isaanii M/K O/T/It irrattidha.
- Kan biyya alaatiin kan deeggaraman dhaabonni biyya keessan garagaraa uulli isaanii M/K O/T/It irrattidha.

Hunduu duula Tawaahidoo balleessuu akaakayyuu akaakilee isaa irraa dhaaleen yoo raawwatuufi raawwachiisu malee yoo gaabuu hin argine. Diyaabiloo addunyaa oofa kan jennus kanaafi. Addunyaan guutuu ajajamaa isaati. Mootummaan keenyas eessa akka dhaabate waan beeknuuf ramaddii duulaa eenyuu keessa akka jiru sirriitti kanan beeku waan ta'eef of eegaa. Namuu amantii koo adabuu hin danda'u.

Mana isaa kanan qulqulleessu anuma Gabricha Waaqayyooti. Hattuus haa ta'u dhartuu, yeeyyis haa ta'u maal, M/ K/O/T/It keessa rakkoon jiru mara kan guru isuma Uumaa isheet malee abbaan alangaa foonii mirga hin qabu. Irra deebi'een jedha as mana abbaa kootiif mana haadha kootti mana michuuwwan kootti balleessan ta'u waan naaf hin taaneef hin nahu, hin dhisus, irra deddeebi'ee kanan akeekkachiisus kanaafi.

Kanaafuu hoogganaa M/K irraa hanga tajaajilaatti kan jiran namuu keessa ishee akka hin seenne:

M/K itti duulame malee eenyu irra baate? Bataskaanonni, Gadaamiiwwan jalaa gubatan malee waaqeffannaa amantii eenyuu tuqxe.

Faaruu Daawit 95(96): 13

Manakusoonnii fi tajaajiltoonni ishees , ni galaafataman, ni wareegaman, ni gubatan malee isheen eenyu tuqxe. Kanaaf Jimmaa, gadaamiin Asaboot, Jijjigaa, Harar, Dirredawaa, Wallaggaa, hunduu ragaa dha. Boru dura teessoo murtii irratti kanin ilaalu kana.

Amantii aazaabaa waliin amantii Bataskaana Ta/Or/It walitti ida'uun dhaabileen mootummaa yakkitan boru bifa kamiinuu hin dabramtan dafaatii sirreeffamaa. Namni amantii Itoophiyaa keessa jiru kamuu beekuun kan irra jiru yoo jiraate balaan dhufu abiddi qoraan fuuldurasaa jiru salphaa miti.

Hoogganaa irraa hanga hoogganamaa hunduu ni sakatta'ama eenyutu jalaa baha? Eenytis ceha? Eeyyen ergaalee dursaniin akka ibsametti namni qajeelaan, fayyaalessi, gad of kan qabu, Waaqa isaa kan sodaatu ni ceha.

Hordofaan amantii Tawaahidoo Ortodooksii kamiyyuu akka jecha isaatti jiraachaa ta'uu isaa haa qoratu.

Fakkaatanii dabruun hin danda'amu kan si sakatta'u abbaa alangaa foonii akka sitti hin fakkaanne Hafuura Waaqayyooti malee ragaan kun abiddaan dabranii kan bahaniif kan ilaallatudha.

Dargaggoota

Dargaggeeyyiin dubaraa dallansuun daran olaanaan sinirra jira sagaagalummaa, dhartummaa, soba, surree ofitti suuquu, qullaa deemuu, hojii daran hamaa hunda hojjechaa waan jirtaniif abiddi siniif dhufu daran ulfaata dha.

Dhiirris akkanuma sagaagalaa, dharaa, sobaa, hattuu, haadhaaf abbaa keessan kan tuffattan, hangafa kabajuu kan hin beekne, waan taataniif carraan keessanis abidda olaanaadhaan calleeffamuudha waan ta'eef itti qophaa'aa.

Dargaggeeyyiin amantii Tawaahidoo hordoftan amantiidhaaf cimuun gaaridha, amantii gochaan ibsuun garuu dirqama bu'uuraati. Kanaafuu sagaagalummaa, soba, hattummaa, araadummaa badaa, nama tuffachuu, salphisuu, gochoota hamaa hunda irraa fagaadhaa maqaa amantiitiin daldala kan geggeessitan daldaaltonni bif-hedduu carraan keessan daran badaa ta'uu isaa beekaa.

Goolaba:

Sanyiin namaa ani abbaa sammuuti, hubataadha, beekaadha, hundaa kanan madaaludha, jettu hundi dhaggeefadhu dhagahi.

Gabrichi Gooftaa ardii fi samii diriirsee ani gabricha Waaqa Sadeen Tokkichaa siniif immoo maraattichi, dhukkubsattichi, sammuu isaa kanan tuqamedha. Eeyyeni akkasi ani.

Faaruu Daawit

123(124)

Hoolotii abbaan koo kabajen, jaalateen, muudeen tajaajiltoota isaa irratti hanga har'aatti kan qoostan yeroo hundaa ana duratti kan dhiifamni siniif hin godhamne ta'uu akka beektan barbaada. Dhiifama kan kadhattan ijoollee Waaqayyoo dhiibdaniin irraayi. Isaan yoo siniif dhiisan nan dhiisa yoo kaan sin farroota hoola sin hin dabru egaa ani kana addunyaa kamittuu deemi jiraadhu kan argattu anuma Gabricha Waaqayyoo Sadeen Tokkichaa fi tajaajilaa isaati. Kan murteessus anuma dhumate beekkadhaa kabaja Itoophiyaa beekaa biyya gootota amantii beekaa murtiin ifaa maal akka fakkaatu hubadhaanii amanuu baattanis dhugaan kanuma. Waa'ee koo hamma tokko hubattaniirtu jedheen tilmaama yoo wal arginu ammoo hunduu irra caala ifa baha. Barootaafis umrii kootti yoon jiraadhu iccitiin fedha abbaa kootii keessa kootti haguugamee jiraateera.

kitaaba Moototaa isa duraa

boq. 18 guutuu

Egaa ardiin bandiinsa isin hammootaaf ifaaajjuufi amalli ishee, ardiin badiinsa ijoollee Waaqayyoo, ijoollee Dubroo, jaallewwan ergamtoota kabajamootiif ifaajju adabbiidhaan booda hoolota Waaqayyoo hundaaf eebba ishee ni kenniti. Gammaddeea ni raawwatti. Hundaafuu gammachuun Waaqayyoo gammavhuu isheetiin waan ta'eef. Diinni ammoo sinuma waliin gara si'oolii gara iddoo jireenya isaatti galfama. Ardiin hamoota, jallattoota, yeeyyiwwan jeedaloota, bofa, qaajjibbuuwwan, jawweelee irraa ni qulqulloofti.

31. Ajaja !!

Waan tokko haa yaadachiisu seera ardiitiin mootiin, prieezidaantiin, muummeen ministeeraa, jeneraalli, ministeerri, abbaan alangaa, kkf hunduu naannoo annagio kennameef keessatti humna murteessuu ni qaba. Murtiin murteesses naannoo aangoo isaa seerri kenneefiin ni murteeffama. Raawwis ni ta'a. Ni hidha, ni ajjeesa, ni ari'a, ni dhaala, si suukkanneessa, ni dhoksa, kkf.

Hooggnaas yoo ta'e waraana ni labsa. Maarree eenyutu aangoo siif kenne yoo jedhamu, ummatatu na file. Heera fi seera jiruun aangoo naaf kennameen murteesse deebii jedhutu dhufa.

Bulchaan addunyaa deebiin isaa kana.

Gara koo yoo dhufnu garuu eenyutu aangoo sii kenne aangoon kees hanga eessaa humna qaba? Gaafiin kana fakkaate ni ka'a. Gariin kennameefiis ka'uu dhabuu mala. Haa ta'uuutii kan ilqaluuf kana deebiin. Aangoon koo Waaqayyoo samii fi ardii diriirserraa kan kennamedha. Gooftaa isinis buqqisuun, dhaabuun kanan amanamudha, kanan eegamusi.

Tajaajilaafi gabricha Gooftaa hunda uumeeti; ilman jaalatamesi kanaafuu ajaja maqaa isaatiin kanan itti amane isaan kanan itti ajajame hunda akkan ibsuuf aangoon qaba. Aangoo abbaa keessan Diyaabiloos irraa argadhen miti. Aangoo fi mirga Uumaa hundaa hunda uume, kan shaaru, kan cimsu, irraa naaf kennamedha.

Raajii Isaayyaas boq 43 guutuu

Adabbiwwan ergaalee lameen dabranii fi murtii raawwii sadaffaa kanas irratti ibsaman hundi addunyaa guututti raawwatamoo ta'u. Sanyiin namaa kamiyyuu murtii kanaan ala hin ta'u.

- kanaafuu maqaa Abbaa kootiin

Uumaa kootiin ajajani kun raawwii akka ta'u cimseetan jira.

Maqaa Waaqa kootiin nan ajaja adabbiwwan hunduu yoo ta'aniifibyyoo raawwataman ani dhifamaa fi fedha Gooftaa koo tiin hangan hin gaafannetti akka addaan hin kutamne murteesseen jira. Fedha Gooftaa kootis gaafadhe itti murteessiseen jira.

Hoogganaanis hoogganamaanis, hoogganaan amantaatis hoogganamaanis amantaatis, mootonnis ajajoonni waraanaas ardii irratti aangoo qabna kan jettan hundi hoogganaa biyya kootii irraa eegalee ijoollee Waaqayyoo inni muudeen duratti amantii haalduree tokkoyyuu malee hanga jilbiiffattaniifi hamma kabaja ijoollee Waaqayyoo hanga beektanitti dhiifamni hin jiraatu, yeroon hargamsuu hin jiru, carraan lubbuudhaan bahuu hin jiru, du'aa salphaatti argachuun hin

danda'amu. Oftuulummaa keessan haqamee hanga baduttiifi gatii kan hin qabne ta'uu keessan hanga beektanitti badiinsi hamma isaa dabalaa deemuu addaan hin kutamne siruma ajajameera waan ta'eef.

Raajii

Isaayyaas 45: 9 - 25

Yaadni fi karoorri ijoollee Waaqayyoo kamuu irratti haleelamu ganaa yoo yaadamu kan haramu ta'uu isaa, burqisiisaan yaada kanaa, karooraan, ajajaan carraan himaawuu kan hin kennamneef ta'uun isaa dabalataan murteeffameera.

Fedhiin yaadni, ajajni, murtiin, gorsi lolli Waaqayyoo sa'aatii dhumaa kanaan ana gabricha amanamaa tajaajilaa isaatiin ibsameera. Wan kana ta'eefis tokkoyyuu osoo hin hafin raawwatamaa ni ta'a. Akka ta'us ajajameera.

Miidiyaawwan, piresonni, gaazexoonni, weebsaayitoonni, intarneetonni, faaksonni, kamiyyuu, meeshaleen pirooppoogaandaa hunduu, addunyaa guututti of keessan babal'idtanii kan jirtan hundi eegaa kana osoo hin dabalinn osoo hin hir'isin dabarsaa ummataafis ifa godhaa kana kan hin goone eenyu haata'uu eenyu addunyaa kamiyyuu haa jiraatuu siruma abiddaan ni nyaatama. Kan lubbuun hafanis murtiidhaaf dhiyaatu. Dhiifama malees adabbii adabamu. Eegaa kana haalaan yoo dabarsan ammoo ajajamamiiru wanta ta'eef dhiifamaan ni ilaalamu.

Ijoolleen amanamoo abbaa kootii hundi keessan ijoolleen dhugaa O.T

Itoophiyaaaddunyaa kamittuu kan jirtan ijoolleen Waaqayyoo hundi kana beekuu sinirra jira.

A. Waaqayyoo waliin walqunnamtii mataa keessanii akka qabdan nan amana, kanaafuu nama hunda duratti ifaan keessan kan l've haa ta'u guyya guyyaatti gocha Qulqullummaa keessan bahadhaa.

B. Qajeelaa, amanamaa, gad kan of qabu, xurii addunyaa irraa kan fagaate, miirummaa irraa qulqulluu kan ta'e, kan dhugume hundaa jaalalaan kan ilaalu gosa hojii kamiinuu kan cimnee hojjetu, itti gaafatamummaa kamiinuu kan amaname ta'aa.

C. Fedha ajajaafi jecha Waaqayyoo kootiif cimaa, hin sodaatinaa, diina dura ciminaan dhaabadhaa.

Abbootii taayitaa sadarkaa kamuu irra jiran addunyaa kamuu irratti argamtan hunduu hoogganoon siyaasaa hundi, abbootiin taayitaa hundi, hoogganoon amantii gosa hundaa, ajajoonni waraanaa, hoogganoon nageenyaa, abbootiin alangaa, abukaatoowwan, abbootiin qabeenyaa, hojjettoonni badiinsaa sadarkaa olaanaas gadaanaas irra jirtan hundi yeroo ajajni kun itti mallataa'ee bahe irraa eegalee harki adabbii Waaqayyoo olaanaa humna guutuu isaatiin gadhiifamuu fi sinis ari'uu fi balleessuu akka eegalu beekaa. Kunis maqaa isaatiin ajajameera namuu miliquu hin danda'u waan ta'eef. Anis maqaa abbaa kootiin fedha isaatiin cimseeniitan jira.

B. Yeroo gabaabaadhaaf aangoo irra turtanis iyyuu sanumaan itti fuftan jechuu miti. Kana faallaadhaan badiinsonni ajajaman kamuu isinirratti raawwatamio hanga ta'anitti qofa

C. Guyyaa bahuu ajaja kanaatii eegalee abbaan taayitaa biyya kamuu bulchaan eessaayyuu jiruu hundi aangoon isaa gatii kan hin qabne fi kan hin hojjennes gidhameera. Akka ta'us maqaa fi fedha abbaa kootiitiin cimseeniitam jira.

D. Itti gaafatamummaa fi aangoon kamuu kuta addunyaa kamittuu kan dhugaa fi itti fufaa kan ta'u abbaan koo yoo eeyyamu maqaa isaatiinis ani gabrichi isaa ajaja isaa mallattessee yoon baasu qofa. Sanaan alatti abbaan taayitaa ardii hundi aangoon isaa ajaja Waaqayyoo Gooftaa kootiin shaarameera. Anis Gabrichi Waaqayyoo olaanaa fedhaa fi maqaa isaatiin cimseetan jira.

- badiinsonni raawwii kanaa fi ergaalee dursan irratti ibsaman kamuu dukkana addunyaa irratti mootomee fi sirna isaa sirumaa haranii hanga balleessanii fi bakka isaatti feshii fi ajaju Waaqayyoo akkasumas sirni murtii fi ifaa hanga ta'uutti abiddi fi uleen adabbii bu'u akka hin dhaabanne oftuummaamaan namaas sirumaa hanga badutti akka itti fufu ani gabrichi Waaqayyoo olaanaa, Gabrichi Waaqayyoo Sadeen Tokkichaa, Gabrichi Dubroo Maariyaamii aangoo fi itti gaafatamummaa abbaan koo samii fi ardii diriirse Waaqayyoo Gooftaan homaa hundaa naaf kenneen hundaa'uun fedhaafi maqaa isaatiin raawwii akka ta'u anis maqaa isaa kabajamaadhaan murteesseen jira.

E. Maqaa abbaa kootiin, maqaa Waaqayyootiin olaanaatiin muudama yeroodhaas ta'ee muudama dhaabbatan cimsu kamuu naannoo addunyaa kamuu irratti rawwatamaa ni ta'a. Iddoo kun itti cimu hundatti was hunduu nagaa ni ta'a, eeba arjooma hunda abbaan koo ni dhangalaasa. Bulchiinsi ifaa Gooftaa dhugaadhaan cimte ni jiraatti. Kanaan ala wanti olis gadis jedhu hin jiru. Yoosan qofa dha dallansuun Waaqayyoo Gooftaa maccaa inni daran boba'ee jiru kan qabbanaa'uu eegaluu. Kanaan ala wanti dabalamu hir'ifamu hin jiru.

Dhumate hubadhaa dhumate !! Namuu ajajaawwan armaan olitti ibsamaniin ala ta'uu hin danda'u ta'uu yaalus abiddaan ni harama.

Abbaa koo Uumaa koo fi anaaf was hunda kan naaf ta'e nan galateeffadha.

Haadha koo Dubroo Maariyaamii jiruu koo bu'aa bahii maraan kan narraa adda hin baaneef laphee koot irraayin galateeffadhaan.

Michuuwwan koof daran ariifatanii kan na dhaggeefatan akka agartuu ija isaaniitti kan na eegan Ajajaa ergamootaa Qulqulluu Gabri'eel, Ajajaa ergamootaa Qulqulluu Mikaa'eel, Ajajaa ergamootaa Qulqulluu Rufaa'eel, Ajajaa ergamootaa Qulqulluu Faanu'eel, Ajajaa ergamootaa Qulqulluu Raagu'eel, Ajajaa ergamootaa Qulqulluu Uraa'eel, Ajajaa ergamootaa Qulqulluu Saaqu'eel ergamoota ifaa kabajamoo hundaaf galata koo laphee irraa nan dhangalaasa.

Abbootii koof, haadholii koof, obboleewwan koof, ilmaan koof eebbi arjoomni eegumsi abbaa keenyaa haadha keenyaa sirumaa sinirraa adda hin bahin. Ijoollee Waaqayyoo olaanaa Waaqayyoo Gooftaa maccaa cimaa, homaa miti kunoo sa'aatiin firdii eegame gahe, kadhannaadhaan soomaan cimaa abbaa keenya hunda beekuuf ba'aa keessan hunda himaa boqachiisaa fincila keessa hin seeninaa hojiin hundi kan Waaqayyooti waan ta'eef deeggarsa foonii hin barbaadu.

Gooftaan Abrahaam, Gooftaan Yisihaaq, Gooftaan Yaa'iqoob sin haa eebbisu. Ameen.

Gabricha fi tajaajilaa Waaqayyoo olaanaa amanamaa jaalatamaa
irraa

Ilma Dubroo Maariyaamii jaalatamaa irraa
Michuu Ergamtoota Kabajamoo amanamaa irraa

Kan barreeffame:-----
Guyyaa 19/7/2001 bara fayyinaa

Galatoomaa.